Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

ISBN: 978-99944-2-279-1

Gatiin: Qar. 21.40

Kutaa 10 Barnoota Afaan Oromoo Kitaaba Barataa Ministeera Barumsaa Bara 2005


# Barnoota Afaan Oromoo

## Kitaaba Barataa



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti
Ministeera Barnootaa

Kutaa 10




## KITAABA KANAAF KUNUUNSA CIMAA TAASISI

Kitaabni barataa kun qabeenya mana barumsaa keetiti. Qabeenyi mana barumsaa kee ammoo, kan keeti. Qabeenyi kun akka hinbanne ykn hinmiidhamne kunuunsuun gahee keeti. Kanaafis, yaadoleen kurnan armaan gadii si gargaaru.

1. Kitaabicha gaazexaa, waraqaa, laastikaafi wkf gonfi.
2. Kitaabicha yeruma hunda bakka qooraafi qulqullina qabu kaa'i.
3. Yeroo fayyadamtus harki kee qulqulluu ta'uu mirkaneeffadhu.
4. Qolas ta'e keessa kitaabichaatti hinbarreessin.
5. Dubbistee bakka geesse mirkaneeffachuu yoo feetellee, cittuu waraqaa ykn kaardii qulqullina qabuutti fayyadami.
6. Fuula kitaabichaa tarsaasuun ykn fakkii kutanii keessaa baasuun dhorkaadha.
7. Fuulli tarsa'ellee yoo jiraate suphi.
8. Kitaabicha yeroo korojoo kee keessa keessuufi keessaa baaftu, akka hintarsaane of eeggadhu.
9. Yeroo namoota biraatiif ergiftullee of eeggannoon akka qaban akeekkachisi.
10. Kitaaba haaraatti gargaaramuu yoo jalqabdu, dugdaan minjaala irraatti dubbisturra kaa'i. Sana booda, fuula muraasa banuun xiqqoodhuma hanga barreeffama fuulicharra jiru dubbisuu dandeessutti banuun gargaarami. Fuula bante garmalee harkisuun qola isaas ta'ee, fuula kitaabichaa miidhuu waan danda'uuf, akka ija keetti eeggadhu.

# Barnoota Afaan Oromoo

## Kitaaba Barataa
## Kutaa 10


### Qopheessitoonni
Salamoon Gadaa (MA)
Tashoomaa Taaffasaa (MA)
Tasfaayee Jimaa (MA)

### Gulaaltonni
Addunyaa Barkeessaa (MA)
Alaamirroo Kaasaahun (MA)
Taarreqeny Mokonnon (MA)
Tashoomaa Egeree (MA)

### Madaaltonni
Guutaa Fayyisaa (MA)
Hasan Waaqayyoo (BA)
Nagaasaa Hundee (MA)
Nuuriyaa Ibraahim (MA)



Rippaabiliika Dimookiraatawaa Fedaraalawaa Itiyoophiyaatti

*Ministeera Barnootaa Bara 2005*

MK PUBLISHERS

Setting a New Trend in Book Publishing

Galata

Qopheessi, maxxansiifi raabsiin kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanaa fandii dhaabbiilee qulqullina barnootaa 1-12, manneen barnoota mootummaa keessatti kennamanirratti hojjetan, kanneen akka Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaa (FQBW) irraa argameeni.

Federaalli Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaa Fooyyessa Qulqullina Barnoota Waliigalaatiif qarshii liqaan Waldaa Guddina Internaashinaalaa (WGI), Fandii Faasti Inisheetiivii Kaataalikii (FFIK)fi kanneen guddinarratti hojjetan biroo-Koorporeeshiinii Guddina Fiinlaandii, Xaaliyaanii, Deggersa NiizarlaandiifiUK kan Muummee Guddina Internaashinaalaatiif dhaabbatan irraa argateen kitaabni barataafi qajeelchi barsiisaa kun akka qophaa'u taasise. Kanaafuu, Ministeerri Barnootaa Itoophiyaa namoota, gareewwaniifi qaamolee qophii kitaaba barataafi qajeelcha barsiisaa kanarratti kallattiinis ta'ee alkallattiin hirmaachuun deggersa taasisan nigalateeffata.

© Federaala Riippaabiliika Diimokiraatawaa Itoophiyaatti Ministeera Barnootaa

Maxxansa jalqabaa- 2005/2012

Mirgi abbeentaa gama suurawwaniifi fakkiiwwanii, dokimentootaafi meeshaalee kanneen biroo odeeffannoofi ragaalee isaan of keessaa qaban waliin Ministeera Barnootaa Itoophiyaatiif kan dhiyaate yoo ta'u, mirgichis waggoota shaniif hojiirra oola.

Qopheessaa, Maxxansaafi Raabsaa

Dhaabbata Maxxansaa MK
L.S.P. 12385 Kaampaalaa
L.bil. +256 414-269150
Toora intarneetii www.mkpublisher.com
Kaampaalaa-Yugaandaa

ISBN 978-99944-2-279-1

Mirgi hunduu seeraan eeggamaadha. Hayyama barreeffamaan abbaa mirgaarraa kennamuun ala, gamisa ta'ee guutummaa kitaaba kanaa irraa hir'isuun, itti dabaluun, gamisaan ykn guutummaatti maxxansiisuun, waraabanii raabsuun dhimma dhuunfaafis ta'ee hawaasaaf oolchuun dhorkaadha. Kanaafuu, hayyamni seeraan osoo hinkennamin gochaawwan kanarratti bobba'uun seeraan nama gaafachiisa. Labsii Gaazexaa Nagaariita Federaalaa lak.410/2004, Labsii Ittisa Mirga Abbentaafi Kanneen Isaan Hidhata qaban, Waggaa 10ffaa, Lak.55, Finfinnee, Adoolessa 12, 19996( July 19, 2004).

Daangaa Mirga Abbeentaa

Hanga danda'ametti, mirgi abbeentaa meeshaalee kitaaba kana keessatti dhimma itti ba'amanii heeruu yaallee jirra. Kanneen osoo itti hinyaadamin bira darbamaniif ammoo dhiifama jechaa, maxxansa itti aanu kamiinuu keessatti galateeffachuuf qophaa'oodha.

BAAFATA

| Mata duree | | Fuula |
|---|---|---|
| Seensa | | iv |
| Boqonnaa 1: | Afaan Akkamitti Jalqabame? | 1 |
| Boqonnaa 2: | Dhukkuboota Wal-Qunnamtii Saalaatin Darban | 15 |
| Boqonnaa 3: | Sirna Fuudhaafi Heeruma Oromiyaa Bahaa | 31 |
| Boqonnaa 4: | Toltuufi Hiree Ishii | 39 |
| Boqonnaa 5: | Burqaafi Dureettii | 47 |
| Boqonnaa 6: | Onismoos Nasiib | 57 |
| Boqonnaa 7: | Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa | 67 |
| Boqonnaa 8: | Garaa Kaasaa | 77 |
| Boqonnaa 9: | Sirna Gadaa | 89 |
| Boqonnaa 10: | Guddifachaa | 100 |
| Boqonnaa 11: | Kunuunsa Qabeenya Uumamaa | 109 |
| Boqonnaa 12: | Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa | 117 |
| Boqonnaa 13: | Sheek Bakrii Saaphaloo | 125 |
| Boqonnaa 14: | Afoola Oromoo | 133 |
| Boqonnaa 15: | Durba Morma Lamaa | 147 |
| Boqonnaa 16: | Gaabbii | 157 |
| Boqonnaa 17: | Xalayaa | 165 |
| Boqonnaa 18: | Barreeffama Odeeffannoo (Wabiitti) Fayyadamuu | 171 |

# SEENSA

Afaan meeshaa wal-qunnamtiifi ibsituu eenyummaa ta'uun shoorri inni jiruufi jireenya hawaasa tokkoo keessatti qabu ol aanaadha. Kanaafuu, hawaasicharraa addaan ba'ee bu'aa buusuu hindanda'u. Guddinni afaaniis guddina hawaasaa bu'uureffata. Jiruufi jireenya hawaasaa saayinsiifi teeknooloojiin wal-qabsiisee guddina fiduu kan danda'us barnoota, bulchiisa, siyaasaafi kkf yoo hojiirra oole qofa.

Afaan Oromoo afaan barnootaafi barnoota afaanii ta'uun isaa dhiyoodha. Kanarraan kan ka'e, kitaabni barataa armaan dura bu'uura buusuurratti shoora ol aanaa kan taphate ta'ullee, hanqinoota tokko tokko akka qabu hubatameera. Kitaabni kun ammoo, amma danda'ametti qulqullinni isaa eegamuun kan qophaa'e yoo ta'u, kaayyoon isaas barattoonni ogummaawwan dhaggeeffachuu, dubbachuu, dubbisuu, barreessuu, caaslugaa, ogbarruu, gadi fageenyaan xiinxaluufi kkf akka gabbifatan taasisuudha. Kaayyoowwan kana galmaan ga'uufis barannoowwaniifi gilgaalonni garaagaraa dhiyaatanii jiru. Haalli dhiyeenya gilgaalota kanaas kallattiidhaan jiruufi jireenya guyyuu barattoota giddu-galeessa kan taasifateefi akka isaan dammaqinaan irratti hirmaatan kan kakaasudha.

Fiixaan ba'iinsa kaayyoowwan barnoota kanaatiifis adda dureen shaakala walirra hincinne gochuu kan qabu barataa waan ta'eef, atis haala qabatamaa naannoo keetiitiin waliin qabsiisuun ga'ee sirra eegamu taphachuun mirgaafi dirqama keeti.

# Boqonnaa 1: Afaan Akkamitti Jalqabame?

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatin booda:**

- madda afaaniirratti hubannoo qabdu ibsita.
- jechootaafi hiika kallattii kennita.
- haala jechoonni birsagatti qoodaman agarsiista.
- yaada jalqabamee hafe xumurta.
- faayidaa ammeennaafi amsiiqaa himta.
- faayidaa sirna tuqaalee yaada xumura himaa irratti qaban xinxalta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiwwan armaan gadii osoo dhaggeeffachuutti hin ce'in dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Maatii Afaanota Afroo Eeshiyaawaa keessaa kan beektu maqaa dhahi.
2. Afaan Oromoo maatii Afaanota Afroo Eeshiyaawaa keessaa kam keessatti ramadama? Afaan Amaaraahoo?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara caqasuu hin seenin dura hiika isaanii tilmaamaa.

1. qorachuu
2. warra
3. gufuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Barreeffama barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa siif kenname guuti.

1. Afaanonni Afroo Eeshiyaa biyyoota____________fi____________ Afrikaatti afaanota baay'inaan dubbatamaniidha.
2. Afaanonni kun_______________yemmuu ta'an dubbattoota miliyoona torbaatamaa ol ta'an qabu.
3. Isaanis: Afaan warra__________,afaan,warra____________ afaan___________ ,afaan,______________fi afaan_________ti.
4. Afaan warra Misraa durii dhaloota Kiristoos dura waggoota_______ dubatamaa ture.
5. Afaan warra Kuush ammoo,biyyoota akka __________,__________, _________ fi____________tti kan bal'inaan dubbatamuudha.
6. ____________har'a addunyaa kanarra jiran kun kan dhalate dhalatee, kan du'e du'ee sadarkaa har'a gahe kana irra gahee jira.

B. Barsiisaan keessan barreeffamicha irra deebi'ee siif dubbisa.Ati ammoo cal'isaan dhaggeeffachaa, gaaffilee itti aananu yaada sirrii ta'e dhugaa kan sirrii hintaane soba jechuun sababa isaa waliin ibsi.

**1.** Afaanonni Afroo Eeshiyaa bakka gurguddaa sadiitti qoodamu.

**2.** Afaan Amaaraa maatii afaan warra Kuush keessatti ramadama.

**3.** Afaan Barbar bal'inaan Itoophiyaa keessatti dubbatama.

**4.** Afaan Hibruu Naayijeeriyaafi Misra keessatti afaan dubbatamudha.

**5.** Afaan Barbar Aljeeriyaafi Morokootti afaan dubbatamuudha.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dhaggeeffattan muuxannoo keessan wajjin walqabsiisuu deebii keessan gareen irratti mari'adhaa.

1. Yaanni (ergaan) waliigalaa mata duree dhaggeeffattee maali?
2. Maatiin afaan Afroo Eeshiyaa har'aa hundi isaanii sadarkaa guddaarra jiru.
3. Afaanota warra Kuush keessaa Afaan Oromoo bal'inaan kan dubbatamudhaa?
4. Hawaasni afaan isaatiin yoo hojjechuu hindandeenye, guddinni hawaasichaa gama siyaasaatiin, aadaatiin, barnootaatiin gufateera yoo jedhu maal jechuu isaati?

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 4:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Osoo dubbisa armaan gadii hineegaliin dura, gaaffiwwan armaan gadiirratti gareen mari'adhaatii yaada keessan dareef afaanin ibsaa.

1. Meeshaalee dhalli namaa waliigalteef itti fayyadamu keessaa inni guddaan maali?
2. Faayidaa afaanii keessaa lama hiriyoota keetti himi.
3. Waa'ee afaan isa jalqaba dhalli namaa dubbate maal beekta?
4. Garaagarummaa afaanota dhala namarratti yaada akkamii qabu?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura hiika isaanii tilmaami.

1. falaasama    2. saba    3. gadda

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

**A.** Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseenin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda saffisaan dubbisaa deebisi.

1. Ergaan waliigala dubbisa kanaa maali?
2. Yaadoleen waa'ee jalqaba afaanii itti ibsame keeyyata meeqaffaadha?
3. Walitti dhufeenyi afaaniifi aadaa keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?
4. Ergaan keeyyata $3^{ffaa}$ maali?
5. Keeyyata dhumaa keessatti ergaan darbe maali?

### Afaan Akkamitti Jalqabame?

Seenaa afaanii seenaa ilma namaa irra adda baasuun hindanda'amu. Haata'u malee, gaaffii "Afaan Akkamitti jalqabame?" jedhuuf deebii adda addaatu jira. Mee muraasa isaanii haa ilaallu. Namoonni tokko tokko "kennaa Rabbi namaaf kenne" jedhu. Warri kaan ammoo dhimma afaan ittiin gargar ta'e ilaalcha keessa galchuun "yeroo namoonni Rabbiin qixxaachuuf kaabii Baabiloon ijaaruuf yaalan, Waaqni dheekkamee afaan isaanii gargar akka ta'u taasise," jedhu. Gareen biroo ammoo amala ilma namaa akka ta'e godhanii fudhatu. Namni tokko dhalatee akkuma nyaachuu, deemuufi dhagahuu danda'u, afaan dubbachuus nidanda'a jedhu. Namoonni biroos waa'ee jalqabiinsa afaaniirrattifi faayidaa isaarratti yaada adda addaa niqabaatu. Hanga fedhe faayidaa haa qabaatuyyuu malee, waan uumamaan yookiin tolaan argame tokko jireenyuma isaatuu quba hinqabaannu ta'a. Fakkeenyaaf, jiraachuuf midhaaniifi bishaan caalaa qilleensi barbaachisaa akka ta'e beektonni nimirkaneessu. Haa ta'u malee, waa'ee qilleensaa kan beeknu jara lamaanii gadiiti. Kunis, kan ta'uu

danda'e gatii osoo itti hinbaasin waan tolaan argannuuf yookiin rakkoo tokko malee itti fayyadamnuufi.

Afaanis yoo hubanne beektota isaa yoo ta'an malee namni waan isaa yaadu hinjiru. Garuu afaan maali? Akkamitti jalqabame? yoom jalqabame? Deebiiwwan gaaffilee kanneenii baay'isee cimaafi bal'aadha. Kanaaf, qorannoon afaanirratti godhamu hanga ammaatti hinxumuramne. Kanaafuu, gaaffileen afaanirratti ka'an ammallee osoo deebii quubsaa hin-argatiin jiru. Kana waan ta'eef asitti kan kaafnu yaaduma hanga ammaa jiru.

Sabni tokko saba biraarraa addaan bahee wantoota ittiin beekamu keessaa afaan isa duraati jechuu dandeenya. Kana caalaas maalummaan aadaa kan ittiin ibsamu, afaan aadaa saba tokkoo of keessatti baata, ni ibsaas. Sabni tokko kan ittiin yaaduufi of ittiin ibsatu afaanuma isaatiini. Yoo gammade gammachuu isaa yoo gadde gadda isaafi kkf, kan baafatee himatu kan dhaggeeffatee qayyabatu afaan isaatiini.

Gaaffii "Afaan akkamitti Jalqabame?" jedhu deebisuu kan yaalan yaadoleen guguddaan yaadolee keeyyata jalqabaa keessatti ka'anis of jalatti hammatan lama jiru. Isaanis: falaasama amantiifi falaasama saayinsii warra hordofaniin kennamu. Akka falaasama amantiitti, wanta jiru hunda Waaqatu uume. Waaqni wanti hinjirre tokko akka uumamu barbaannan, "Ta'i" jedhe. Innis atattaman ta'e. Namni dubbatus akkanuma Waaqaan uumame. Haala Waaqni erga afaan uumee booda ergamtoota isaatiin namaa akka afaan himan taasise jedhama.

Yaanni jalqaba afaaniirratti kenname inni lamaffaa kan saayinsiiti. Akka saayinsiitti afaan firii guddina hawwasaati. Akka yaada kanaatti osoo afaan hinuumamiin namni yeroo dheeraaf addunyaa kanarra jiraate. Booda garuu, akkuma jiruufi jireenyi namoota baay'ee walitti fidaa deemeen yaada walii qooduun barbaachisaa ta'e yaada isaa ibsuuf yookiin yaada

namoota biraarraa argachuuf mala barbaachise. Mallattooleen hanga sanatti gargaaramaa ture guddina hawaasaa amma irra gahe quubsuu dadhaban. Kanumarraa kan ka'e afaan jalqabamee suuta suuta guddina har'a irra jirurra gahe, akka yaada saayinsiitti.

Waa'ee adda addummaa afaanii ilaalchisee amantiifi saayinsiin falaasama mataa isaanii qabu. Akka amantiin jedhuutti durdur afaan namni lafa kanarra jiru dubbatu tokkuma ture. Kana jechuun, namni hundumtuu waliigalu jechuudha. Erga waliigalanii ammoo waan barbaadan hojjachuun isaan hindhibu. Kanaafuu, ''guyyaa tokko waliigalanii Waaqaan qixxaachuuf kaabii ijaaruu qaban" jedhama. Kanarraa kan ka'e Waaqni dallanee akka isaan walii hingalle afaan isaanii gargar baase jedhu. Saayinsiinis karaa isaatiin namoonni bakka adda addaatti faca'anii jiraatan looga adda addaa uumuudhaan yeroo dheeraa keessaa afaan adda addaa dubbachuu jalqaban jedha.

**B.** Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa" kan sirrii hintaane ammoo "Soba" jechuun sababa waliin deebii kenni.

1. Gaaffii afaan akkamitti jalqabame jedhuuf 'Kennaa Rabbiiti' warra jedhantu sirriidha.
2. Daa'imman akkuma nyaachuufi deemuu barataniitti afaanis baratu.
3. Afaaniifi aadaa gargar baasanii ilaaluun hindanda'amu.
4. Akkaataa uumama afaanii ilaalcha warra saayinsitu sirriidha.
5. Afaan dura addunyaa kanarratti uumame tokko qofa ture.

**C.** Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteerratti hundaa'uun deebii kee afaaniin Kenni.

1. Yaadolee lamaan akkaataa jalqabiinsa afaanii dubbatan kanniin keessaa kamtu sirrii sitti fakkaata? Maaliif?
2. Afaan mallattoo eenyummaa saba tokkooti jechuun maal jechuudha?
3. Seenaa afaaniifi seenaa ilma namaa adda baasuu wanti rakkisaa godh maali?
4. Beektoota afaanii malee waa'ee afaanii kan yaadu hinjiru yoo jedhu maal jechuudha?

## Gilgaala 6: Shaakala Hiika Jechootaa

Jechoonni dubbisa armaan olii keessaa bahaniif hiika galumsaa sirrii ta'e filadhu. Jechoonni tokko tokko osoo hiika isaanii hingeeddariin bifa geeddarataniiru.

**1.** Qofa/duwwaa(keeyyata, 2)

A. callaa B. ulaagaa C. uumama D. gadda

2. Yaadachuu(keeyyata, 1)

A. fedhuu B. qabaachuu C. mirkaneessuu D. fayyadamuu

**3.** Gatii (keeyyata, 1)

A. fedhii B. jireenya C. tola D. faayidaa

**4.** Aaruu(keeyyata, 4)

A. dallanuu B. dhibuu C. faca'uu D. dubbachuu

**5.** Qixxaachuu(keeyyata, 5)

A. ofta'uu B. walgituu C. itti dhiyaachuu D. hiixachuu

**Gilgaala 7:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee wajjin walitti fiduun deebii kee barreeffaman kenni.

1. Yaadolee akkaataa jalqabiinsa afaanii dubbisarratti argateen ala kan ofii beektuufi namoota biroo gaafachuun dareef dhiyeessi.
2. Sabni tokko afaan ittiin waliigalu osoo hinqabaanne ta'ee rakkina maaltu dhalata sitti fakkaata?
3. Yaada dubbisa kana keessatti ka'e kana keeyyata lamaan gabaabsii barreessi.

B. Yaada dubbisa dubbistee san keessa jiru yookiin beekumsaafi muuxannoo armaan dura qabdurratti hundooftee gaaffiwwan armaan gadii afaaniin erga deebistee booda, barreeffama keeyyata tokko tokko qabuun barreessi.

1. Daa'ima faranjii tokko Oromoon Afaan Oromoo malee hin beekne osoo guddisee, daa'imni sun afaan kamitti afaan hiikkata? Maaliif?
2. Daa'imni warra ishiirraa fudhatamtee bakka namni hinjirreetti guddatte, afaan barachuu dandeessii? Maaliif?

## Barannoo 3: Caasluga

**Gilgaala 8:** Shaakala Birsagaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Jechoota afaan tokko keessa jiran maal maal irratti hundoofnee qoonna ?
2. Birsagoonni walitti dhufanii maal uumu?

**Yaadannoo**

**Birsaga**

Birsagni gurmuu jechi kamiyyuu ittiin addaan qoodamu irra caalaa duraan yookiin boodaan kan dubbifamaafi dubbachiisaa tokko ykn dubbachiiftuu qofa kan qabatu jedhama. Afaan Oromoo keessatti jechoonni walta'iinsa dubbachiisaafi dubbifamaatiin uumamu.

**Seera Birsaga Afaan Oromoo**

Seerri birsagni Afaan Oromoo ittiin qoodamu kan armaan gadiiti:

1. Dubbifamaan qofaan birsagni uumamu hinjiru.
2. Ka'uumsifi cufaan birsagaa dubbifamaadha.
3. Utubaan birsagaa dubbachiisaadha.
4. Birsagni dubbachiiftuu ykn walta'iinsa dubbifamaafi dubbachiisaatiin uumama.
5. Birsagni jalqabaafi dhumarratti irra hinbutamu.

Fkn Shan, kun _______ birsaga tokko qabu
Nama, ture _______ birsaga lama qabu.
Oromoo, sukkume ________ birsaga sadi qabu
Dubbifamaa _______________ birsaga afur qaba

B. Jechoota armaan gadii birsaga meeqa meeqa akka qaban adda baasii mul'isi.

| | | | |
|---|---|---|---|
| (a) kam | (d) shan | (g) obboleettii | (j) gadaa |
| (b) tokko | (e) aadaa | (h) maqaa | (k) ejersa |
| (c) lama | (f) qullubbii | (i) odaa | (l) Finfinnee |

## Gilgaala 9: Shaakala Tuqaalee Yaada Xumuraa

**A.** Gaaffiwwan armaan gadii gareedhaan irratti mari'adhaa.

1. Dhimmoota barreessitu kanneen yeroo yaada isaanii gudunfitu maalitti fayyadamta?
2. Sirni tuqaalee barreeffama keessatti mallattoo murteessoodhaa?
3. Sirna tuqaalee beektu tarreessi.
4. Sirni tuqaalee yaada ittiin goolaban kami?

**B.** Gaaffiwwan armaan gadii sirna tuqaalee yaada xumuraaf oolan bakka galuu qabutti galchuun agarsiisi.

1. Qalbeessaan kaleessa Finfinneedhaa gale
2. Haati Eebbaa, Eebbaan barumsa isaatiin tokkoffaa baanaan, ishoo yaa korma koo jetteen.
3. Qormaanni herregaa kan kaleessa qormne sun niulfaata
4. Ee banne jedhe Guddataan Leenca argee
5. Gadaan Oromoo waggaa saddeet saddeetiin naanna'ee dhufa
6. Har'a moo boru gara Arsii deemtaa

## Sirna Tuqaalee Yaada Xumuraa

Sirni tuqaalee barreeffamaa tokko barreeffama guutuu taasisu ykn hima tokko hima guutu taasisuuf faayidaa guddaa qabu. Sirni tuqaalee kunniin barreeffama keessatti osoo jiraachuu baatanii wantoota namoonni barreessan hubachuu hindandeenyu. Fakkeenyaaf, maqaa namoota walgahiirratti argamanii barreessuuf, Tolaa, Beekaa, Caaltuufi Hawwiin walgahiirratti argamaniiru jechuuf yoo mallattoon sirna tuqaa hin jiraatin ergaa dabarsuu barbaannu hin dabarsinu. Kutaa kana jalatti mallattoolee yaada xumuruuf nufayyadan adda baafattu. Isaanis: Mallattoo tuqaa(.), mallattoo gaaffii(?), fi mallattoo raajeffannoo(!)ti.

Mallattoo Tuqaa: yaada xumuruuf, lakkoofsa mata duree guddaafi xiqqaa adda baasuuf.

Mallattoo Gaaffii: yaadota gaaffii qaban ittiin gaafachuuf gargaara.

Mallattoo Raajeffannoo: himootaafi yaadota wanta nama ajaa'ibsiisan, nama raajan ittin mul'isuuf oola.



### Gilgaala 10: Shaakala Hennaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii akkatuma gaafatamteen deebii isaa barreessi.

1. Amma maal hojjechaa jirta?
2. Sagantaa kana booda maal hojjetta?
3. Kaleessa sa'aa booda maal hojjechaa turte?
4. Boru sa'aa booda maal hojjetta?

## Hennaa

Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Gochi kun kanaan dura kan raawwatame yookiin gara fuulduraa kan raawwatamu ta'uu danda'a.

Ammaaf kutaa kana jalatti hennaa lama ilaalla. Isaanis:-

**A. Hennaa Ammennaa**

Ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa.

Fakkeenyaaf,

.Adaamaan Finfinneerraa gara Bahaatti argama.

.Qananiisaan nifiiga

**B. Hennaa Amsiqaa**

Amsiqaan gocha hin raawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isa.

Fakkeenyaf, .Ani barreessan jira.

.Caaltuun ciree nyaachaa jirti.

**B. Fakkeenya armaan olirratti hundaa'uun himoota armaan gadii hennaa ammeennaafi amsiiqaa agarsiisan adda qooduun agarsiisi.**

(a) Tulluun nisirba.

(b) Ibiddi niguba.

(c) Abbaan koo baadiyyaa jiraata.

(d) Ani barachaan jira.

(e) Tolaan qotaa jira.

(f) Faaxumaan ganamaan gara mana barumsaa deemti.

(g) Magartuun sirbaa jirti.

(h) Laaqana kiyya nyaachaan jira.

## Barannoo 4: Barreessuu

### Gilgaala 11: Shaakala Yaada Jalqabamee Hafe Xumuruu

A. Yaada olitti ibsame kana daran ibsuuf armaan gadiitti seenaawwan lama jalqabamanii osoo hin xumuramiin hafanii jiru. Seenawwan kanneen akka seera yaa'a dubbiitti nixumuran kan jedhaman tokko tokkoo isaaniitiif yaanni lama lama kennameera.Lamaan keessaa kam akka sirrii ta'e filadhaa. Maaliif akka sirriidha jettan daree keessatti garee gareedhaan irratti mari'adhaatii waliigalaa.

1. Caalaan ilma qotee bulaati. Haatiifi abbaan isaa, akkuma olloota isaanii, dura jabbii ittii aanee loon tiksee booda yoo jabaate, hanga niitii fuudhee mana bahuutti, akka isaanii qotu barbaadan. Akkuma ijoollee isaanii kaawwanii Caalaa nibarsiifanna jedhaniin hinbeekan, Caalaan garuu,………………………………………………………….

   A. Tikaafi qonna baay'ee jaalata. Kanaafuu akkuma fedhii haadha isaatti dura jabbilee, itti aansee hoolootaafi fardeen, booda ammoo loon tikse. Erga jabaatee ammoo, qonnaa jalqabe. Hanga guddatutti warruma isaa bira turee, gaafa fuudha gahu niitii fuudhee mana bahe. Caalaan har'a maatii baay'ee qaba.

   B. Qalbiin isaa tikaafi qonna bira hinturre. Erga ijoolleen surree kushee (boggee) hidhattee, fooxaa haarawa mormatti marattee, kitaaba bobaa jalatti baattee ganama suubii, galgala dimimmisa mana isaanii bira darbuu jalqabdee, loon tiksuu isa jibbisiise. Garaan mana barumsaa hede. Kan hawwe hindhabne. Abbaafi haadhatti fedha isaa himatee jennaan eebbisanii mana barumsaa galchan. Caalaan amma kutaa shan keessa jira.

2. Soofumar hambaawwan seenaa biyya keenya keessaa isa tokko. Kan argamus, Godina Baalee aanaa Gooroo keessatti. Holqi kun magaalaa gudditti; Baalee Roobeerraa gara Bahaatti hanga kiilomeerta dhibbaa fagaata. Guyyaa tokko manni barumsaa keenya qorumsa semisteera duraa booda cufamnaan, bakka seena qabeessa kana ilaalla jennee ganama sa'aa lamatti Roobee kaane ………………………………
………………………………………………………………

A. Akka borumtii deemsa keenyaa, rooba hamaa waan roobeef, mucucni konkolaataan keenya akka dafanii hindeemne dhorke. Kanaafuu, holqichatti kalahuu/dhiyaachu/ kan dandeenye sa'aa lamaan booda. Karaa guddaa irraa hanga holqichaatti konkolaatonni waan deemuu hin dandeenyeef isaan fageenyumatti dhiifnee laaqana keenya qabannee miilaan itti qajeelle. Waan baay'ee dadhabneef, akkuma holqicha bira geenyeen laaqana keenya nyaannee gara doo'achuutti kaane. Holqichas doo'achaa turree gara sa'aa kudhanii konkolaattota keenya yaabbannee dachaanee galle.

B. Karaadhaaf galaa waan nu barbaachisuuf mana keenyaa akka nyaata qabannee baanu nutti himame. Akkuma ajaja kanaatti hundumti keenya waan humni keenya danda'e guyyaa lama keessatti qopheessine. Guyyaa adeemsa keenyaa immoo barraaqa kaanee galaa qopheeffannee qabannee mana barumsaa keenyatti walgeenye. Sana booda konkolaataa yaabbannee Gooroo buunee holqa Soofumar doo'achaa oollee galgala deebinee Roobetti galle.

B. Gaaffiwwan dhiyaatan ka'umsa taasifachuun seenaa armaan gadiitti jalqabamee hafe xumuri.

**Hubachiisa: Mala xumuraa:**

1. Warra namticha du'eetti maaltu dhagahama? Tarkanfii maalii fudhatu jetta?

2. Du'a nama kanaatiif eenyutu itti gaafatama? Abbaa konkolaataa moo namicha buruqse?

1. Namtichi tokko osoo konkolaataa isaa oofuu nama wallolu argeeti konkolaataa isaarraa bu'e. Namoota wallolan keessaa tokko niburuqe. Abbaan konkolaatichaa namicha buruqe kana fuudhee gara mana yaalaa deeme. Karaatti konkolaataan isaa garagalee namtichi buruqe sun du'e.

________________________________________

________________________________________

________________________________________

# Boqonnaa 2: Dhukkuboota Walqunnamtii Saalaatiin Darban

Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatin booda:

- ergaa yookiin yaada dubbisichaa hubatta.
- jechootaaf hiika kaallattii kennita.
- maalummaafi gosoota fuftootaa addaan baafatta.
- jecha tishoofi akkaataa tishoon itti ijaaramu hubatta.
- maalummaa latiifi gosoota isaa adda baafatta.
- hennaa raawwima ameennaafi darbeennaa hubatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hinseenin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Dhukkuba yeroo ammaa ilma namaa lafarraa fixaa jiru beektaa?
2. Dhukkuboota walqunnamtii saalaatiin darban kan beektu maqaa dhahi ykn tarreessi.
3. Dhukkuba HIV/AIDSii jedhamu beektuu? Yoo beektan miidhaan inni fida jiru maali?

B. Jechoonni armaan gadii dhaggeeffachuu keetti gufuu akka hintaane hiika isaanii tilmaami.

1. dawaa
2. balaa
3. saaxilamuu
4. goonfachuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Barreeffama barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa siif kenname guuti. Osoo dhaggeeffachuutti hinseeniin dura gaaffilee dubbisi.

1. Addunyaa kana irra dhibeewwan hedduun turaniiru_____________ hedduun jiru.
2. Dhibeen HIV/AIDSii hanga yoonaatti akka qoratameetti karaa adda addaa__________________ jedhama.
3. Akka ragaan qorannoo ibsutti, namoonni umriin waggaa 15 hanga 49 jiran keessaa________________ isaanii_____________dhibee kanaaf __________saaxilamu.
4. Haalli ittiin of irraa faccisan kun, dura karaa inni ittiin darbu_____ argamuudha.
5. Balaa kana irraa --------------kaawwanis akka of eegan gochuun dirqama yeroo ammaa keessa jiru ta'uu saa__________________ barbaachisaadha.

B. Gaaffiwwan armaan gadii barreeffama dhaggeeffaterratti hunda'uun erga deebisteen booda, gareen irratti mari'adhaa.

1. HIV/AIDSiin kan balaa cimaadha jedhameef,
   (a) Dhibee qoricha hin qabne waan ta'eef
   (b) Waan nama ajjeesuuf
   (c) Waan nama hundumaa qabuu danda'uuf
   (d) Hunduu deebiidha
2. HIV/AIDSiin misooma miidha kan jedhameef,
   (a) Namoota misooma saffisiisuu danda'an waan fixuuf
   (b) Fayyuuf mallaqa baay'ee waan gaafatuuf

(c) Wal'aansaaf baasii guddaa waan gaafatuuf

(d) Namoota hunda waan biyyaa fixuuf

3. Karaa dhibeen HIV/AIDSii ittiin daddarbu kan hintaane isa kami?

(a) Walqunnamtii saalaa to'annoo hinqabne.

(b) Waliin nyaachuu

(c) Dhiiga nama HIV/AIDSii qabuun faalamu

(d) Haadha HIV/AIDSii qabdurraa dhalachuu

4. Karaa dhibeen HIV/AIDSii of irraa ittisuun danda'amu kan hintaane isa kami?

(a) Dhirri tokko dubartii takka waliin qofa jirachuu

(b) Dhiiga nama HIV/AIDSiin faalamee fudhachuu dhiisuu

(c) Sibiila namni HIV/AIDSii qabu itti fayyadameetti fayyadamuu dhiisuu

(d) Mi'a namni dhibee HIV/AIDSii qabu itti nyaatetti nyaachuu yookii dhuguu

## Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa


Gaaffiwwan armaan gadii muuxannoo kee barreeffama dhaggeeffattee wajjin walqabsiisuun deebisi.


1. Dhukkuboota walqunnamtii saalatiin darban keessaa isa kamtu cimaadha? Maaliif?

2. Dhukkuboota ati beektu keessa inni dhukkuba HIV/AIDSii caalu kami? Akkamiitti?

3. HIV/AIDSii of irraa ittisuuf tarkanfiiwwan gaariidha jettu sababa isaa wajjin barreessi.

# Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu





## Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Barreeffamni tokko armaan gadiitti dhiyaateera. Gara dubbisuutti osoo hinseenin dura gaaffiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Fakkii armaan olii kanarraa maal hubatta?
2. Maatii kee, hiriyaa kee yookiin si'i isin dhukkubee beekaa? Yoo isin dhukkube maal?
3. Naannoo keessanitti dhukkuboonni namarra namatti darban maala faadha?
4. Dhukkuboota walqunnamtii saalatiin dadarban hanga beektu himi.

B. Jechootoa armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin hiika isaanii gareen irratti mari'adhaa.

1. daran
2. hayyuu
3. gadaameessa

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisuu hineegalin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda dubbisicha saffisaan dubbisuun gaaffilee deebisi.

1. Keeyyanni seensa barreeffama kanaa waa'ee maalii ibsa?
2. Dhukkubni HIV/AIDSii namoota waggaa meeqaa hanga waggaa meeqaa ta'an irratti baay'inaan mul'ata?
3. Dhikkubni 'abbaa seeruu' jedhamu guyyaa meeqaa hanga guyyaa meeqatti iddoon inni faale sun madahuu danda'a?
4. Yaanni waliigala barreeffama kanaa maali?

### Dhukkuboota Walqunnamtii Saalaatiin Daddarban

Addunyaa kana irra dhibeewwan hedduun turaniiru; ammas hedduun jiru. Dhibeewwan kanneen keessaa tattaaffii ilmaan namaatiin kan to'ataman, kan dhabamsiifamaniifi kan yeroo yerootti dawaa barbaachisuun ittifaman jiru. Dhukkuboonni yeroo baay'ee karaa walqunnamtii qaama saalaatiin darban jiru. Qaamni isaan hubanis qaama saalaafi qaamota biraati. Biyya keenya keessatti dhukkuboota kanneen keessaa daran kan beekaman Cobxoo, Fanxoofi Abbaa Seeruuti. Amma amma garuu HIV/AIDSiin, dhukkubni qoomaa ta'e kan darbu walqunnamtiidhuma saalaatini. Akkaataa dhukkuboonni kun itti darbaniifi miidhaa isaanii armaan gadiitti haa ilaallu.

HIV/AIDSiin hanga yoonaatti akka qoratameetti karaa adda addaa darba jedhama. Isaanis gudeeddii to'annaa malee raawwatamu, dhiiga haadha dhukkuba kana qabdu irraa dhalatti darbuu, dhiiga nama dhukkuba kana qabuun faalama fudhachuufi sibiila qara qabu adda addaa kan namni dhukkuba kana qabu ittiin fayyadameetti fayyadamuudha. Akka

ragaan qorannoo ibsutti, namoonni umriin waggaa 15 hanga 49 jiran keessaa baay'een isaanii balaa dhibee kanaaf salphaatti saaxilamu. Sababni isaas, namoonni umrii kana keessa jiran qunnamtii saalaa gochuuf kaka'ummsa cimaafi gahumsa waan qabaniifi.

Maatii keessaa namni dhibee kana qabamee ciise yoo jiraate, kunuunsi isaa gochuuf yeroofi humni bahu osoo hojii misoomaaf oolee bu'aa inni fidu tilmaamuun nama hindhibu. Dhibeen kun walgargaaranii of irraa faccisan, dhibee balaa du'aa fidu ta'eera.

Cobxoon dhukkuba qunnamtii saalaatiin daddarban keessaa hunda caalaa kan beekamuudha. Baakteeriyaan dhukkuba cobxoo namatti fidan " Goonookookas Neeyger" jedhama. Moggaasni kunis maqaa hayyicha dhukkuba kana argaterraa kana fudhatame jedhama. Seelonni bakteeriyaa kanaa qaama namaa uranii lixuu danda'u. Seelonni kun kan argaman kokkee ( qaawwa) dhiphaa (Cervix) gara gadameessatti dabru, ujummoo fincaanii, qola ijaa jala, qoonqoofi qaama saalaa keessatti. Yeroo tokko tokko cobxoon uffata akka gonofee, fooxaafi ta'umsa mana fincaanii irraa nama qabuu danda'a. Haadholiin cobxoodhaan qabaman yeroo da'umsaa yookiin da'umsa booda dhukkuba kana gara daa'immaniitti dabarsu. Ija daa'imman dhalataniis hunda caalaa dhibee kanaan qabama. Namoonni cobxoon qabaman tokko tokko mallattoo tokko illee hinagarsiisan ta'a. Isaan mallattoon irratti mul'atummoo yeroo baay'ee yeroo fincaa'an isaan guba. Malaan kokkee, gadameessaafi seeruu dhukkubsataa keessa jiraachuu nidanda'a. Malaan kun turban hedduu booda ofumaan yommuu badu, dhukkubichi garuu hinbadu, gara qaama hormaatatti caalaatti lixaa adeema malee cobxoon yeroo baay'ee nama hinajjeessu. Namni cobxoon qabe wal'aansa argachuu baannaan dhabduu ta'uu danda'a.

Gama biroon ammoo fanxoon akka cobxoo baay'inaan hinmul'atin malee, cobxoo caalaa hamaadha. Fanxoon kan nama qabu lubbu-

qabeessa xiqqaa “Tiriipoonemaa Paaliidam” jedhamuuni seenaa dhukkubaa keessatti kan akka fanxoo nama fixeefi rakkiise hinjiru. Namni fanxoon qabame dhukkuba onneetin qabamuu, ijaa jaamuu, naafachuufi maraachullee nidanda’a. Fanxoon yeroo ulfaa haadha irraa gara ilmootti nidarba. Haatis yoo wal’aansa argachuu baatte, ilmoon dhalattu ooluu yookiin duutuu ta’uu dandeessi.

Abbaan Seeruus dhukkuba qaama saalaa keessaa isa tokko Dhukkubni kun yeroo baay’ee naannoo qaama saalaatti kan mul’atu ta’ee, baakteriyaa “Heemoofilas Dakresiy” jedhamuun dhufa. Dhukkubni qunnamtii saalaan dhufu kun guyyaa 3-5tti naannoo qaama saalaa faalameetti madaan mala’uufi dhukkubu mul’ata. Bakki faalamee madaa’e kun dabalaa adeema. Yeroo kana bakki sun bishaan kuusaa adeemee gara dhiitootti guddata. Kana booda dhiitoon sun dhooy’ee gara madaa dafee hinfayyineetti jijjiirama.

Walumaagalatti, dhukkuboonni walqunnamtii saalaan dhufan balaa guddaa akka fidan hubachuu dandeenyeerra. Kanaafuu, dhukkuboota kanneeniin akka hinqabamne of eeggannoo gochuunfi yoo qabamanis atattamaan gara mana yaalaa deemuun balaa irraa of ittisuudha.

**B.** Gaaffiwwan armaan gadii dubbisicha suuta erga irra deebitee dubbistee booda deebisi.

1. Cobxoon yoo nama qabe mallattoo akkamii agarsiisa?
2. Miidhaan cobxoon fidu maal faadha?
3. Rakkoon fanxoon fidu maal faadha?
4. Abbaan Seeruu dhukkuba akkamiiti ? Miidhaa akkamii fida?
5. Dhukkuboota walqunnamtii saalaatin darban keessaa caalaatti kan beekaman kamfaadha?
6. Walfakkeenyifi garaagarumaan HIV/AIDSii, Cobxoo, Fanxoofi Abbaa Seeruu maali?

**C.** Gaaffiwwan armaan gadii xumuruuf, ragaa dubbisicha keessaa argattetti fayyadamuun iddoo duwwaa siif kenname guuti.

1. Dhukkuba qunnamtii saalaatiin darbu of irraa ittisuuf,

   ________________________________________

2. Abbaan Seeruu yeroo nama qabu madaan isaa,

   ________________________________________

3. Haati fanxoon qabamte yoo wal'aanamu baatte,____________

4. Haadholiin Cobxoo qaban, ____________________________

   ________________________________________

5. Namni fanxoon qabame, ____________________________

## Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiwwan armaan gadii odeeffannoo dubbisicharraa argattaniifi muuxannoo keessan walitti fiduun, deebii keessan barreeffamaan erga deebistanii booda, dareef dhiyeessaa.

1. Dargaggonnifi shamarran dhukkuboota walqunnamtii saalaa kanaaf akka hinsaaxilamne maal gochuu wayya?
2. Dhukkuboota beektu keessaa kan dhukkuboota walqunnamtii saalaa kanneen ol nama miidhanu jiruu? Akkamitti?
3. Dhukkuboonni walqunnamtii saalaatiin dhufan kun misoomarratti dhiibbaa qabuu? Akkamiitti?
4. Naannoo keessanitti dhukkuboonni nama irraa namatti bal'inaan darban akkamitti of irraa ittisuun danda'ama?

B. Gaaffiwwan armaan gadii namoota naannoo keessan jiran dhaqxanii haasofsiisuun yaada argattan dareedhaaf gabaasaa.

1. Ogeessota fayyaa naannoo kee jiran bira dhaquun akkaataa dhukkuboota walqunnamtii saalaatin darban ofirraa ittisuun danda'amu gaafachuun dareetti hiriyoota keetii ibsi.
2. Dhukkuboota namarraa namatti darban akkaataa ofiirraa ittisuun danda'amu ogeessa fayyaa gaafachuun dareef gabaasi.
3. Naannoo ofii kunuunsuufi namoota barsiisuun dhukkuboota adda addaa ofirraa ittisuun nidanda'amaa? Akkamiitti?

C. Gaaffiwwan armaan gadii keessaa tokko filachuun barreeffama keeyyata sadii qabu barreessi dareef dhiyeessi.

1. Dhukkuba naannoo keetti ummata rakkisaa jiruufi haala ittiin ummanni ofiirraa ittisu.
2. Qulqullina naannoo eeggachuun fayyaa eeggachuu keessatti maal maaliin nufayyada ?
3. Karoora maatiitti fayyadamuun akkamitti fayyaa daa'immaaniifi maatii eeguuf nugargaara.

## Barannoo 3: Dubbachuu

**Gilgaala 7:** Shaakala Dubbachuu

Gaaffiwwan armaan gadii garee gareen ta'uun falmii yaadaa godhaa.

1. Dhukkuba tiruu dhukkubsachuu moo HIV/AIDSii dhukkubsachuu wayya?
2. Gaa'elaan dura walqunnamtii saalaa raawwachuu moo gaa'ela booda walqunnamtii saalaa raawwachuu wayyaa?
3. Namni HIV/AIDSiif saaxilame tokko ifa of baasuu wayya moo dhokfachuu wayya?

## Barannoo 4: Jechoota

### Gilgaala 8: Shaakala Hiika Jechootaa

Dubbisa dubbisterratti hundaa'uun jechoonniifi gaaleewwan roga "A" jalatti kennamaniiru, hiika isaanii roga 'B' jala jiruun wajjin walitti firoomsi.

| | 'A' | | 'B' |
|---|---|---|---|
| **1.** | dhabduu | A. | ilaallee |
| **2.** | qoomaa | B. | saaxilamuu |
| **3.** | balaa | C. | hordofuu /duukaa bu'uu |
| **4.** | agartuu | D. | dubartii ilmoo hinqabne |
| **5.** | gonofee | E. | meeshaa dubartiin qarshi itti qabattu |
| 6. | wal'aansa | F. | nyaata |
| 7. | faalamuu | G. | battalatti ajjeessa |
| 8. | to'achuu | H. | kunuunsuu |
| 9. | tattaafachuu | I. | qorsa |
| 10. | dawaa | J. | sukaneessaa /rakkoo/ |
| | | K. | midhaan |
| | | L. | carraaquu |

## Barannoo 5: Caasluga

Yaadannoo

**Danooma**

**Fakkeenya -1**

(a) Nuhi ni baranna (b) Isaan sun mana ijaaran

(c) Isaan sun dhufan

Himoota kanneen keessatti latiin danoommii fkn. 1a keessatti /-na/ , Fkn.

1b fi c keesstti ( -a)n/ ta'a, isa Fkn 1a keessatti jechi ni + barat- na kan ture firoommii sagaleetiin gara ni barannaatti jijjiirame. Dhamsagani latii danoomaa dura argamu, kan gulantaa /-t-/n, gara / -n-/tti jijjiirama.

Jechoonni latiin dhanoomaa itti fufaman, kutaan jechaa ( word class) isaan jalatti hiriran gocha waan ta'aniif danummaa /-na/, /-(a)n/n mul'isu. Haa ta'u malee, maqaa hoggaa ta'an latii danummaa birootiin .

**Fakkeenyaaf -2**

(a) Nama_______ namoota (b) Farda _______ fardeen

(c) Jabbii _______jabbilee /jabboota

Adeessaa hoggaa ta'an ammoo birdumaan ( redupulication ) agarsiisu.

**Fakkeenyaaf – 3**

(a) Xinnoo – xixinnoo (b) guddaa- guguddaa

Hubachiisa : fuftoonni jala sararaman baay'ina maqaa agarsiisu.

## Gilgaala 9: Shaakala Fufii

A. Jechoota armaan gadii fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun baay'ina (danooma) jechoota armaan gadii agrsiisi.

1. daandii
2. quba
3. bineensa
4. gaala
5. gaaffii
6. mallattoo
7. tooftaa
8. hoolaa
9. warshaa
10. muka
11. laga
12. raada
13. saree
14. beera
15. gaara
16. nama

B. Fakkeenya armaan gadiitti kennameerratti hundaa'uun gaaffiwwan A fi B jalatti kennaman hojjedhu.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| (a) | nideema | (d) | laggeen | (g) | walgargaaruu |
| (b) | hindeemu | (e) | bineensota | | |
| (c) | ilmaan | (f) | namoota | | |

A. Gaaffiwwan armaan gadii fakkeenya armaan olirratti hundaa'uun deebisi.

1. Jechoonni fakkeenya 1A jalatti jala sararamaan maal ibsu?
2. Afaan Oromoo keessatti dhamjechoonni haala kamiin jechatti maxxanu?
3. Afaan Oromoo keessa gosa fufii meeqatu jira?

B. Jechoota armaan gadiirraa fuftoota baasuun agarsiisi.

| | | | | | |
|---|---|---|---|---|---|
| (a) | firummaa | (d) | olkaata | (g) | walbeeku |
| (b) | fardeen | (e) | gakkaata | (h) | ijoollummaa |
| (c) | hinkaatu | (f) | saroota | | |

Hubachiisa: Afaan Oromoo keessatti fufiileen jecha duratti yookiin boodaatti fufamuudhaan bifaafi ykn hiika jechichaa jijjiiru. Haaluma kanaan fufiilee duraa (prefix)fi fufiilee boodaa (suffix) jedhamanii waamamu.

## Gilgaala 10: Shaakala Jechoota Tishoo

Fakkeenya armaan gadii mee qalbiidhaan ilaalaa.

| | | |
|---|---|---|
| (a) | mataa + duree | mataduree |
| (b) | bifa + badii | bifabadii |
| (c) | miila + jala | miiljala |
| (d) | xiinxala + Sammuu | Xiinsammuu |

Fakkeenya armaan gadii mee qalbiidhaan ilaalaa.

| | | |
|---|---|---|
| (a) | Mataa + duree | matduree |
| (b) | Bifa + badii | bifabadii |
| (c) | Miila + jala | miiljala |
| (d) | Xiinxala + Sammuu | Xinsammuu |

A. Gaaffiwwan armaan gadii fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Jechoota fakkeenya 1A jala jiran kanarraa maal hubatte?
2. Jechoonni lama yookiin lamaa ol ta'anii jecha adda ta'e tokko yoo uuman jecha haarawa uumame saniin maal jennaan?
3. Jechoonni jecha tishoo/diigaala/uuman kun garee jechoota akkamiirraa ijaaramu jettee yaaddaa?

B. Jechoota armaan gadii tisheessuun hiika isaanii kenni.

1. dhugaatii + laafaa
2. sanbata + guddaa
3. dafqee + bulaa
4. xiinxala + sammuu
5. mataa + hima
6. saree + diida
7. bu'e + bahe
8. saba + lammii
9. mana + galmee
10. Kubbaa + saaphana

**Hubachiisa :** Jechoonni lama yookiin lamaa ol qindaa'anii jecha hiika adda ta'e qabu hoggaa uuman(tolchan) jechi tolfamu sun jecha diigala ( tishoo) jedhama. Jechoonni tishoo ( diigala) maqaafi maqaa, maqaafi addeessaa, maqaafi gochima, maqaafi dabala gochima fi kkf irraa ijaaramuu danda'u.

## Gilgaala 11: Shaakala Hennaa Raawwimaa fi Amsiiqaa

**Fakkeenya: Himoota armaan gadii mee qalbiin ilaali.**

(a) Tulluun sirbee jira

(b) Biiftuun raftee jirti.

(c) Tulluun sirbe.

(d) Biiftuun rafte.

(e) Baatiin baate.

A. Gaaffiwwan armaan gadii fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Himoota armaan oliirraa maal hubatte?
2. Gochi tokko yeroodhan raawwatama, himoonni armaan olii kun gochoota hennaa akkaamii keessatti raawwatamaniidha.

B. Gaaffiwwan armaan gadii hima ijaaruun agarsiisi.

1. Guddisaan boqonnaa dura maal isin barsiise?
2. Waaqumaan yoom Finfinneedhaa dhufe?
3. Obbolaa kee keessaa eenyutu rafee jira?
4. Feenet eessaa dhufte?

C. Himoota gaaffiwwan 'B' jala jiraniif ijaarte keessaa isa kamtu raawwima ammeennaa isa kamtu moo darbennaa agarsiisa.

(a) Raawwima ammeennaa

________________________________________

________________________________________

________________________________________

(b) Darbeennaa

________________________________________

________________________________________

**Hubachiisa:** Gochi tokko yeroodhaan raawwatama. Gochi kan kanaan dura raawwatame yookiin gara fuulduraa kan raawwatamu ta'uu danda'a. Gochi kan dabre kanaan dura kan raawwatame hoggaa ta'u, dabrennan; amma kan raawwatamaa jiru hoggaa ta'u ammeennaa; gara fuulduraa kan raawwatamu hoggaa ta'ummoo duranaa jedhama.

D. Fakkeenya armaan oliifi yaada qabsiisarraa argaterratti hundaa'uun, himoota shan raawwima ammennaadhaafi himoota shan ammoo darbeennaadhaaf ijaaruun hiriyoota kee wajjiin irratti mari'adhaa.

1. Himoota Raawwima ammeennaa agarsiisan:
   - (a) ______________________
   - (b) ______________________
   - (c) ______________________
   - (d) ______________________
   - (e) ______________________
2. Himootoa Darbeennaa agarsiisan:
   - (a) ______________________
   - (b) ______________________
   - (c) ______________________
   - (d) ______________________
   - (e) ______________________

## Gilgaala 12: Shaakala Latoo/Dhamjechaa

A. Himoota armaan gadii qalbeeffadhuu ilaali.

Fkn. (a) JabbichI hodhe
(b) Fayyisaan qotiyyoo isaa nyaachise

1. Himoota armaan oliirraa maal hubattee?
2. Himoota armaan olii keessatti kan jala sararaman maal agarsiisu.

Hubachiisa: Hima 'a' keessatti jechi jabbichi jedhu latiilee jab- + - ichii kan jedhurraa ijaarame. Hima 'b' keessatti jechi nyaachise jedhu latiilee nyaat - + - sis - +- e jedhaman latiilee sadirraa kan ijaarameedha. Himoota kana keessatti latiin inni jalqabaa hiika mataa isaa waan qabuuf of danda'ee kophaa

isaa kan dhaabbatu waan ta'eef latii walabaa jedhama.Latileen kan akka /-ch / Fkn 'a' keessatti kan argaman, /-s/, /-e/ kan fakkeenya 'b' keessatti argaman fakkaatan latii walabaatti hidhaman malee, kophaa isaanii dhaabbachuu hindanda'an. Hiikas hinqaban. Kanaafuu, latii walabalaa jedhaman.

B. Fakkeenya armaan oliirratti hundaa'uun latii walabaa fakkeenya shan, latii walabalaafis fakkeenya shan kennuun agarsiisi.

Latii walaba/ofdanda'aa/

(a) ______________________________

(b) ______________________________

(c) ______________________________

(d) ______________________________

(e) ______________________________

Latii walabalaa/hirkataa/

(a) ______________________________

(b) ______________________________

(c) ______________________________

(d) ______________________________

(e) ______________________________

C. Latiileen gaaffii 'B' jalatti agarsiistee latiilee meeqarraa akka ijaaraman agarsiisi.

Fkn. Jabbichi – Jabbi--<u>ch</u> i--- latii lamarraa ijaarame.

Nyaachise – nyaat --- sis—e—latii sadirraa ijaarame.

# Boqonnaa 3: Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromiyaa Bahaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa sirna fuudhaafi heeruma Oromiyaa Bahaa dubbisuun hubanno cimsatta.
- sirna fuudhaafi heeruma naannoo keerratti hubannoo bal'ifatta.
- jechootaaf hiika galumsaa kennita.
- gaaleefi gosoota isaa hima keessaa addaan baafatta.
- ciroofi gosoota isaa hubatta.
- sirba ga'eela aadaa naannoo kee walitti qabuun hubannoo gabbifatta.
- faayidaa tarsiiqaafi raawwiimaa darbeennaa hima keessatti addaan baafatta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbachuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate osoo hindubbisiin dura, gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Waa'ee sirna fuudhaafi heeruma naannoo keetii maal beekta?
2. Sirni fuudhaafi heeruma naannoo keetii aadaa Oromoo hagam calaqisiisa jettee yaadda?
3. Sirna fuudhaafi heeruma Oromiyaa Bahaa maal beekta?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseeniin dura, hiika isaanii tilmaami.

1. bultii 2. kaadhimachuu 3. butuu 4. cabsii 5. aseennaa

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseeniin dura dubbisii qalbeeffadhu; sana booda saffisaan dubbisaa gaaffiiwwan deebisi.

1. Bifoota shanan bultiin Harargee Bahaa keessatti ittiin ijaaramu tarreessi.
2. Guduunfaatti aanee gabbaraafi gabbartiitu raawwatama. Gabbaraafi gabbartii jechuun maal jechuudha?
3. Bifa fuudhaafi heerumaa Harargee Bahaa keessaa inni tokko waliin deemuudha. Bifti fuudhaaf heerumaa kun maalirratti hunda'a?
4. Butii jechuun maal jechuudha?
5. Bifa fuudhaafi heerumaa Harargee Bahaa keessaa inni tokko cabsaadha. Cabsaa jechuun maal jechuudha?

### Sirna Fuudhaafi Heerumaa Oromiyaa Bahaa

Kaayyoon guddaan fuudhaafi heerumaa bultii ijaaruudha. Sirni ijaarsa bultii bakka addaddaatti bifa addaddaa niqabaata. Harargee Bahaa keessatti akkaataan bultiin ijaaramu bifoota shan qaba. Kanneeniis, akkuma sadarkaa ballinaan ittin mul'atanitti: kaadhimachuu, waliin deemuu, butuu, cabsaafi aseennaa jedhamu.

Kaadhimatanii fuudhuun kan bal'inaan mul'atu yoo tahu, adeemsi isaas asin gaditti ibsameera. Adeemsi kun ilaallachuun jalqaba. Kunis karaa lamaan gaggeeffamuu danda'a. Dura, warra gurbaatu intala ulaagaa isaan barbaadan guuttu filata. Dhiheenya kana ammoo jaruma lameeniitu walilaallatee warraan gayata.

Erga ilaallachuun adeemsifamee booda, haati gurbaa, haadha intalaa bira dhaquun mari'attiin. Haati intalaas marii kana abbaafi fira intalaatiin gayatti. Yoo warri intalaa marii kanarratti walii galan manguddoon warra gurbaa guduunfaa warra intalaaf geessu. Guduunfaanis hashara, quxxii, buna, tamboo, jimaafi

qarshii hamma tahe wajjin marxoo haaraan gudunfameeti manguddoo warra intalaa duratti dhiyaata. Guduunfaan kun hangafticha maanguddoo warra intalaatiin hiikkama. Kana booda jimaafi tamboon niraabsama. Hojjaafi bunnis nidhaabbama. Dhumarrattis, eebba manguddootiin walkaadhimachuun jara lameenii mirkanaawa.

Guduunfaatti, gabbaraafi gabbartiitu aana. Gabbarri maallaqaafi loon warra intalaatiif kennamu. Gabbartiin ammoo, tajaajila warra intalaatiif godhamu. Kunis, dimisha yookin guuza warra soddaatiif baasuu, intalaafi warra soddaa uffisuufi qarshii meeshaan manaa ittiin bitamu dabalata. Gabbaraafi gabbartii booda, beellama qabachuun cidhaaf qophaa'uutu itti fufa. Gaafa cidhaas, dardarraniifi shamarran hiriyoonni intalaa bariidhaan ka'uudhaan sirbu;weeddisu. Gurbaanis hiryoota isaa wajjiin dhufeeti intala baafatee dhiichisaa heelleefi ililleen gara mana isaatti deebi'a.

Bifti fuudhaafi heerumaa lammaffaan waliin deemuudha. Kunis eeyyamaafi fedhii jara lameeniirratti hundaa'a. Haalli guguddaan waliin deemuu murteessan lama. Inni duraa, osoo jaalalti gurbaafi intalaa jiruu warri intalaa yoo eeyyamuu baatan yookiin eeyyama duraanii diiguuf yoo yaalan, jarri lameen waliiin badan. Inni lammaffaan, fedhii intalaa malee fakkeenyaaf bu'aa argachuuf yoo nama niitii biraa qabuuf kaadhimamte, intalli gurbaa jaalattu wajjin deemuuf murteessiti.

Erga waliin deemmatanii booda, manguddoon gara warra gurbaa gara warra intalaa dhaqaniiti miilarratti kufanii araara gaafatu. Warri gurbaa niadabama. Gabbaraafi gabbartiin duraan kennamees yoo jiraate nideebisan. Kana deebisuuf yoo gurbaan dadhabe, aanteefi hiriyoonni isaa loonifi qarshii walitti buusuun kaaloo kennuuf. Dhumarratti intalli warra ishiitii yookiin bakkuma itti badde irraa sirnaan keennamti.

Malli ijaarsa bultii inni sadaffaan butii yookiin intala fedhii ishii malee boortaan fuudhuudha. Haalawwan butiif dirqisiisan kanneen armaan gadiiti. Tokko, osoo guduunfaa geeffachuuf hinyaaliin haalli butiif gurbaa kakaasan yoo jiraatan.

Lammatammoo adeemsa kaadhimmachuu irra osoo jiruutis butuu nimala. Kunis yoo intalli itti heerumuu didde yookin yoo intala irratti dorgommiin ka'e. Sadaffaan, eega sirni kaadhimmachuu raawwatee boodas yoo warri intalaa ayyaana qabuuf rincican yookiin yoo guyyaa keessa yaada isaanii jijjiiran gurbaan butuuf murteessa.

Bifti arfaffaan bultiin ittiin ijaaramu cabsaa jedhama. Cabsaan osoo intalaafi warri ishii quba hinqabaatiin harruma itti seenanii intala baafachuudha. Haalli cabsaaf karaa banan guguddaan lama. Tokko, gurbaan intala ilaallate sirnaan kaadhimachuufi kurfii cidhaaf yoo harki gabaabbate cabsaa seena. Karaa biraatiin gurbaan sirnaan kaadhimatee, qophii cidhaa xumuree, intala baafachuuf manaa bahe, yoo sababii kaadhimni isaa butamteef, baddeef fi kkf milkaa'uu baate harka qullaa galuu mannaa cabsaa seena.

Sirni fudhaafi heerumaa shanaffaan aseennaadha. Sirna intalli gurbaa jaalattetti ofumaan ittiin galtu. Gurbichi kan hinkaadhimatiin yookiin kan hinfuudhin tahuu isaa erga hubattee booda, osoo gurbichiifi warri ishii quba hinqabaatiin, warra gurbaatiin mari'attee gurbaatti galti. Gurbaan fedhii qabaachuu baatullee warri isaa nidirqisiiu. Dhumarratti eega jara lameen walitti galchanii booda manguddoon dubbii tottolchu.

Walumaagalatti, Harargeetti sirni fuudhaafi heerumaa bifa shan qaba. Sirni kun akka duudhaa ummatichaatti kabajamee kan itti fufuu qabu kan akka kaadhimachuufi waliin deemuu of keessaa qaba. Kanneen akka butiifi cabsaa garuu fedhii abbootii dhimmaa lamaan irratti waan hinhundoofnef, sirraawuu yookiin fooyya'uu qabu. Aseennaanis akka mirga dubartootatti ilaalamullee fedhii dhiiraatiin ala waan ta'eef gara waliigalteen walitti dhufuutti yoo jijjirame irra caalaa bu'a-qabeessa ta'uu danda'a.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun yaada sirrii ta'e "Dhugaa" kan hintaane ammoo "Soba" jechuun sababa wajjin deebii kenni.

1. Adeemsa kaadhimmatanii fuudhuu keessatti haati gurbaa, haadha intalaa

bira dhaqxeeti mari'attiin.

2. Haala fuudhaafi heerumaa waliin deemuu keessatti warri gurbaa hinadabaman.
3. Aseennaan sirna intalli gurbaa walii galuun bultii eegalani.
4. Sirni fuudhaafi heerumaa kan akka kaadhimachuufi waliin deemuu kabajamee itti fufuu qaba.
5. Sirni fuudhaafi heerumaa kan akka butiifi cabsaa fedhii abbootii dhimmaa lamaan irratti waan hin hundoofneef, sirraawuu yookiin fooyya'uu qabu.

C. Gaaffiwwan armaan gadiif dubbisa dubbisterratti hundaa'uun deebii kee barreeffamaan kenni.

1. Kaadhimatanii fuudhuun karaa lamaan geggeeffama. Karaawwan kun maal fa'i?
2. Haala gurguddaa waliin deemuu murteessan lamman barreessi.
3. Adeemsa fuudhaafi heerumaa keessatti gabbaraafi gabbartii duraan kenname deebisuuf yoo gurbaan dadhabe, maaltu godhama?
4. Haala butiif dirqisiisan jedhamanii yaadaman sadi barreessi.
5. Haala cabsaaf karaa banan lama caqasi.

D. Jechoota armaan gadiif akka galumsa isaaniitti hiika sirriidha jettu kenni. Jechoonnni tokko tokko hiika isaanii osoo hinjijjiiratiin bifa isaanii jijjiirataniiru.

1. ijaaruu(keeyyata 1)
2. guduunfaa( keeyyata 3)
3. guuza (keeyyata 4)
4. araara (keeyyata 6)
5. kaaloo( keeyyata 6)
6. aanaa (keeyyata 6)
7. boortaan (keeyyata 7)
8. dubbii( keeyyata 9)
9. bifa( keeyyata 10)
10. duudhaa( keeyyata 10)

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisa Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadiif dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee wajjiin walitti fiduun deebii kee barreeffamaan kenni.

1. Sirna fuudhaafi heeruma Harargee Bahaatti adeemsifaman shanan keessaa isa kam deeggarta? Isa kam hindeeggartu? Maaliif?
2. Sirna fuudhaafi heeruma naannoo keetti adeemsifamu keessaa tokko filachuun barreeffama irratti qopheessi. Barreeffama kees dareef dubbisi

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Gaaleefi Gosoota Isaa

A. Himoota armaan gadii keessaa gaaleewwan adda baasuun gosoota isaanii himi. Gaaffiiwwan eega dhuunfaan deebistanii booda gareen irratti mari'achuun sirrii ta'uu keessan mirkaneeffadhaa.

1. Namni hamaan ofuma miidha.
2. Jaalalli dhugaa gatii hinbarbaadu.
3. Onesmoos Nasiib kitaabota heddu Afaan Oromootiin barreesse.
4. Daadhiin bardheengaddaa eebbifame.
5. Konkolaatichi saffisaan fiiga.
6. Saafa'een lukkuu diimaa qalte.

B. Himoota mataa keetii shan kan gaaleewwan adda addaa of keessaa qaban barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

**Gilgaala 5:** Shaakala Ciroo

Himoota armaan gadii keessatti ciroo of danda'aa si'a lama, ciroo hirkataa ammoo si'a tokko jala sarari.

1. Yoo gara magaalaa deemte, huccuu naaf biti.
2. Erga isaan rafanii hattuun sangaa isaanii fudhatte.
3. Yeroo nu'i dhufnu, ishiin deemte.
4. Toltuun erga dhirsi irraa du'ee hinheerumne.
5. Daa'imni dhibee sombaatiin qabamnaan, gara mana yaalaa geessuu qabna.

**Gilgaala 6:** Shaakala Hennaa Tarsiiqaafi Raawwima Darbeennaaa

Himoota armaan gadii keessatti, hennaa tarsiiqaa osoo jala hinsarariin, raawwiimaa darbeennaa ammoo jala sararuun agarsiisi.

1. Yemmuu inni dhalatu, abbaan isaa du'eera.
2. Yemmuu bokkaan roobu, midhaan haammameera.
3. Erga laaqana nyaannee, buna dhugneerra.
4. Kaleessa osoo aduun hinbahiin, hojii eegalleerra.
5. Erga haati Toltuu duutee, qorichi dhibee ishii argameera.

## Yaadannoo:Hennaa Tarsiiqaafi Raawwima Darbeennaa

**Hennaa Tarsiiqaa (henna gocha darbe ibsu) fi Raawwiimaa Darbeennaa**

Himoota dubbannu ykn barreessinu keessatti waa'ee gochoota lamaan darbanii yoo ibsinu, gocha yeroo dhihoo ta'e ykn as aanu, tarsiiqaan yoo ibsinu, isa achi aanu ammoo raawwimaa darbeennaan ibsina. Kanaafuu hennaawwan kuni lachuu yeroo darbe agarsiisu jechuudha.

Fkn: Yeroon ani dhufu, ishiin deemtetti.

Hima kana keessatti, yeroon ani dhufu, kan jedhu Tarsiiqa yoo ta'u, ishiin deemteetti kan jedhu ammoo Raawwiimaa darbeennaati.

## Barannoo 3: Afoola

Aadaa ummata Oromoo keessatti gaa'elli iddoo guddaa qaba. Kanaafuu wantoota addaddaatiin kabajama. Isaan keessaa sirbi tokko. Oromiyaa keessatti iddoo addaddaatti, sirba gaa'ilaa addaddaatu sirbama. Aadaa ofii eeguufi guddisuu keessaa inni tokko sirboota gaa'ilaa kana beekuufi yoo danda'ames sirbuu danda'uu ykn barreessuun dhalootaaf dabarsuudha.

**Gilgaala 7:** Shaakala Sirba Gaa'elaa

1. Sirboota yeroo gaa'ilaa naannawa keetti sirbaman keessaa isa beekkamaa filachuun barreessii dareetti hiri'oota keef dubbisi. Yoo danddeesses, daree hundaaf sirbii agarsiisi.
2. Sirni fuudhhafi heerumaa Oromiyaa bahaa kana yoo ilaaltu kan naannoo keetii wajjiin tokko moo adda? Maaliin?

# Boqonnaa 4: Toltuufi Hiree Ishii

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- asoosama dubbisuun ergaa isaa himta.
- jechootaaf hiika galumsaafi hiika kallattii kennita.
- bamaqaafi faayidaa isaa hubatta.
- sirna tuqaalee keessaa qubguddeessaafi qooddu barreeffama keessatti sirriitti itti fayyadamta.
- himoota hennaa murannaa of keessaa qaban barreessita.

## Borannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Barreeffama armaan gadii dubbisuun dura jechootaafii gaaleewwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Ija soogiddaan dhiqatte 2. dadhabe 3. kukkuruphisuu 4. buyyiitii

B. Barreeffama armaan gadii dubbisuun dura, gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Naannoo keetti, sirni gaa'elaa eenyuun murtaa'a? Maatiin, gurbaa/intalaan, manguddoon ykn qaama biraatiin?
2. Ijoollummaan heerumuun/fuudhuun miidhaalee akkamii qaba?
3. Shamara takka, dhiira umriin ishii hingitne, kan waggoota dheeraan ishiif hangafutti heerumsiisuun miidhaa maal qaba?
4. Fakkiilee kanarraa maal hubatta? Hiriyoota keetti himi.



## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan kanneen deebisi.

1. Ergaan walii-galaa barreeffamichaa maali?
2. Barreeffamichi keeyyata meeqa qaba?
3. Dargaggoonniifi shamarran hiriyaa gaa'ilaa filachuu nidanda'u.

   A. Dhugaa B. Soba
4. Toltuun erga abbaan warraa ishii irraa du'ee, eenyutti heerumte?
5. Haadha Toltuu dhibee maaltu ajjeese?
6. Abbaan Toltuu maaliif warra qaalluutii jibicha kenne?

### Toltuufi Hiree Ishii

Miidhaa Toltuurra ga'eef eenyutu itti gaafatama? Akkaataan gaa'illi hawaasa keessatti ittiin raawwatamu haqa-qabeessaa? Wal-qixxummaa saalaarratti kan hundaa'ee? Shamara geessuu takkaan, "Eenyutti heerumuu barbaadda?" jedhanii gaafachuun gonkuma hinyaadamu. Osuma gaafatamteeyyuu, abalutti heerumuun barbaada jettee himachuun qaanidha. Osuma tasa kan himattu ta'ees, "Intalli abaluu/abbaa abaluu ija soogiddaan dhiqatte ykn nyaara haaddatte," jechuun quba itti qabu. Akkasumas, shamarri takka osoo hinheerumiin turtee, yoo umriin ishii xiqquma achi hiiqe, "intalattiin dhaabbattee hafte, ijji irra darbe, haftuu taate ykn manatti hafte" jechuun hamilee ishii cabsuun bahaa gala ishii dhoorku.

Faallaa yaada armaan oliitiin, dhiira fuudha malee hafe jedhamu yoo fudhanne, mirga filannoo bal'aa qaba. "Diimtuumoo gurraattii, gabaabduumoo dheertuu, kaamettiimoo boosettii, beektuumoo wallaaltuu, bareedduumoo fokkistuu?" jedhee filachuun; akkasumas, takkaan "haftuu harmi jige," kaaniin,"dhiibduu dhirsi irra hinbulle," "maseena akka gaangee," deessuus yoo taate,

gursummeettii ammoo eenyutu barbaada? “jechuun qeequufi filannoo daangaa hinqabne gaggeessuun mirga daangaa malee hawaasichaan laatameef fakkaata.

Mee seenaa Toltuu, intala Obbo Ganamoo, haa xiinxallu. Umriin ishii waggaa diigdamii sadi. Jaarsa waggaa jaatamii sadi kan ta’e, abbaan warraa ishii, Obbo Turaan dhihoo kana dadhabe. Jaarsa akaakayyuu ta’uufii danda’u kanaaf turtii jireenya gaa’ilaa waggoota shanii keessatti ijoollee lama deessef. Abbaan warraa ishii obbolaa waan hinqabneef, Toltuun waarsaa ishii dhaalullee hinarganne. Dargaggoonni duraan fuudhuuf ilaallachaa turan amma gursummeettii jedhaniin.

Madaan Toltuu kana qofa miti. Butamtee jaarsatti heerumuun dura, rakkinoota hedduutu ishii quunname. Godaannisni sababa du’a haadha ishiitiin uumame har’as ishii hingadhiisne. Bara Hirphashiin duute, Toltuun reefu ilkaan buqqifatte. “Simbirro simbirroo, ilkaan koo fokkuu kana fudhuu, ilkaan kee barreedduu naa kenni,” jettee ilkaan buqqifatte darbattee baaxii manaarra buuftee gammachuun kukkuruphisaa haadha daran dhibamaa jirtutti ol seente. Hirphashiin laaftee afaan boollaarra waan geesseef, ishii simachuu hindandeenye. “Bishaan,” jetteen, sagalee dadhabeen. Obbo Ganamoon, akka kotteen ishii haadha biraa hinsochoone itti seeratee, qoricha barbaacha waan deemeef, wal’aansi gaafa sanii dabaree Toltuuti ture. Garaa kaasaan deddeebi’ee wanta haadha ishii sardeef, bishaan dhumnaan buyyiitii butattee lagatti ximbiriirte. Dhibeen Hirphashii qabe daddarbaadha jechuun ollaan wanta irraa baqateef, Toltuun gargaarsa hinqabdu ture. Ko’eettiin kun fiigichaan bishaan waraabdee deebitus, afuura haadhaa dhaqqabuu hindandeenye.

Yeroo ishiin mana seentu, Obbo Ganamoon reeffa haadha warraa isaa diddiriirsaa ture. “Abbaa! deebitee? Qoricha argattee?” jetteen. Dubbachuuf jennaan hudhame. Calliseetuma ilaaluun imimmaan dhangalaase. Intala isaa qomatti ol fudhatee hammachuun, “Takkittii koo, garaa kutadhu, haati kee dadhabdeetti,” jedheen. Lachuu iyya kutanii ittigadhiisan. Toltuun niboosse; ni

hiriqite.

Golfaan aduu cimaan darba waan jedhamuuf, galgaluma gaafasii aduun qabbanoofnaan awwaalan. Namni awwaalcha ooles alumaan dacha'ee mana mana isaatti gale. Abbaa Toltuu garaan niraafame. Intalli isaa akka guddattuuf Rabbi kadhate; warra qaalluutiifis wareega godhe. Toltuunis haadha malee harka abbaatti guddatte. Soortuu abbaas taate. Kaamettummaafi bareedinaan kan dubartoonni itti inaafan, kan dargaggoonni jaalalaaf hawwan taate. Ilaallattoonnis marmaaruu qaban. Jaarsoliin baddaa-gammoojiidhaa deddeebi'uu baay'isan.

Abbaan Toltuu jibicha oofee Toltuu waliin wareega galchuu gara ganda qaalluu deeme. Warri qaalluus, "Ibiddi gabbataan siif haa bahu," jechuun Toltuu eebbisan. Galarratti abbaan Toltuu beellama jaarsummaa wanta qabuuf, Toltuun dubartii ollaa takka waliin gara manaatti qajeelte. Haa ta'u malee, mana gahuu hanqattee, fuullee mana Obbo Turaatti dargaggoota jaarsichi dursee qopheeffateen butamte. Haadha ijoollees taate. Kunoo dhumarratti ammoo gursummeettii jedhamtee guddistuu ijoollee abbaan irraa du'ee taate.

B. Dubbisicha suuta hubannoon dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadiif barreeffamaan deebii laadhu. Deebiiwwan dhuunfaan laattan gareen erga irratti mari'attan booda dareef gabaasaa.

1. Hiree Toltuu akkamitti ibsita?
2. Shamarran mirga, hiriyaa gaa'ilaa akka hinfilanne, kan dhoorke eenyu?
3. Dubbisicha keessatti ergaan keeyyata 2ffaa maali?
4. Obbo Turaan obbola'a dhabuun isaa, Toltuurratti rakkina akkamii fide?
5. Obbo Ganamoon qoricha barbaaduu deeme argatee turee?
6. Eebbi warra qaalluu, kan jibicha fudhatanii, Toltuu gaheeraa? Maaliif?

C. Jechoonnifi gaaleewwan armaan gadii barreeffama olitti dubbiste keessaa bahan. Hiika galumsaa isaanii tilmaamuun barreessi.

| | | |
|---|---|---|
| 1. Quba itti qabu | 2. kaamettii | 3. qeeqa |
| 4. madaa | 5. kukkuruphisaa | 6. itti seerate |
| 7. buyyiitii | 8. ko'eettii | |

D. Deebii dhuunfaan laattan, gareen irratti mari'achuun hiika wal-fakkaatu laachuu keessan mirkaneeffadhaa. Sanaan booda, jechootaafi gaaleewwan 'C' jala jiraniin himoota mataa keetii barreessuun barsiisaa keetti agarsiisi.

E. Jechootaafi gaaleewwan armaan oliif hiika kallattii kenni.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo keerratti hundaa'uun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Erga deebii keessan gareen irratti mari'attanii booda karaa bakka bu'aa keessaniitiin dareef gabaasaa.

1. Seenaa nama biraa, kan seenaa Toltuutiin walfakkaatu naannawa keetti siqunnamee beekaa? Hiriyoota keetti himi.
2. Shamarran mirga hiriyaa filachuu dhabuun isaanii bu'aafi miidhaa maalii qaba?
3. Osoo Toltuu taatee jiraattee ykn Toltuun Obboleettii kee taatee jiraattee maaltu sitti dhagahama?
4. Seenaan Toltuu kun mirgoota dubartootaaf heera biyyaattiitiin laattame waliin hagam walsima?
5. Seenaan Toltuu kun, yeroo ammaa naannoo keetti hagam dhugaadha?

## Barannoo 2: Og-barruu

**Gilgaala 4:** Shaakala Og-barruu

Gaaffiiwwan armaan gadiif barreeffamaan deebii erga laattee booda, dareef gabaasi.

1. Miseensota maatii kee ykn manguddoo naannawa kee jiran gaafachuun, mammaaksota gad-aantummaa dubartii ibsuuf mammaakaman baay'inaan barreessii dareetti gabaasi.

   Fkn. Dubartiin furdoo malee guddoo hinqabdu.

2. Walaloo gabaabduu wal-qixxummaa dhiiraafi dubartii ibsitu barreessuun dareetti dubbisi.

## Barannoo 3: Caasluga: Bamaqaa

### Yaadannoo

Gabateen armaan gadii ramaddii, lakkoofsaafi saala maq-dhaalota matayyaa (bamaqaa dhuunfaa) agarsiisa.

Gabatee 1.

| Ramaddii | Lakkoofsa | | Saala |
|---|---|---|---|
| | Qeenxee | Danuu | |
| ramaddii 1ffaa | Ani | Nu'i /nuti | - |
| ramaddii $2^{ffaa}$ ( kabajaaf) | Ati<br>Isin | Isin<br>isin | -<br>- |
| ramaddii $3^{ffaa}$ (kabajaaf) | Inni<br>Ishiin<br>isaan | isaan<br>isaan<br>isaan | dhiira<br>dubartii<br>(dhiira ykn dubartii) |

### Gilgaala 5: Shaakala Bamaqaa

Bamaqoota (maq-dhaalota) qeenxeefi danuu gabatee armaan olii keessa jiranitti fayyadamuun, akkaataa isaan maqaa ykn gaalee maqaa bakka bu'uu danda'aniin himoota mataa kee barreessi.

Sirna Tuqaalee_Qubguddeessaafi Qooddu sirrii ta'etti fayyadami.

### Gilgaala 6: Shaakala Sirna Tuqaalee(Qubguddeessaaafi qooddu)

Barreeffama gabaabaa armaan gadii keessatti dogoggorri qub-guddeessaa nimul'ata; akkasumas, qooddun (,) iddoo itti barbaachistutti itti hinfayyadamamne. Dogoggoroota kanneen sirreessuun irra deebi'ii barreessi.

**Barattuu Cimtuu**

Ayyaantuun barattuu cimtuu mul'ata guddaa qabdu. maatiin ishii yeroo heddu barumsa addaan kuttee akka heerumtu dirqisiisuuf yaalanillee ejjennoo cimaa qabaachuun diddee barumsa ishii itti fufteetti. tarfaasaan barsiisaan ishii kan afaan oromoo yeroo hunda ishii gorsa. kun ammoo hamilee ishii daran jajjabeesseera. bardheengaddaa barattoota mana barnootaa ishii hunda keessaa tokkoffaa bahuun iddoo keessummoonni kabajaafi maatiileen barattootaa argamanitti badhaafamteetti. gara fuulduraa piroofeesera taatee guddina Afaan Oromootiif qu'annoo addaddaa gaggeessuu feeti. biiroon dhimma dubartootaafi daa'immaniifi biiroon barnootaa oromiyaa barattoota shamarranii ciccimoo akka ayyaantuu deeggaranii jajjabeessuun mul'ata isaanii akka fiixaan baafatan gochuu qabu.

### Yaadannoo

### Hennaa Murannaa

Murannaan, hennaa, gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hin'oolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin ibsa.

Fkn.

1. Tolashiin heerumuuf jirti.
2. Ani kitaaba barreessuufan jira.
3. Qananiisaa Baqqalaa Landanirratti fiiguuf jira.

**Gilgaala 7:** Shaakala Hennaa Murannaa

Hennaa murannaan himoota mataa keetii shan barreessuun hiriyoota keetti agarsiisuun irratti mari'adhaa.

## Barannoo 4: Barreessuu

**Gilgaala 8:** Shaakala Barreessuu

Mata-duree "Barmaatiilee Barnoota Shamarraniitirratti Dhiibbaa Fidan," jedhurratti keeyyata tokko barreessi. Barreeffama kee keessatti qub-guddeessaafi qoodduutti sirriitti fayyadamuu kee hubadhu.

# Boqonnaa 5: Burqaafi Dureettii

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- asoosama dhihaate dubbisuun, ergaa isaa walii-galaafi ergaalee xixiqqaa adda baastee himta.
- hiika jechoonni akka galumsaatti laatan  himta.
- barreeffama kee keessatti sirna tuqaalee sarara xiqqaa (-) , sarara dheeraa (__) fi fuftuu sirriitti itti fayyadamta.
- seenaa hidda dhaloota keetii barreeffamaan, fakkiifi afaaniin ibsita.
- hennaa murannaafi murannaalaa himoota keessatti sirriitti itti fayyadamta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

Dubbisa dhiyaate osoo hindubbisiin, gaaffiiwwan armaan gadii gareen deebisaa.

1. Konkolaataadhaan imala fagoo deemtee beektaa? Yoo deemtee beekta ta'e, konkolaataa keessatti nama akkamii waliin teesse? Walbartanii waliin taphattan?
2. Hidda dhaloota kee hanga abbaa meeqaatti himuu dandeessa? Hiriyoota keetti himi.
3. Nama haara'a yeroo duraaf walbaran tokkotti waa'ee hidda dhaloota ofii itti himuun bu'aafi miidhaa maalii qaba?
4. Miseensota maatii tokkoo kan yeroo dheeraaf adda bahanii erga turanii booda akka tasaa walargatan beektaa? Akkamitti walsimatan?
5. Jarri lamaan konkolaataa keessatti maaliif waldhungatu sitti fakkaata?



## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama gaditti siif dhiyaate saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Barreeffamni kun kan dhugaarratti hundaa'e moo kalaqaan barreeffame? Maaliif?
2. Burqaan akka beekaa ta'u maaltu isa gargaare?
3. Burqaafi Dureettiin maal walii ta'u?
4. Ergaan waliigalaa barreeffamicha maali?
5. Seenaan barreeffama kana keessatti himame kun, kallattii/ramaddii nam-meeqaffaan( ramaddii 1ffaa , ramaddii 2ffaa moo ramaddii 3ffaan seeneffame? Maaliif?

### Burqaafi Dureettii

"Namni beeylada hawaassummaan jiraatu" jedhu, beektoonni saayinsii hawaasaa. Jechi kun, namni tokko namoota biraan walii galee gurmuun jiraachuun barbaachisaa akka ta'e ibsa. Haa ta'u malee, namoonni hundi dandeettii namootan waliigalanii jiraachuu wal-qixa hinqaban. Namoonni tokko tokko namoota haara'a isaan qunnamaniin waliigaluuf yeroo dheeraa isaanitti fudhata.

Burqaa Lammii garuu gama kanaan dandeettii addaa qaba. Bakka ga'e hundatti namoota haar'a isa quunnamaniin battalumatti walbaree waliigaluun, akkuma nama yeroo dheeraaf waliin jiraatee haasa'a keessa gadi-taa'a. Ilma jaarsaa waan ta'eef, haasa'a jaarsummaa dhaggeeffachaatii guddate. Yoo haasa'u, dubbii hindheeressu, mammaaksumaan fixa. Yoo mammaaku, waanuma laga Waabee budduuqfatu fakkaata. Yoo geeraru, luyna/dabeessa gootomsa, yoo weellisuufi sirbu simbira mukarraa harcaasa. Walumaa galatti namoonni isa beekan, "Afaan isaa damma daamuti, namni isa waliin oolu hinbeela'u; hindheebotu" jedhu. Kaan ammoo, "Inni, du'aa dubbisa", jedhu.

Dureettiin magaala qalloo luuccaan dannoorra ciisu. Yoo dubbattu, sagaleen ishii nama hawwata. Yoo oljettee nama ilaaltu ijji ishii qorsa fakkaata; yoo haasoftu, dubbiin ishii gorsa fakkaata.Gaafa san, uffata aadaa itti gadhiistee, jomoreefi callee addarra buufattee, na'ilaalaa jetti. Qaaqa hinbaayyistu malee, yoo haasofte dubbiin ishii lafa hinbu'u. Haasa'a ishiitti dhugaa malee dhara hinmaktu. Sammuun ishii umrii ishii dura bilchaate.

Gaaf tokko ganama Burqaafi Dureettiin konkolaataa Finfinneedhaa gara Shaashamannee deemu keessatti, akka tasaa, wal-cinaa taa'anii karaa eegalan. Shufeerichi sirba Alii Birraa waan sirbisiisaa tureef, jara lachuu sirbichi qalbii isaanii fudhatee, callisanii dhaggeeffachaa turan. Finfinneedhaa bahanii Magaala Galaan yemmuu gahan, sirbichi xumuramnaan shufeerichi kaassetta biraa geeddare. Yoo san, Burqaafi Dureettiin qalbii isaanii walitti deebifatanii haasa'a eegalan.

Burqaa: "Bareedduu, hinmukaa'inii haasa'i" jedheen.

Dureettii: "Haasa'ulleen nan haasa'a, garuu gaariin farda hinduursuu, dura walhaabarruu, eenyu siin jedhu?" jetteen.

Burqaa: Jecha ishii kanaan dinqamee, kolfaa "Ani Burqaa Lammiin jedhama, Magaalaa Finfinneettan dhaladhe. Hojii daldalaatifan gara Shaashamannee deemaa jira." jedheen.

Dureetti: "Ani ammoo Durreetti Roobalee Lammiin jedhama. Dhaloonni koo

naannawa Shaashamanneeti. Eessuma kiyya gaafachuu Finfinnee dhufeen galaa jira. Maqaan abbaa keessanii maqaa akaakayyuu kiyyaatin tokko.Yookiin moggoo ta'u, yookiinis…. Maaltu beeka? Dur akaakayyuun kiyya, Lammii Saafa'oo, "yoo namaan walbartu maqaa isaa tolchii gaafadhu, yoo dandeesse ammoo hanga abbatorbaatti qoradhu. Kana ta'uu baannaan erga walbartee walitti dhiyaattee booda rakkoon hinyaadamne siquunnamuu danda'aa; hinjarjariin, of eeggadhuu ejjedhu, aadaa keefi lubbuu keetis eeggadhu." jedheet nagorsa ture. Mee ammas maqaa akaakayyuufi firoota keessanii tokko tokko dabalataan natti himaa." jetteen.

Burqaa:" Ee faaya intalaa! Rabbumatu sidubbisaa jira fakkaata.
Akaakileen kiyya, Hundee Bakakkoo, intala Goobana Barii, Firoo, fuudhee akaakayyu kiyya Saafa'oofi Badhaatu argate. Saafa'oon ammoo abbaa kiyya Lammii dabalatee, dhiira shaniifi dubra sadi qaba. Abbaan kiyya ammoo ana malee ijoollee dhiiraa afuriifi durba lama qaba. Ijoolleen dhiiraa ana, Roobalee, Galato, Waabeefi Sanbato jedhamu. Ijoolleen durbaa, Lattuu, Hirteefi Akkafeete jedhamu. Galato Magaalaa Bishooftuu keessatti hojii daldalaatiin jiraata. Waabeen ammoo waan barateef Finfinnee keessatti hojii barsiisummaarra jira. Roobaleen garuu, yeroon ani ijoollee ture biyyaa bahe. Erga adda baanee Gadaa sadii ol ta'e. Arsii jiraachuu isaa qofa dhageenye. Kunoo har'a Rabbi …." jedhee osoo hinxumuriin walitti jiganii waldhungachuu eegalan. Imaltoonni konkoolaataa keessa jiran dinqamanii isaan ilaalan ture.

Kanuma keessa konkolaataan Magaalaa Baatuu gahee laaqanaaf dhaabbate. Laaqana isaaniif jarri lachuu qurxummii ajajatanii wanta, tasa uumame kanaan dinqamaa gammachuun guutamanii laaqanicha hanguma muraasa nyaatanii konkolaataatti deebi'an. Sanaan booda Dureettiin waa'ee abbaa ishiifi ijoollee isaa itti himte. Burqaan gammachuudhaan machaa'ee wanta qabee gadhiisu wallaale.

Erga Shaashamannee gahanii konkolaataarraa bu'anii, Dureettiin akka ishii waliin galu gaafannaan matumallee hinmarre. Dureettii Obboleeyyan ishii faradoo fidanii wanta Shaashammanneetti eegaa turaniif, Shaashamanneetti haara galfatanii gara mana Obbo Roobalee, Shaashamanneerraa gara bahaatti toora km kudhaniirratti argamutti, faradoorratti yaa'anii deeman. "Namni hindu'iin walarga," jedhama mitiiree?

B. Dubbisa armaan olii suuta hubannoon dubbiisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Sanaan booda gareen irratti mari'adhaatii dareef gabaasaa.

1. Jechi, "Namni beeylada hawaasummaan jiraatu" jedhu maal jechuudha? Hagam dhugaadha jetta?
2. Namni tokko namoota haara'aan dafee walbaruun faayidaa moo miidhaa qaba?
3. Dandeettiin namoonni namoota haar'a isaan qunnamaniin dafanii walbaranii waliigaluu maaliin murtaa'a? Uumamaan, barnootaan/ muuxxannoon ykn lachuuni?
4. Ergaa keeyyata 2ffaa gabaabbinaan ibsi.
5. Barreeffamicha keessatti Dureettiin akkamitti ibsamte?
6. Burqaafi Dureettiin konkolaataa keessatti yeroo duraaf eessatti waldubbisan?
7. Himni, "Gaariin farda hindursu," jedhu ergaa maalii dabarsa?
8. Akaakayyuun Dureettii maaliif nama haara'aan yemmuu walbartu hanga abba torbaatti akka qorattu gorse sitti fakkaata?
9. Burqaanifi Dureettiin maaliif konkolaataa keessatti waldhungatan?
10. Burqaafi obboleessi isaa Roobaleen walargan moo hinagarre? Akkamiin beekte?

C. Akkaataa odeeffannoo barreeffamicha keessatti laatameen, himoota armaan gadii keessaa yaada sirrii ta'e Dhugaa kan sirrii hintaane ammoo Soba jechuun deebisi. Yoo Soba jette, dubbifamicha keessaa sababa laadhu.

1. Burqaan battalumaatti waan nama haar'aan waliigaluuf nama jarjaraadha.
2. Mammaaksi dubbii gabaabsa.
3. Burqaan naannawa laga Waabeetti guddate.
4. Burqaan nama arjaa waan ta'eef, nyaataafi dhugaatii namaaf laata.
5. Dureettii umriin waa heddu ishii barsiiseera.

D. Barreeffama olitti dhubbiste keessaa, jechoota/gaaleewwan jechoota/ gaaleewwan armaan gadiitin hiika walfakkaatu qaban barbaadi fuul-dura jechoota /gaaleewwanichaatti barreessi.

1. ennasuma /yeeruma san ( k, 2) ______________________________
2. waraabbatu ( K.2) ______________________________
3. sodaataa ( k.2 ) ______________________________
4. Urjii daran ifu ( k.3) ______________________________
5. cimte ( k.3) ______________________________
6. jalqaban ( k.4) ______________________________
7. dugda/ duyida( k. 3) ______________________________
8. abbaa akaakayyuu ( k 5) ______________________________
9. dhalchate ( k. 5) ______________________________
10. boqotanii ( k 7) ______________________________

E. Akkaataa barreeffamicha keessatti itti fayyadamaniin, hiikni jechamoota armaan gadii maali?


a) Haasa'a keessa gadi taa'a. (k. 2)
b) Simbira mukarraa harcaasa (k.2 )
c) nailaalaa jetti (k.2)
d) lafa hinbu'u (k.3)
e) Matumalleen hinmarre (k. dhumaa)

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo barreeffamichaarraa argatteefi muuxannoo keetirratti hundaa'uun deebisi.

1. Barreeffama dubbisterraa beekumsa/hubannoo maal argatte?
2. Burqaafi Durreettiin osoo walqorachuu baatanii maaltu ta'u mala jettee tilmaamta?
3. Burqaafi Roobaleen yeroo dheeraaf osoo walhinargiin turuu isaaniirraa maal hubatta?

B. Hidda Dhalootaa Burqaafi Dureettii akka fakkeenyaatti fudhachuun, latiinsa hidda dhaloota kee barreessi.




C. Barsiisota kee kan seenaafi kan Afaan Oromoo gaafachuun, ykn kitaaba/barruulee barbaaddee dubbisuun hidda latiinsa Oromoo barreessi.

## Barannoo 2: Caasluga

### Hennaa Murannaafi Murannaalaa

### Yaadannoo

Hennaawwan lamaan kana hubachuuf walbira qabnee haa ilaallu.

i) Murannaa

Murannaan, gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hinoolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin, ibsa.

Fkn. 1. Amansiisaan deemuuf jira.

2. Barsiisaan Afaan Oromoo qormaata nuuf laachuuf jira.

3. Tarfaasaan daldala eegaluuf jira.

ii) Murannaala

Hennaan murannaalaa garuu, gocha gara fuul-duraa raawwatamuu malu ibsa. Gochi muraannalaan ibsamu kun gara-fuulduraa raawwatamuu ykn raawwatamuu dhabuus nidanda'a.

Fkn:

1. Bokkaan nirooba ta'a.
2. Barsiisaan Afaan Oromoo qormaata nuuf laata ta'a.
3. Tarfaasaan daldala nieegala ta'a.

**Gilgaala 4:** Shaakala Murannaafi Murannaalaa

Hennaa murannaafi muranaalaatiin himoota mataa keetii shan shan barreessuun hiriyoota keetti agarsiisuun irratti mari'adhaa.

## Barannoo 3: Barreessuu

### Sirna Tuqaalee

### Yaadannoo

Sarara xiqqaa (-), sarara dheeraa (_)fi tutuqaa (…)

i. Sarara Xiiqqaa (-)

Sararri xiqqaan barreeffama keessatti faayidaalee armaan gadii qaba.

1. Jechoota lama ykn lamaa ol akka qaama tokkootti dhaabbachuun maqaa ibsan walitti hidhuuf. Fkn.

- wantoota lubbu-qabeeyyii• mata-duree walgahii

2. Yeroo barreessinu, dhuma sararaarratti jecha tokko adda hiruuf. Jechi tokko kan adda bahuu/hiramuu qabu birsagarratti. Fkf jechi ‘tokko’ jedhu birsaga lama qaba ( tok-fi ko).

3. Lakkoofsa qubeen barreeffame kan jecha tokkoo ol qabu adda baasuuf.

Fkn. Shantamii-lama, torbaatamii-torba

ii Sarara dheeraa (_)

Sararri dheeraan callisa qoodduurra dheeratu, garuu tuqaarra gabaabbatu bakka bu’a. Yaada walitti fufiinsa qabu keessaa yaada biraa yoo galchinu, yaadicha addaa san adda baasuuf fayyada.

Fkn: 1. Namoonni tokko tokko- maqaa isaanii dhahuu hinbarbaadu- ilaalchi

isaan walqixxummaa saalaarratti qaban rakkina qaba.

2. Obboleessi Burqaa, Sanbatoon _amma lubbuun hinjiru_

goota beekkamaa ture.

iii tutuqaa (…)

Tuttuqaan, jalqaba himaarratti, hima gidduutti ykn dhuma himaarratti yaadni hafuu agarsiisa.

Fkn. “Kunoo hari’a Rabbi ….” Yaadni hafe dhuma himaarratti yoo ta’e, tuqaan afur ta’a. Inni dhumaa tuqaa dhuma himaa agarsiisu.

**Gilgaala 5:** Shaakala Sirna Tuqaalee

A. Himoota armaan gadii hubannoon dubbisuun iddoo barbaachisutti sarara dheeraa, sarara xiqqaa ykn fuftuu galchi.

1. Ilmi abbaa Jabal, Hiikaan osuma jennu yeroo ammaa kana biyya Ameerikaatti Dhaabbata Mootummoota Gamtoomanii keessatti hojjeta bara dhalatu ani kutaa shanaffaan baradha ture.
2. Haati Daraartuu intalli ishii jalaa dhibamnaan ganda waabeekaa deemtee furmaata argatte.
3. Yaroo lammaffaaf isa waliin qaaqee hinbeeku inni yeroo tokkoo sunuu gahaadhaa ol ture.
4. Osoo Qarshii miiliyoona diigdamii torba argattee maal ittiin goota?
5. Torbee dhufu keessa giddu galaa fi lixa Oromiyatti roobni cimaan nirooba jedhamee eeggama.
6. Fufaan yeroo gabaa bahu qarshii dhibba qaba ture; yeroo manatti galu garuu

**Gilgaala 6:** Shaakala Barreessuu

Mata-duree,"Guddina Afaaniifi Aadaa Oromoo Keessatti Gahee Manguddootaa" jedhurratti barreeffama dheeraa keeyyata afurii hanga ja'aa qabu barreessi.

Hub. *Yeroo barreeffama kana barreessitu, tartiiba adeemsa barreessuu armaan gadii hordofuu hin'rraaffatin.*

1. Ofuma keef yaaduun odeeffannoo akkaataa yaadannootiin barreessuu ykn burqaalee addaddaarraa funaanuu.
2. Yaadota funannaman tartiiba sirrii ta'een teessisuu.
3. Barreeffama duraa barreessuu.
4. Barreeffamicha keessa deebitee dubbisuun sirreessuu; yoo danda'ame hiri'oota keetti laattee yaada irratti kennisiisuu.
5. Barreeffama isa dhumaa barreessuun barsiisaan akka siif dubbisu itti laachuu.

# Boqonnaa 6: Onismoos Nasiib

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- namoota guddina Afaan Oromoof gumaacha godhan/bu'aa qabatamaa buusan himta.
- saffisaan dubbisuun yaadawwan ijoo/gurguddaa adda baasuun himta.
- sakattaan dubbistee qabxiiwwan gooree adda baasta.
- hiika faallaa galumsaa jechootaa himta.
- seenaa namoota Afaan Oromoo guddisuuf carraaqanii barreessita.
- sirna tuqaalee mallattoo waraabbii dachaa ( " " )fi mallattoo waraabbii qeenxee ( ' ') himoota keessatti sirriitti itti fayyadamta.
- maqaafi gosoota maqaa adda baastee himta.
- geerarsa barreessuun ergaa inni dabarsu ibsita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

Dubbisa armaan gadii osoo hindubbisiin, gaaffiiwwan kanneen cimdiin irratti mari'adhaatii dareef gabaasaa.

1. Namoota guddina Afaanifi ogbarruu Oromoo guddisuu keessatti gumaacha olaanaa godhan keessaa eenyufaa beekta? Wanta isaan hojjetan himi.
2. Seenaa barreeffamaa Afaan Oromoo ilaalchisee maal maal beekta?
3. Suuraa armaan gadii kan eenyuuti? Waa'ee nama kanaa maal beekta?
4. Seenaa Onismoos Nasiib maal beekta? Gaheen inni Guddina Afaan Oromoof gumaache maali?



Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Barreeffama armaan gadii saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan kanneen deebisi.

1. Maqaan dhalootaa Onesmoos Nasiib eenyu?
2. Onismoos yeroo meeqa gurgurame?
3. Onesmoos Nasiib akkamiin iddoo dhalootaa isaatii deeme?
4. Sochiin Onesmoos Nasiib gara Oromiyaa seenuuf yeroo duraaf taasise milkaa'ee? Maaliif?
5. Onesmoos Nasiib yeroo duraaf karaa kamiin gara Oromiyaa seenuuf yaale?

### Onesmoos Nasiib

Onismoos Nasiib naannawa bara 1856 dhiheenya, Godina Iluu Abbaabooraa magaalaa Hurrumuutti dhalate. Maqaan isaa kan dhalootaa Hiikaa Awwaajii jedhama. Abbaan isaa waggaa afuritti irraa du'e. Weerartoonni/garboomsitoonni saba biraarraa dhufan bara 1869 Hiikaa haadha isaa jalaa hatuun, maqaa

haarawa Nasiib jedhu moggaasaniifi akka garbaatti gurguratan.

Sanaan boodas yeroo heddu gurgurameera. Walumaagalatti Nasiib yeroo saddeet garbummaaf gurgurame. Dhumarratti, itti aanaa itti gaafatamaa Qoontsilaa Faransaayi kan ture, namni Weerner Munziinger jedhamu, Magaalaa Mitsiwwaa, qarqara Galaana Diimaatti isa argatee akka inni sanaan booda garbummaan hingurguramne bilisa isa baase. Ergamtoonni lallaba Kitaaba Qulqulluu Siwiidiin mana barnootaa ijoolleen dhiirri qofti itti baratan iddoo Imkulluu jedhamu waan qabaniif, Nasiib achi galee akka baratu taasisan. Nasiibis yeroo gabaabaatti barataa cimaa dandeettii addaa qabu akka ta'e mirkaneesse. Dhalatee waggaa 16tti gaafa Hiikaa/faasikaa Bitootessa 31 bara 1872 cuuphamee maqaan kiristaanummaa Onismoos jedhamu mogga'eef. Afaan Girikitiin 'Onesmos' jechuun faayidaa qabeessa jechuudha.

Barnoota isaas waggoota shanitti xumure. Itti aansuun, dhaabbata barnootaa amantaa 'Johaaneluundis' jedhamu, kan magaalaa Biromaa, biyya Siwiidinitti argamutti ergamee waggoota shaniif barnoota amantaa ol'aanaa barate. Erga achii Mitsiwwaatti deebi'ee, shamara waggaa kudha sagalii kan Mihirat Hayiluu jedhamtu fuudhe.

Onismoos Nasiib uummata isaa barsiisuuf fedhii cimaan wanta isa keessatti uummameef, haadha warraa isaa, abbaa ishiifi namoota biraa sadi waliin karaa Sudaaniin gara Wallaggaa seenuuf adeemsa eegale. Haa ta'u malee, loltoonni mooticha Minilik adeemsa isaaniitti gufuu wanta ta'aniif, Asoosaa darbuu wanta dadhabaniif gara magaalaa daangaa Itoophiyaafi Sudaanirra jirtu, kan Faamkaa jedhamtutti deebi'uuf dirqaman. Onismoosis achitti busaadhaan qabamee daran dhibame. Onismoosiifi miiltowwan isaa gara Kaartuumitti deebi'uuf waan dirqamaniif, Ebla 12, bara 1882 Kaartuum gahan. Onismoos achitti dhibee isaarraa fayyee gara Imkulluutti deebi'ee, hojii isaa wangeela barsiisuu itti fufe. Yeroo sanii kaasee, barreeffama addaddaa gara Afaan Oromootti hiikuu eegale. Erga yaaliin inni bara 1886 gara Wallaggaa deemuuf taasise yeroo lammaffaaf gufatee booda, Kitaaba Qulqulluu guutumaa-guutuutti gara Afaan Oromootti hiikuu eegale.

Haa ta'u malee, ijoollummaa isaarraa eegalee uummataafi aadaa isaa keessatti wanta hinguddatiiniif, hanqina jechootaafi jechamoota Afaan Oromoo wanta qabuuf, gargaarsa barbaaduuf dirqame. Akka carraa ta'ee, shamara Asteer Gannoo jedhamtu, kan Iluu Abbaabooraatii garbummaan gara Yemenii fudhatamaa osoo jirtuu loltoota galaanarraa Xaaliyaanitiin bilisa baate, Imkulluutti argate. Ishiinis hojii isaa barreeffamoota gara Afaan Oromootti hiikuurratti gargaarsa olaanaa taasisteef. Gargaarsa ishiin gooteefiin Kakuu Moofaa gara Afaan Oromootti hiikee Waxabajjii bara 1897 xumure.

Bara 1904 gara Wallaggaa deemee, uummata isaatti makamuu danda'e. Yeroo san bulchaa Wallaggaa kan ture, 'Dajjaazmaach' Gabra-Igizaabeer, fuula ifaan isa simate. Yeroo duraatiif uummata isaaf Afaan Oromootiin Kitaaba Qulqulluu lallabuu eegale. Haa ta'u malee, qeesonni amantaa Ortodooksii naannawa san turan afaanicha wanta hindhageenyeef, jibbiinsa cimaa irratti horatan. Jaalalaafi kabajni ol'aanaan inni uummata Oromoo biratti horate, wanta isaan rifachiiseef, sababa "Maaramii kabaja dhoorke" jedhuun isa yakkanii, Paatiriyaarkii Orotodooksii kan ture, Abuna Maatiwoos biratti akka dhiyaatu ta'e. Abunichis himannaa qeesotichi dhiheessanirratti hundaa'uun akka biyyaa bahu itti murteesse. Haa ta'u malee, Minilik, murtii Abunichaa haquun, Onismoos gara Naqamteetti akka deebi'u, garuu sanaan booda gonkuma akka wangeela hinlallabne itti murteesse.

Sanaan booda sochiin inni ummata bal'aa keessatti taasisu waan daanga'eef, mana barnootaa Naqamteetti bane keessatti barsiisaa ture. Yeroo sanas balaan biyyaa ari'amuu isaa marsa ture. Lij-Iyyaasuun bara 1916 aangoo fudhannaan amantaa isaa akka barsiisu eeyyameef. Lij-Iyyaasuun, waggaa tokkoon booda aangoorraa fonqolchamus, murtiin isaa akkuma jirutti wanta itti fufeef, Onismoos hanga gaafa du'uutti barreeffamoota addaddaa gara Afaan Oromootti hiikee raabsuufi Kitaaba Qulqulluu barsiisuu kan itti fufe, yoo ta'u, barreeffamoota inni Afaan Oromootiin qopheesse keessaa kan armaan gadii eeruun nidanda'ama.

1. Kitaaba xiqqaa mata-dureen isaa "Onnee Namaa" jedhu, kan faaruu 100 qabu Afaan Giriikiirraa gara Afaan Oromootti hiike.
2. Bara 1892 kitaaba xiqqaa "Luuter Kaatekiizim" jedhamu Afaan Oromootti hiike.
3. Bara 1885tti gargaarsa Asteer Gannootiin, Kuusaa jechootaa Oromoo-Siwiidiin, kan jechoota 6000 qabu qopheesse.
4. Bara 1886 faaruu wangeelaa "Galata Waaqayyoo Guddaa" jedhamu hiikee maxxanse.
5. Bara 1894 tumsa Asteer Gannootiin kitaaba Sheekkoo gaggabaaboo 79 qabu maxxanse. Mata dureen kitaaba kanaa "Jalqaba Dubbisaa" jedhama. Kitaabni kun fuula 174fi jechoota 3600 qaba.

Onismoos ergama isaa dacheerraa haala armaan olitti ibsameen xumuruun, Waxabajjii 21, bara 1931 dhibee Onneetiin addunyaa kanarraa darbe.

B. Akkaataa Odeeffannoo barreeffamichaatiin, himoota armaan gadii Soba ykn Dhugaa jechuun deebisi. Yoo Soba jette, odeeffannoo barreeffamicha keessatti laatamerraa sababa kenni.

1. Hiikaaf maqaa Nasiib jedhu warra adiitu baaseef.
2. Onismoos Nasiib yeroo saddeet qofa gurgurame.
3. Onismoos Nasiib lallabdoota Kitaaba Qulqulluu warra Siwiidiintu garbummaarraa bilisa isa baase.
4. Onismoos Nasiib walumaagalatti waggoota kudhan barate.
5. Namoota yeroo duraaf Onismoos Nasiib waliin gara Oromiyaa galuuf yaalii godhan keessaa tokko soddaa isaati.
6. Faamkaan magaalaa Itoophiyaa keessatti argamtu.
7. Imalli Onismoos Nasiib kan gara Wallaggaa yeroo 3ffaarratti milkaa'e.

8. Asteer Gannoo Intala naannawa Onismoos Nasiibi.

9. Onismoos Nasiib yeroo Eertiraatti Kitaaba Qulqulluu gara Afaan Oromootti hiiku, dandeettiin isaa kan Afaan Oromoo, cimaa ture.

10. Yeroo Onismoos Nasiib Wallagga seene, bulchaan naannichaa gammachuun isa simate.

C. Jechoota hiika faallaa jechoota armaan gadii qaban, barreeffamicha keessaa barbaaduun barreessi.

1. gidduu (k.2)
2. dandeettii (k. 4)
3. adda bahuu (k. 5)
4. mirkaneessuu (k.5)
5. sassaabuu (k. 7)

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisa Boodaa

Hubannoo seenaa Onismoos Nasiibirraa argatteefi muuxannoo keerratti hundaa'uun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Sanaan booda gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Seenaa jireenyaa Onismoos Nasiibirraa maal baratte?
2. Seenaa jireenyaa Onismoos Nasiibirraa ka'uun, garbummaan gaariidha jettaa? Maaliif?
3. Dhalloonni ammaa, seenaa jireenyaa Onismoos Nasiibirraa maal barachuu qaba?
4. Ciminni Onismoos Nasiib malirraa burqe?
5. Osoo sochiin ogbarruu Afaan Oromoo akkuma Onismoos Nasiib eegale sanaan itti fufee jiraatee, yoona Afaan Oromoo hagam guddata jetta?

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Maqaafi Gosoota Isaa

Himoota armaan gadii keessatti maqaalee adda baasuun jala sararii, gosa isaaniis himi.

1. Garbuun Baaleetti bal'inaan oomishama.
2. Hiyyummaan kabaja nama dhorka.
3. Ejjetaan hoolaa qalachuuf halbee qare.
4. Oromiyaan albuuda hedduu qabdi.
5. Ummanni Chaayinaa hojiidhaan cimoodha.
6. Obbo Ayyaanaan saawwan baayyee qabu.
7. Finfinneen handhuura Oromiyaati.
8. Firaaol muka muree, mana ijaare.

## Barannoo 3: Afoola

### Geerarsa

Akkuma beekkamu uummanni Oromoo, goota faarsuuf, quuqqaa ibsachuuf, beekaa faarsuuf, hojiirratti wal-onnachiisuufi kkfiif geerara. Kanaafuu, jireenya uummata Oromoo keessatti geerarsi ergaa addaddaa wanta dabarsuuf, afoola Oromoo keessatti iddoo olaanaa qaba.

Fkn.

**Geerarsa Gaabbii**

Boqqolloon birraa dhufaa
Baaduun arfaasaa dhufaa
Eessa abbaa kootiin fuudheen
Walitti nyaadhee ilaalaa
Humni ganama dhufaa
Qalbiin galgala dhufaa

Eessa abbaa kootii fideen

Walmaddii kaa'ee ilaala.

**Gilgaala 5:** Shaakala Geerarsa Barreessuu

Miseensota maatii kee ykn namoota naannawa kee jiran gaafachuun, geerarsa, nama beekaa, guddina ummata isaaf bu'aa buuse, ittiin faarsuuf geeraramu yoo xiqqaate lama barreessii dareetti dubbisi. Yeroo dubbistu, yeedalloo isaa eeguun haaluma ummanni geerarutti geerari.

## Barannoo 4 : Barreessuu

### Yaadannoo

I. Sirna Tuqaalee Mallattoo Waraabbii Dachaa (" ")fi Mallattoo Waraabbii Qeenxee (' ')

a. **Mallattoo waraabbii dachaa (" ")**

Mallaattoon waraabbii dachaa faayidoota armaan gadii qaba.

1. Waan namni tokko kallattumaan dubbate, akkuma jirutti waraabuuf.

   Fkn, "Har'a qorumsa Afaan Oromoon qaba. " jedhe Olyaad.

2. Mata dureewwan kitaabaa, asoosama gabaabaa, walaloo, diraamaa, barruufi kkf agarsiisa.

   Fkn: a. Diraamaa " Sakallaa" jedhu ilaaltee?

   b) "Eelaan" filmii haala gaariin qophaa'e.

   c) Kitaabni, "Seenaa Uummata Oromoo Hanga Jaarraa 16$^{ffaa}$tti," jedhu Afaan sadiin qophaa'e.

3. Jechi waa'een isaa dubbatamaa jiru, mallattoo warabbii dachaa keessa gala.

Fkn: Barsiisaan Lammummaafi Amala Gaarii waa'ee "Malaammaltummaa" nubarsiise.

4. Yaada itti hinamanne, mallattoo kana keessa galchina.

Fkn. Namoonni tokko tokko, “Araqeen dhibee garaachaa namarraa ittisa” jedhanii amanu.

**b) Mallattoon Waraabbii Qeenxee ( ‘ ’)**

Mallattoon waraabbii qeenxee faayidaalee armaan gadii qaba.

1. Barreeffama keessatti jechi afaan ittiin barreeffamaa jiruun ala ta’e, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.

Fkn. Barsiisaan Baayoolooji ‘baakteeriyaan’ faayidaas miidhaas qabaachuu nu barsiise.

2. Waraabbiin waraabbii keessaa, mallattoo waraabbii qeenxee keessa gala.

Fkn.1 “Waa’ee uummata Oromoo sirritti yoo beekuu barbadde,kitaaba ‘Seenaa uummata Oromoo Hanga Jaarraa $16^{ffaa}$tt’i’ jedhu dubbisi ,”jedhe barsiisaan.

2. “Fiilmiin ani baayyee dinqisiifadhu ‘Eelaa’ dha.” jette Dammituun.

**Gilgaala 6:** Shaakala Sirna Tuqaalee

A. Himoota armaan gadii keessatti iddoo barbaachisutti mallattoo waraabbii dachaafi mallattoo waraabbii qeenxee barreessi.

1. Jireenyi jaalala malee hiikoo hinqabu jette Biliseen.
2. Waadaan filmiiwwan Oromoo keessaa tokko.
3. Afaan Ingilizii Afaanota kaan nicaala jechuun warri morman jiru.
4. Ogeeyyiin fayyaa bargarii baayyisanii nyaachuun wanta nama furdisuuf of eeggannoo gochuun barbaachisaa akka ta’e gorsu.
5. Kitaaba ogbarruu Afaan Oromoo jedhamu naa biti.
6. Wanti nama, nama taasise hojiidha jedhe Kaarl Maarkis.

7. Kitaaba seerluga Afaan Oromoo jedhu maxxansiisuufan jira jedhe Addunyaan.

B. Mallattoo waraabbii dachaafi qeexee fayyadamuun himoota shan barreessii barsiisaa keetti agarsiisi.

## Gilgaala 7: Shaakala Seenaa Jireenyaa Barreessuu

**Seenaa Jireenyaa Nama Biraa Barreessuu.**

A. Seenaa namoota (hayyoota) guddina Afaan Oromoof gahee olaanaa gumaachan keessaa kan isa tokkoo barreessii bariisaan akka siif dubbisu itti kenni. Barreeffama keetiif, seenaa Onesmoos Nasiib boqonnaa kana keessatti dubbiste akka fakkeenyaatti fudhachuu dandeessa. Barreeffamni kee yoo xiqqaate keeyyata shan qabaachuu qaba. Odeeffannoo sibarbaachisu, mana kitaabaa deemtee kitaaba ykn barreeffama argatte kamiyyuu dubbisuun, barsiisota kee ykn namoota biroo waa’ee kanarratti beekumsa niqabaatu jettee yaaddu gaafachuu dandeessa.

B. Garee gareen mana kitaabaa deemaatii kitaaba kudhan filadhaa. Qaamolee gurguddoo kitaabichaa (mata duree, barreessaa, bara itti maxxanfameefi eessatti akka maxxanfame) hubachuun daree keessatti gabaasa dhiyeessaa

# Boqonnaa 7: Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- barreeffama siif dhiyaate akkaataa addaddaan dubbisuun ergaa isaa himta.
- faallaa jechootaa kennita.
- garaagarummaafi tokkummaa wantootaa hubachuun ibsita.
- maqaan akka ibsa maqaatti akka tajaajiluhubattee itti fayyadamta.
- adeemsaafi akkaataa falmiin itti gaggeeffamu hubachuun falmii gaggeessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Barreeffama armaan gadii osoo hindubbisin, gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Qabeenya bosonaa jechuun maal jechuudha?
2. Oromiyaan qabeenya bosonaa maalfaa qabdi? Qabeenyi kun Oromiyaa keesatti baayyinaan eessa faatti argama?
3. Qabeenya bosonaa Itoophiyaan qabdu keessaa, bosonni Oromiyaa keessa jiru dhibbeentaa meeqa ta'a jettee yaadda?
4. Bineensota bosonaa beektan maqaa isaanii walitti himaa?
5. Bosonni fakkii armaan gadiirratti argitu eessatti argama siitti fakkaata?



B. Osoo barreeffamicha hindubbisin dura, hiika jechoota armaan gadii walitti himaa.

1. wabii 2. dhiibbaa 3. sunaamii 4. haxaawwamuu

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii saffisaan dubbisuun, gaaffiiwwan kanneen deebisi.

1. Dhaamsi waliigalaa barreeffamichaa maali?
2. Faayidaalee bosonaa sadi barreessi.
3. Bosonni manca'uun akkamiin geeddarumsa qilleensaa fida?
4. Keeniyaan akkamiin bosonarraa galii ol'aanaa argachaa jirti?
5. Geeddarumsi qilleensaa Itoophiyaatti miidhaa malii fide?

### Faayidaa Bosonaafi Bineensotaa

Bosonni wabii jireenyaa, ilma namaa dabalatee, beeyiladootaafi lubbu-qabeeyyii hundaati. Yemmuu faayidaa bosonaa dubbannu,waa'ee lubbuun jiraachuufi jiraachuu dhabuuti dubbanna jechuudha. Kallattiinis ta'ee, kallattiin ala lubbuufi jiruun ilma namaa bosonarratti hundaa'a. Faayidaalee gurguddaa bosonaafi miidhaalee bosona mancaasuun fidu adda adda baasnee tokko

tokkoon haa ilaallu.

Rakkina geeddarumsi qilleensaa addunyaatti fidaa jiru qolachuu ykn hir'isuu keessatti gaheen bosonaa ol'aanaadha. Akkuma beekkamu geeddarumsi qilleensaa rakkoolee jaarraa kana keessatti daran yaaddessoo ta'an keessaa isa tokko. Sababa geeddarumsa qilleensaatiin oo'inni addunyaa yeroodhaa gara yerootti dabalaa jira. Sababa oo'a dabaleetiin cabbiin qarqara lafaa jiru dhangala'aa waan jiruuf, olka'iinsi qaamolee bishaanii dabaluun biyyoota heddu kan lafa gadi-aanaarratti argaman liqimsuu danda'a sodaan jedhu dabalaa jira. Kana malees, rakkoolee akka wayitiin roobaa gegeeddaramuu, roobni xiqqaatee gogiinsi uummamuu, iddoo tokkotti ammoo roobni baay'achuun lolaan cimaan akka 'Sunaamii' faa uummamuu, dhukkuboonni addaddaa uumamuufi kkf, sababa jijjiirama qilleensaatiin kan uumamani.

Bosonni, kaarboonii ardii tanaa harka guddaa hammatee jira. Kanaafuu, yeroo ammaa kana bosonni saffisaan manca'aa jiraachuun isaa gadi lakkifamuu kaarboondaayi'oksaayidiif hanga 20% qooda qaba jedhama. Haalli kun ammoo akkuma jirutti yoo itti fufe, rakkinni hagamii uumamuu akka danda'u tilmaamuun nama hinrakkisu.Yoo bosonni manca'e kaarboondaayi'oksaayidiin qilleensatti gadi lakkifamuun jijjiirraa qilleensaa fida; yoo bosonni kunuunfame garuu, kaarboondaayi'oksaayidiin qilleensa keessa jiru nixuuxxama. Kanaafuu, bosonniifi geeddarumsi qilleensaa walitti dhufeenya gar-lamee qabu. Geeddarumsi qilleensaa bosonaarratti balaa fida; bosona kunuunsuun ammoo dhiibbaa geeddarumsa qilleensaa nisalphisa.

Dhimma kanaan walitti qabatee, bosonni akka madda galiittis nifayyada. Biyyoonni guddatan, kan warshaalee guguddaarraa kaarboondaayi'oksaayidii hedduu burqisiisaan, biyyootii warshaalee gurguddaa hinqabneefi bosona heddu qabaniif maallaqa akka kanfalan taasifamaa jira.

Bosonni gadi lakkifama kaarbondaayi'oksaayidii dhorkuun, akkasumas kan qilleensa keessa jiru xuuxuun qulqullina qilleensaa yoo uume, itti fayyadamtoonni uummata biyyichaa qofa osoo hintaane, uummata addunyaa mara. Kanaafuu, faayidaa waliinii kanaaf maallaqa kanfaluun ammoo sirruma.

Kunis daldala kaarboonii jedhama.

Gama biraatiin bosonni qabeenya bishaan lafa jalaa gabbisuufi rooba harkisuun; akkasumas manca'a biyyoo lolaafi bubbeen uummamu hanbisuun oomishtummaa dabala. Yoo bosonni manca'e, burqaaleen nigogu, biyyoo gabbataan lolaan dhiqama, bubbeedhanis nihaxaawwama. Kun ammoo oomishtummaa hiri'isuufi gogiinsa uumuun beelli akka uummamu taasisa. Biyyoon lolaan dhiqaamu, lafa qullaatti hambisuun ala miidhaa biraas qaba. Biyyoota akka Itoophiyaa keessatti, hidhoota laggeen humna ibsaa burqisiisaniitti nam'uun, akka harataan guuttaman gochuun umrii tajaajila hidhoota kanneenii gabaabsa.

Bosonni madda nyaataa, qorichaafi oomishaalee mukaa addaddaa ta'uunis nitajaajila. Firiin, baalli, hiddi (hundee)fi qaamni biqiltoota addaddaa, ilma namaa dabalatee, bineensotaafi beeyladoota hedduuf nyaata ta'ee tajaajila. Ilmi namaa beeyladoota bosonaa addaddaa kan akka kuruphee, booyyee, karkarroo, tarraaca(Bosonuu)fi kkf, foon isaanii wanta nyaatuuf madda nyaataa dabalaan argata jechuudha. Qorichoonni aadaas ta'anii, ammayyaa hedduun biqiltootarraa oomishamu. Kuni ammoo fayyaa namaa eeguu bira darbee madda galiis ta'uun faayidaa guddaa laata. Kana malees, meeshaaleen mukarraa hojjetaman kan mana keessatti tajaajilan, kan akka siree, minjaalaa, barcumaafi kkf; akkasumas kan waajjiraalee keessatti tajaajilaniifi kan ijaarsi addaddaa ittiin raawwatamu bosonarraa argamu. Kun ammoo madda galii guddaadha.

Kanneen malees, bosonni iddoo jireenyaa bineensootaafi beeyladootaa addaddaati. Bineensoonnifi beeyilladoonni bosonaa ammoo akkuma armaan olitti caqasne, madda nyaataa ta'uun ala, madda tuuriizimii ta'uun tajaajilu. Daawwattoonni biyya alaafi biyya keessaa, bineensota bosonaa, kan haalaan qalbii namaa hawwatan, daawwatanii bashannanuuf maallaqa guddaa kanfalu. Keessattuu daawwattoota biyya alaarraa sharafni alaa waan argamuuf, misooma biyyaaf qooda guddaa gumaacha. Gama kanaan biyyoonni hedduun kan akka Keeniyaafaa faayidaa guddaa argachaa jiru. Yeroo ammaa kana galii

biyyoota alaarraa Keeniyaan argattu keessaa harki guddaan Tuurizimiirraa argama. Fakkeenyaaf, bara 2006 waggaa tokkotti Keeniyaan Tuurizimiirraa qofa Doolaara Ameerikaa miiliyoona 803 argatte. Galiin kun tarii amma dachaan dabale ta'a. Itoophiyaanis bosonaafi bineensota bosonaa ishii haalaan yoo kunuunsite, kutaa diinagdee Tuurizimiirraa galii sharafa alaa guddaa argachuu akka dandeessu amanamaadha.

Tuurizimiin alattis, bineensonni bosonaa karaa seera-qabeessa ta'een adamsamuun, gogaa, ilkaan, gaafa, summiifi dafqa isaaniirraa galiin guddaan ni'argama. Fakkeenyaaf, gogaan naachaa, qeerransaa, hardiidaafi weennii uffata, faaya, afata manaafi biiroof wanta oolaniif, gatii guddaa baasu. Ilkaan arbaa faayaafi wantoota biroos tolchuuf oola. Dafqi moor'ee shittoof, summiin bofaa ammoo qoricha oomishuuf oola. Jaldeessi, hantuunnifi illeentiifaan ammoo yaalii saayinsiif oolu.

Haa ta'u malee, faayidaalee faaran murteessoo ta'an kanneen hubachuu dhabuun ykn qaamota fedhii dhuunfaa isaanii qofa ari'aniin bosonni addunyaa kanaa saffisa nama yaachisuun manca'aa jira. Kun ammoo gammoojjummaa babal'isuun miidhaa guddaa qaqqabsiisaa jira. Rakkoon gammoojjummaa ammoo dachee kanarra iddoo heddu jiraatuus, Aafrikaa keessatti biyyoota gammoojjii Sahaaraa gaditti argamanitti, Itoophiyaa dabalatee, daran hammaata. Itoophiyaa qofa akka fakkeenyaatti yoo fudhanne, hongee baroota 1973-1975tti uummamee tureen qofa namoonni 3000, loon 80%, hoolonni 50%, gaalonniifi ro'oonni 30% caalan dhumanii ture. Rakkinni hongee kun eegasiiyis turee deddeebi'uun miidhaa qaqqabsiisaa jira. Hongeefi beela hamaa bara 2003tti biyyoota gaanfa Afrikaatti uumamee lubbuu uummata Somaalee heddu galafateefi, uummattoota gammoojjiiwwan kibbaafi baha Itoophiyaa 4000,000 ol gargaarsaaf saaxile akka fakkeenyaatti fudhachuun nidanda'ama.

Akkuma waliigalaatti bosonni uffata dacheeti. Akkuma namni uffata malee qullaa hinmiidhagne, dacheenis bosona malee hinmiidhagdu. Bosonni wabii lubbuutis. Ilmaan namaa misoomuuf qofa osoo hintaane, lubbuun jiraachuuf bosonaafi qabeenya bosonni hammatee jiru badiirraa eeguufi kunuunsuu qaba.

"Yaa soogidda ofii jettu mi'aayi yookiin dhakaadha jedhanii sidarbatuu." jedhama mitiiree?

B. Barreeffama armaan olii sakattaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Bosonni manca'uun gadi lakkifama kaarboondaayi'oksaayidiif qooda dhibbantaa meeqa qaba?
2. Kutaalee diinagdee Keeniyaan galii sharafa alaa ittiin argattu keessaa Tuurizimiin sadarkaa meeqaaffaadha?
3. Hongeen barootta 1973-1975tti Itoophiyaa keessatti uumameen loon hagamtu dhume?
4. Hongeen bara 2003 baha Afrikaatti uumame, uummata Itoophiyaa meeqa gargaarsaaf saaxile?

C. Dubbisicha suuta hubannoon dubbisuun, gaaffiiwwan armaan gadii deebisi. Erga dhuunfaan deebistan booda, gareen irratti mari'achuun dareef gabaasaa.

1. Jijjiiramni qilleensaa rakkoolee maal faa fida? Yoo xiqqaate sadi barreessi.
2. Bosonni akkamiin hanga kaarboondaayi'oksaayidii qilleensa keessa jiruu hir'isu danda'a?
3. Daldala kaarboonii jechuun maal jechuudha?
4. Ilmi namaa bineensota bosonaa keessaa maalfaa nyaata?
5. Bosonni manca'uun akkamiin hidha laggeen humna ibsaa burqisiisanirra dhiibbaa geessisa?
6. Summiin bofaa faayidaa maalii qaba?
7. Mammaaksi, "Yaa soogidda ofii jettu mi'aayii ykn dhakaadha jedhaniiti sidarbatuu," jedhu akkamiin yaada barreeffamichaan walitti dhufa?

D. Jechoota armaan gadii, kan barreeffamicha keessaa bahaniif faallaa hiika galumsaa isaanii barreessi.

| | | |
|---|---|---|
| 1. qolachuu | 2. hawwatan | 3. nixuuxxama |
| 4. kunuunsite | 5. nisalphisa | 6. seera-qabeessa |
| 7. gabbisuu | 8. miidhaa | 9. hedduu |

### Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo keerratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Osoo bosonni dachee kanarra jiru manca'ee dhumee, maaltu ta'a jettee yaadda?
2. Kutaa diinagdee Tuurizimiirraa, Itoophiyaan hanga Keeniyaan sharafa alaa argachaa jirtu argachuu nidandeessi jettee amantaa? Maaliif?
3. Eegumsi qabeenya bosonaafi bineensoota bosonaaf naannawa keetti taasifamu gahaadha jettee amantaa? Maaliif?
4. Eegumsaafi kunuunsa qabeenya bosonaafi bineensoota bosonaa keessatti gaheen kee maali?
5. Yaadni, "Muka tokko yoo murtee, biqiltuu lama dhaabi." jedhu biyya keenya keessatti hagam hojiirra oolaa jira jetta?

## Barannoo 2: Caasluga

**Yaadannoo**

**Maqaa Akka Maqibsaatti Fayyadamuu**

Jechoonni tokko tokko akka gosoota jechaa addaddaatti tajaajiluu akka danda'an hubachuu qabna. Fakkeenyaaf, gaalee 'bineensa bosonaa' jedhu keessatti jechoonni lachuu maqaadha. Haa ta'u malee, akkaataa asitti itti fayyadamneen, jechi, 'bosonaa' jedhu maqibsa, maqaa 'bineensa' jedhuu ibsa. Gaaffii, "Bineensa maalii/akkamii? jedhu deebisa. Kanaafuu ofumaafuu maqaa ta'ee osoo jiruu, maqaa biraa ibsa jechuudha.

### Gilgaala 4: Shaakala Maqaa Akka Maqibsaatti Fayyadamuu

A. Himoota armaan gadii keessatti maqaalee akka maqibsaatti tajaajilan jala sarari.

1. Bishaan lagaa osoo hindanfisin dhuguun dhibee namatti fiduu danda'a.
2. Aannan re'ee daran nama jabeessa.
3. Seerri biyya keenyaa ilkaan Arbaa eeyyama malee bitanii gurguruu nidhoorka.
4. Naannoo tokko tokkootti dammi daamuu qoricha jedhameet amanama.

5. Naannoo gammoojjiitti midhaan mukaatu bal'inaan oomishama.
6. Obbo Galgaloon horii gaanfaa 100fi kanniisa gaagura 40 qabu.

B. Maqaalee shanan armaan gadii akka maqibsaatti fayyadamuun himoota shan barreessi

1. rooba    2. beellada    3. baala    4. gogaa    5. qabeenya.

## Barannoo 3: Barreessuu

**Yaadannoo**

**I. Tokkummaafi Garaagarummaa Ibsuu**

Kaayyoolee barreeffamaa keessaa inni tokko dhimmoota addaddaarratti hubannoo uumuuf odeeffannoo laachuudha. Barreeffama odeeffannoo laatu keessaa inni tokko ammoo tokkummaafi garaagarummaa wantootaa ibsuun, filannoo ykn murtii namoonni wantoota san ilaalchisuun dabarsan deeggaruudha.Yaada kana fakkeenya armaan gadiitiin haa ilaalu.

Tokkummaafi Garaagarummaa Ilma Namaafi Goriillaa

| Tokkummaa | Garaagarummaa |
|---|---|
| Harka lamaafi milia lama qabu. | Goriillaan hanga ilma namaa yaaduu hindanda'u. |
| Ilmaan dhalanii hoosisu. | Qaamni Goriillaa dabbasaan uwwifamaadha. |
| Harka isaaniitti fayyadamu. | Goriillaan bosonaatti gala. |
| Funyaan qabu. | Goriillaan eegee qaba. |

| | |
|---|---|
| Bineensota kaan caalaa yaadu. | Goriillaan hin'oomishu |

**Ilma Namaafi Goriillaa**

Ilmi namaafi Goriillaan tokkummaafi garaagarummaa heddu qabu. Tokkoffaa, isaan lachuu harkaafi miilla lama lama qabu. Haata'u malee, goriillaan eegee qabaachuun ilma namaarraa adda baha. Ilmaan dhalanii hoosisuunfi harka isaaniitti dhimma bahuunis wal isaan fakkeessa. Isaan lachuu bineensota kaan caalaa kan yaadan ta'uunis yoo walfakkaatan, ilmi namaa Goriillaa caalaa yaaduu danda'uu isaatiin adda baha. Qaamni goriillaa dabbasaan uwwifamuun, goriillaan bosonatti galuun isaafi osoo hinoomishiin jiraachuun isaa adda isaan taasisa.

## Gilgaala 5: Shaakala Tokkummaafi Garaagarummaa

A. Akkaataa fakkeenya armaan olitti laatameen tokkummaafi garaagarummaa Qilxuufi Odaa gabatee keessatti tarreessi.

B. Qabxiiwwan 'A' jalatti tarreessite walitti qindeessuun keeyyata tokko barreessi. Yemmuu keeyyata kana barreessitu, walqabsiiftota sirrii ta'anitti fayyadamuu hindagatiin. Fkn.

| **Tokkummaa ibsuuf** | **Garaagarummaa ibsuuf** |
|---|---|
| haaluma walfakkaatuun | Haa ta'u malee |
| akkuma | ammoo ( immoo ) |
| akkasumas | ta'ullee |
| | garuu |

**Falmii Adeemsisuu**

Kaayyoon dubbii ykn barreeffamaa inni biraa ammoo falmii adeemsisuudha. Falmii jechuun ilaalcha ykn ejjennoo nu'i qabnu namoonni biraa akka deeggaran ykn ejjennoo wal-fakkaatu akka qabatan amansiisuu jechuudha. Kana ammoo

gochuun kan danda’amu, qabxiiwwan ciccimoo yaada keenya deeggaran sirriitti qindeessinee dhiheessuun sammuu namootaa amanasiisuun yaada isaanii akka geeddaranii ilaalcha keenya fudhatan /deeggaran gochuudhani. Yemmuu falmii gaggeessinu, akkaataa yaada keenya dhiheessinurratti of-eeggannoo gochuu qabna. Fakkeenyaaf, falmii keenya akka armaan gadii jechuun eegaluu dandeenya.

- Yaada kee hanga tokko fudhadhus, guutumaa guutuutti itti hinamanu.
- Yaanni kee hanga tokko dhugaa of keessaa qabaatus, dogoggora heddu qaba.
- Yaadni kee guutumaa guutuutti kan dhugaarratti hundaa’e miti.
- Sababa addaddarraa ka’uun yaada kee hinfudhu.

## Gilgaala 6: Shaakala Falmii Geggeessuu

Mata-dureewwan armaan gadii keessaa tokko filachuun, dura dubbiin; sanaan booda ammoo barreeffamaan falmii gaggeessaa. Seera ittiin falmii gaggeessitan barsiisaa keessan waliin mari’achuun murteessaa.

- Daldaluu moo barachuutu caala?
- Pilaazimaan moo barsiisaan barachuu wayya?
- Barsiisonni barattoota badii raawwatan adabuu qabu moo hinqaban?

# Boqonnaa 8: Garaa Kaasaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- barreeffama siif dhihaate dubbistee ergaalee guguddoofi xixiqqaa adda baasuun himta.
- jechootaaf hiika galumsaa kennita.
- maqibsaafi gosoota isaa adda baastee hubachuun himoota kee keessatti itti fayyadamta.
- gochimaafi gosoota isaa hubattee itti fayyadamta.
- amaloota keeyyata haala gaariin barreeffamee hubatta.
- himoota keessatti sababaafi bu'aa adda baastee himta.
- haqaafi yaadota dhuunfaa adda baastee hubatta, barreeffama kee keessattiis itti fayyadamta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa.

Osoo barreeffama armaan gadii hindubbisiin, gaaffiiwwan kanneen gareen irratti mari'achuun deebisaa.

1. Dhibeen garaa kaasaa, dhibee akkamiiti? Akkamiin nama qaba?
2. Mallattooleen dhibee garaa kaasaa maal fa'i?
3. Miidhaa inni guddaan dhibeen kuni qaqqabsiisu maali?
4. Dhibee kana akkamiin ofirraa ittisuun danda'ama?
5. Nama dhibee kanaan qabameef yaalii akkamiitu godhamuufii danda'a?
6. Fakkiin armaan gadii dhibee garaa kaasaa ilaalchisee ergaa maalii dabarsa?



**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu.

A. Barreeffama gaditti dhihaate saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan kanneen deebisi.

1. Dhibeen garaa kaasaa namoota umrii hagamiitti hammaata?
2. Dhibeen tokko garaa kaasaa ta'uu isaa akkamiin beekna?
3. Dhibeen garaa kaasaa gosa meeqatu jira?
4. Sababoonni gurguddoon dhibee garaa kaasaa meeqatu ibsame?
5. Nama dhibee kanaan qabame akkamiin yaaluun danda'ama?

## Garaa Kaasaa

Dhibeen garaa kaasaa sababoota du'a daa'imman umrii waggaa shanii gadii keessaa dhibee sombaatti aanee sadarkaa lammaffaa qabata. Dhibeen kun addunyaarratti waggaatti daa'imman miiliyoona 1.5 ajjeesa. Garaa kaasaan guyyootii heddu namarra turuun bishaanifi soogidda/ashaboo jireenyaaf barbaachisan qaama namaa keessaa fixuu danda'a. Namoonni sababa dhibee kanaatiin du'an garri irra jiran sababa dhangala'aan qaama keessaa dhumuun gogiinsa qaamatiin du'u. Keessattuu daa'imman nyaata gahaa hinarganneefi kan dandeettiin dhibee ofirraa ittisuu qaama isaanii gadi bu'e, dhibee lubbu-galaafataa kanaaf saaxilamoodha.

Dhibeen tokko dhibee garaa kaasaati jechuuf, namni dhibee kanaan qabame guyyaatti si'a sadi ykn sanaa ol gad-teechumma (bobbaa) qallaa akka bishaanii gadi taa'uu qaba. Gama biraatiin namni dhibee kanaan qabame saffisa irra deddeebii yeroo fayyaa ture ittiin gadi taa'u caalaa, irra deddeebi'ee gadi taa'uu qaba. Haa ta'u malee gadi teechumni qallate hundi mallattoo garaa kaasaa ta'uu hinmalu. Fakkeenyaaf, daa'imni harma hodhu gadi teechuma qallaa walharkisu gadi taa'uu danda'a. Garaa kaasaan yeroo baayyee mallattoo dhibee mari'imaanii kan sababa baakteeriyoota, vaayirasiifi maxxantoota gosa adda addaatiin uummamu. Ogeeyyiin fayyaa dhibeen kun gosoota adda addaa sadi akka qabu ibsu. Isaaniis:

1. Garaa kaasaa daran cimaa ta'eefi gad-teechuma bishaan fakkaatu gadi nama teechisu ta'ee, sa'aatii ykn guyyoota hedduuf namarra turuu danda'a. Fakkeenyaaf, Koleeraan garaa kaasaa akka kanaa keessatti ramadama.
2. Gadi-teechuma cimaa dhiiga makatee. Kuni Afaan Ingliiziitiin 'Dysentry' jedhama.
3. Garaa kaasaa walirraa hincinne kan torbee lamaafi sanaa ol turu.

Akka Dhaabbata Fayyaa Addunyaa (WHO)tti, waggaa tokkotti namoonni biiliyoona lamaa ol dhibee kanaan niqabamu. Dhibeen kun baayyinaan bishaanifi nyaata faalameerraa ka'a. Addunyaarratti namni biiliyoona tokkoo ol bishaan qulqulluu hinargaatu; biiliyoonni 2.5 ol ammoo qulqullina bu'uuraa hineeggatan. Haalli akkannaa kun ammoo biyyoota misoomaa jiran keessatti bal'inaan mul'ata. Fkn, bara 2004 keessa dhibeen garaa kaasaa sababoota du'a namoota biyyoota galii gadi-aanaa qabanii keessaa sadarkaa sadaffaa qabachuun du'a namoota 6.9% qaqqabsiisee ture. Daa'imman miiliyoona 1.5 bara kana sababa garaa kaasaatiin du'an keessaa 80% umrii waggaa lamaa gadi turan.

Sababoonni gurguddoon dhibee garaa kaasaa kan armaan gadiiti.

- Bishaan gad-teechuma (boolii) namaatiin faallame dhugaatiif, nyaata bilcheessuufi qulqullinaaf fayyadamuu. Dhoqqeefi bobbaan beeyladoota biroos lubbu-qabeeyyii ijaan hinmul'anne kan dhibee kanaaf sababa ta'an

qabaachuu mala.

- Hanqinni nyaataa mataa isaatiin dandeettii uumamaan qaamni dhibee ofirraa ittisu dadhabsiisuun dhibichaaf nama saaxiluu danda'a.
- Nyaanni yoo qulqullinaan qophaa'uu baateefi iddoo qulqulluutti kuufamuu ykn kaa'amuu baate, dhibee kanaaf sababa ta'a.
- Nyaanni bonee bishaan faalameen oomishame, qurxummiifi nyaatonni biroo bishaan faalamaa/xuraa'aa keessaa funaannamanis sababa dhibee kanaa ta'uu malu.

Dhaabbanni Fayyaa Addunyaa dhibee kana ofirraa ittisuuf falawwan armaan gadii kaa'eera.

- Bishaan dhugaatii qulqulluu argachuu,
- Naannoo qulqulluu jiraachuu,
- Daa'imni dhalatee hanga ji'a ja'aatti harma haadhaa qofa hoosisuu,
- Qulqullina dhuunfaafi nyaataa eeggachuu,
- Nyaata qopheessuun dura, nyaata nyaachuun dura, yeroo man fincaanitii baneefi yeroo hojii harka keenya xureessuu danda'u hojjenne hunda harka dhiqachuu, kan daa'immaniis dhiquu. Harka dhiqachuun dhibee garaa kaasaa hanga 40%n hanbisuun nidanda'ama.
- Akkaataa dhibbeewwan ittiin daddarbanirratti hawaasaaf barnoota laachuu,
- Talaallii 'rootavaayiras' jedhamu fudhachuudha.

Gargaarsa nama dhibee kanaan qabamuun dhangala'aan qaama isaa gadi bu'ee miidhaameef taasifamu keessaa inni tokko, bishaan qulqulluu, soogidda/ashaboofi shukkaara walitti makanii obaasuudha. Yaaliin kun salphumatti mana keenyatti gatii salphaan kan qophaa'uu danda'u ta'us, gaheen inni lubbuu namaa baraaruuf qabu olaanaadha. Kanatti dabalataan, akka dandeettiin qaamaa dhibee offirraa ittisuu cimu soorata madaallawaa nyaachuudha. Inni biraafi murteessan ammoo gara mana yaalaa deemuun yaallamuudha.

"Qulqullina dhuunfaa keenyaafi naannoo keenyaa eeggachuun dhibee garaa kaasaarraa of haa baraarru."

B. Barreeffama armaan olii sakatta'aan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dhibeen garaa kaasaa addunyaarratti waggaatti daa'imman meeqa ajjeesa?
2. Namni dhibee garaa kaasaatiin qabame, guyyaatti si'a meeqa gadi taa'a?
3. Dhibeen garaa kaasaa mari'maan maal maalin yoo miidhamu(madaa'u) uumama?
4. Waggaatti namoota meeqatu dhibee kanaan qabama?
5. Addunyaarratti nama meeqatu bishaan dhugaatii qulqulluu hinarganne?
6. Biyyoota galiin isaanii gadi-aanaa ta'e keessatti bara kam, namoonni meeqa dhibee garaa kaasaatiin du'an?

C. Barreeffama armaan olii suuta hubannoon dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Dhibeen sadarkaa tokkoffaatti sababa du'a daa'imman umrii waggaa shanii gadii ta'e maali?
2. Garaa kaasaan akkamiin nama ajjeesuu danda'a?
3. Daa'imman nyaata gahaa hinarganne maaliif caalmaatti dhibee kanaaf saaxilamu?
4. Dhibee garaa kaasaa dhibeewwan biroorraa akkamiin adda baasnee beekuu dandeenya?
5. Gosa sadan dhibee garaa kaasaa adda baasii ibsi.
6. Sababoonni dhibee garaa kaasaa maal fa'i?
7. Dhibeen garaa kaasaa biyyoota misoomaa jiranitti maaliif hammaata?
8. Garaa kaasaan akkamiin nyaata boneen oomishaameefi qurxummiirraa nama qabuu danda'a?
9. Daa'imni dhalatee hanga ji'a jahaa harma haadhaa qofa hoosisuun akkamiin dhibee garaa kaasaarraa ittisuu danda'a?

10. Bishaan qulqulluu, soogidda/ashaboofi shukkaara walitti makanii dhuguun akkamiin nama dhibee kanaan miidhame gargaaruu danda'a?

D. Jechoonni armaan gadii barreeffama olitti dubbiste keessaa bahan. Jechoota kanneeniif hiika isaan akka galumsaatti qaban barreessi.

1. saaxilamoodha
2. bu'uuraa
3. qaqqabsiiseera
4. kuufamuu
5. funaannaman
6. falawwan
7. madaallawaa

E. Jechoota 'D' jala jiran torbaniin himoota mataa kee barreessuun dareef dubbisi.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Hubannoo barreeffamicharraa argatteefi muuxannoo keerraa ka'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Barreeffama dubbisterraa hubannoo argatte gabaabsii jechoota keetiin dareetti himi.
2. Odeeffannoowwan barreeffamicha keessatti ibsamaniifi hubannoon dhibee kanarratti uummanni naannoo keetii qabu hagam walsima?
3. Dhibee kana ittisuuf eenyurraa maaltu eeggama jetta? Keessumattuu ga'een hawaasa manneen barnootaa maal ta'uu qaba?
4. Hiyyummaanifi dhibeen kun akkamiin walqabatu?
5. Furmaanni amansiisaan dhibee kanaa maali jetta?

## Barannoo 2: Caasluga: Akaakuu Maqibsaafi Gochimaa

### Yaadannoo

### A. Maqibsaafi Gosoota Isaa

Maqibsi maqaa ykn bamaqaa ibsa. Kana jechuun waa'ee maqaa ykn bamaqaarratti odeeffannoo dabalataa kenna.

Fkn: Talileen cimtuudha. Ishiin bareedduudhas.

Jechi **cimtuu** jedhu, Taliilee ibsa; inni **barreedduu** jedhu ammoo maqibsa ishii jedhu ibsa. Kanafuu jechoonni **cimtuufi barreedduu** jedhan maqibsoota. Afaan Oromoo keessatti maqibsi maqaa ykn bamaqaa ibsamu sana booda dhufa.

**Gosoota Maqibsaa**

Maqibsi gosoota armaan gadii qaba.

1. Maqibsoota baay'inaa

   Fkn: Barattoonni **hundi** qulqullina dhuunfaa isaanii eeggachuu qabu.

   - Daldaltichi midhaan **baay'ee** bite.

2. Maqibsoota lakkoofsa agarsiisan

   Fkn: Sababa balaa konkolaataa kaleessa uumameen namoonni **kudhan** dhuman.

   Lakkoofsi **kudhan** jedhu maqaa namoonni jedhu ibsa.

3. Maqibsoota abbummaa agarsiisan

   Fkn: Barsiistuun **teenya** baayyee cimtuudha.

   -Miidhaginni **ishii** nama hawwata.

4. Maqibsoota iyyaafannoo agarsiisan.

   Fkn: a. Dhaabbanni fayyaa kun ummata **meeqa** tajaajila?

   b. Mul'anni kee **maali**?

Hima 1ffaa keessatti maqibsi **meeqa** jedhu maqaa ummata jedhu ibsa. Hima 2ffaa keessatti maqibsi **maal**i jedhu, maqaa mul'ata jedhu ibsa.

5. Maqibsoota maalummaa agarsiisan

Fkn: Namichi dheeraan sun eessuma kiyya.

- Loon Horroo aannan baayyee elmamu.

Hub: Maqibsoonni maalummaa agarsiisan maalummaa, bifa, amalaafi kkf ibsu.

**B. Gochimaafi Akaakuu Isaa**

i. Maalummaa gochimaa

Gochimni wanta himni waa'ee matimaa ilaalchisuun jedhu ibsa.

Fkn.
1. Daraartu **kofalte**.
2. Bosonni baayyeen **manca'e**.
3. Namni sun hamaa**dha**.
4. Barattoonni heddu qormaata **darban.**

Gochima hima tokkoo salphumatti beekuuf/adda baasuuf, gaaffii "Himni waa'ee matimaa ilaalchisee maal jedha?" jedhu gaafadhu. Deebiin gaaffichaa gochima. Hima keessatti matimniifi gochimni waliin deemuu qabu. Matimni qeenxeen gochima qeenxee waliin yoo deemu, matimni danuun gochima danuu waliin deemuu qaba.

Fkn. 1. Isaan dhufan.

2. Inni dhufe.

Hima 1ffaa keessatti danoomni gochimaa dham-jecha -an jedhuun yoo ibsamu, qeenxummaan ammoo, dham-jecha -e jedhuun ibsama.

ii. Akaakuu gochimaa

Wanta gochimni, hima keessatti matima ilaalchisuun ibsurratti hundaa'uun, gochima akaakuu adda addaatti qooduun nidanda'ama. Fkn:

1. Gochimoota gocha agarsiisan

Fkn: Dabaleen konkolaataa bite.

Baratаan foddaa cabse.

2. Gochima ta'umsa agarsiisan

Fkn: 1. Hundeen barsiisaa**dha**.

2. Ishiin obboleettii koo**t**i.

Hima 2ffaa keessatti dham-jecha **-ti** jedhutu ta'umsa agarsiisa.

3. Gochima walqabsiistuu( walitti firoomsituu)

Fkn: 1. Dabalaan barsiisaa **ta'e**.

2. Jiituun haadha ishii f**akkaatti**.

Hima 1ffaa keessatti gochimni ta'e jedhu matima Dabalaa jedhuufi barsiisaa walitti qabsiisa. Hima 2ffaa keessatti ammoo gochimni fakkaatti jedhu Jiituufi haadha ishii wal qabsiisa.

4. Gochima darbeeyyii (transitive verb)

Fkn.

• Jabaan qeerrensa ajjeese.

Hima kana keessatti gochi ajjeesuu mathima Jabaan jedhurraa gara anthima qeerransa jedhutti darbeera.

Gama biraatiin,

• **Qeerransi Jabaadhaan ajjeefame**, jechuu dandeenya.

5. Gochima faaldarbeeyyii (intransitive verb)

Fkn.

• Gurbaan guddate.

Hima kana keessatti gochi mathima Gurbaan jedhurraa eessumattuu hindabarre. Kanaaf, gochima faaldarbeeyyii ykn kan hindabarre jenna jechuudha.

## Shaakala Maqibsaafi Gochimaa

**Gilgaala 4:**

Himoota armaan gadii keessatti maqibsootaafi gochimoota adda baasuun gosa/akaakuu isaanii himi.

1. Barattoonni muraasni qormaata kufan.
2. Intala abshaala saniin hinmichoomiin.
3. Fardeen isaanii garbuu keenya nyaatan.
4. Abbaan Tolaa hoolota torba gurgure.
5. Namichi sanyii facaasu kun Margaadha.
6. Ganda keenya keessaa eenyu beekta?
7. Intalli abbaa Galgaloo sun 'Moonaaliizaa' fakkaatti.
8. Foon sangoota Salaalee nimi'aawa.
9. Gurbaan magaalli sun nimiidhaga.
10. Namoonni tokko tokko dhibee garaa kaasaa ilaalchisuun hubannoo dogoggoraati qabu.

## Barannoo 3: Barreessuu

**Gilgaala 5:** Shaakala Himoota Sababaafi Bu'aa

Himoota armaan gadii keessatti sababa si'a tokko, bu'aa ammoo si'a lama jala sarari.

Fkn: <u>Dhibeen garaa kaasaa</u>, <u>du'a daa'imman hedduu qaqqabsiise.</u>

1. Hanqinni roobaa bara darbe uummame, beela fide.
2. Roobsan yeroo hunda cimee waan qo'atuuf daree keessaa 1ffaa bahe.

3. Dhibeen garaa kaasaa bishaanifi nyaata qulqullina hinqabnerraa dhufa.
4. Ummanni Chaayinaa wanta cimee hojjetuuf saffisaan hiyyummaa keessaa bahaa jira.
5. Addunyaarratti du'a daa'immaniif sababni sadarkaa tokkoffaan dhibee sombaati.
6. Hanqinni nyaataa dhibee garaa kaasaatiif nama saaxila.
7. Ooggantoonni biyyoota tokko tokkoo wanta fedhii ummata isaanii hineegneef humnaan taa'itaa isaaniirraa fonqolchamu.
8. Jaalatamniifi kabajamni Onesmoos Nasiib ummata Oromoo biratti qabu, hojii qabatamaa inni ummatichaaf hojjeterraa burqa.

**Yaadannoo**

Yaadni haqaa yaada yoomumaa, eenyuma biratti, eessattuu dhugaa ta'e,

kan qu'annoo ykn dhugaa waliigalaarratti hundaa'e agarsiisa. Yaadni dhuunfaa garuu ilaalcha, hubannoo ykn amantaa nama tokkoo agarsiisa.

Fknf: Yaadni,"Finfinneen handhuura Oromiyaati," jedhu yaada haqaati; yaada, yoomuma, eenyumtuu hinmormine.Yaadni, "Finfinneen magaalaa bareedduudha," jedhu garuu yaada dhuunfaati. Sababni isaas, magaalaattiin bareedduudha jechuun yaada namoota dhuunfaa malee kan hundaa ta'uu hindanda'u. Namoonni miti jedhan jiraachuu malu.

## Gilgaala 6: Shaakala Yaadaa Haqaafi Dhuunfaa

Himoota armaan gadii keessaa kam kamtu yaada haqaa akka ta'an, kam kamtu ammoo yaada dhuunfaa akka ta'an adda baasuun sababa waliin ibsi.

1. Kilabiin kubbaa miilaa akka 'Arsenaal' cimaan hinjiru.
2. Magaalli guddoon Xaaliyaanii 'Room' jedhamti.
3. Caccabsaan baayyee mi'aawa.
4. Obbo Nagawo sooressa badaadha.
5. Tolchaan Siifan baayyee jaalata.
6. Magaalaan Finfinnee aanota hedduu qabdi.
7. Addunyaa keessatti waggaa tokkotti uummata biiliyoona lamatu dhibee garaa kaasaatiin qabama.
8. Adaamaan bashannanaaf mijattuudha.
9. Cimanii hojjechuun nama sooromsa.
10. Shamarri akka Biqiltuu miidhagdu gonkuma hinjirtu.

### Yaadannoo

**Amaloota keeyyataa**

Keeyyanni haala gaariin barreeffame tokko amaloota armaan gadii qaba.

1. Tokkummaa

   Keeyyaanni barreeffama himoota heddu of keessaa qabu yoo ta'u, qaamota addaddaa qaba. Isaaniis, kan armaan gadiiti.

   a) Mata-duree: Mata-dureen keeyyatichi dhimma maaliirratti akka barreeffamu ibsa.

b) Hima ijoo keeyyataa: Himni kun yeroo heddu kan jalqaba keeyyataarratti dhufu yoo ta'u, ergaa keeyyatichaa gabaabsee ibsa.

c) Deeggartoota/himoota callaa: Himoonni keeyyaticha keessatti yaada hima mataa keeyyataa keessatti ibsame san caalmaatti ibsuuf/babal'isuuf ykn gabbisuuf barreeffaman deeggartoota ykn gabbistoota jedhamu.

d) Hima guduunfaa (goolabaa): Himni kun kan dhuma keeyyataarra dhufu ta'ee, dhuma keeyyatichaa agarsiisa.

Tokkummaa yoo jennu, himoonni keeyyata tokko keessa jiran hundi wal-deeggaruu/ walfakkaachuu qabu. Himoonni deeggartoota ta'an hundi, waa'ee hima ijoo keeyyataa ibsuu qabu. Himoota deeggartootaa kanneen keessaa tokko ykn tokkoo ol yaada hima ijoo keeyyata saniin ala taanaan tokkummaan hafuu isaati.

2. Walqabannaa (walta'umsa)

Himoonni keeyyata tokkoo, tokkichummaa osuma qabanuu, yoo sirriitti tartiiba qabachuun qindaa'uu baatan, keeyyata gaarii ijaaruu hindanda'an. Kanaafuu, yemmuu keeyyata barreessinu, yaadota keenya tartiiba ifa ta'e qabsiifnee barreessuu qabna.

3. Guutummaa

Dhimmi keeyyata tokko keessatti ka'e tokko rarra'ee osoo hinhafiin guutumaa guutuutti barreeffamuu qaba. Yoo guutummaa dhabe, namni keeyyaticha dubbisu ergaa guutuu irraa argachuu hindanda'u.

**Gilgaala 7:** Shaakala Keeyyata Barreessuu

Mata-duree 'Sababoota Dhibee Garaa Kaasaa' jedhurratti keeyyata amaloota keeyyata gaarii armaan olitti ibsaman guuttate barreessii barsiisaan kee akka siif ilaalu itti agarsiisi.

# Boqonnaa 9: Sirna Gadaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa matadure “Sirna Gadaa” jalatti dhiyaate dubbisuun hubanno cimsatta.
- jechootaaf hiika galumsaa kennita.
- gosoota walqabsiisota addaan baasuun itti fayyadamta.
- caasaa himaa addaan baasuun himta.
- gochibsaafi  gosoota isaa hima keessa galchuun hubatta.

## Barannoo 1: Dhaggeeffachuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dhaggeeffachuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dhaggeeffachuutti hince’in dura gareen irratti mari’adhaa.

1. Aadaa jechuun maal jechuudha?
2. Faayidaan aadaa maal fa’i jettanii yaaddu?
3. Aadaa hawaasa naannoo keessan keessa jiran keessaa maal fa’i beektu? Ummanni naannoo keessanii akkamiin aadaa kan calaqqisiisu? Aadaa isa kamiin kan jarri caalaa beekaman?
4. Aadaawwan hawaasa naannoo keessanii keessaa inni baayyee isinitti tolu isa kami? Inni baayyee isinitti hintollehoo? Maaliif?

B. Jechoota armaan gadii kana osoo gara caqasuu hinseeniin dura, hiika isaanii tilmaamaa.

1. bocu  2. maalummaa  3. mallattoo  4. calaqqisiisuu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dhaggeeffachuu

A. Barreeffama barsiisaan kee siif dubbisu dhaggeeffachaa iddoo duwwaa siif kenname guuti.

1. Aadaan ________fi ____________ ummanni garee hawaasummaa tokko keessa jiru baratu, uumuufi bocu.
2. Aadaan ummata tokkoo __________, __________, __________ , _________, ____________,______________,___________,____________,___________fi ________ dabalata.
3. Hawaasni tokko maalummaa isaa kan calaqisiisu ________isaatiini.
4. Kana malees, aadaan amaloota adda isa godhan bayyee qaba.

   Tokkoffaa____________________________________.

   Lamaffaa____________________________________.

   Sadaffaa______________________________________.
5. Haaluma kanaan, namoonni hedduun aadaan kamiyyuu kan biraarraa adda ta'uu isaa hubachuun aadaawwan hunda______________ kabaju.
6. Walumaagalatti, aadaan maalummaafi jireenya hawaasa tokkoo calaqisiisurra darbee ___________fi _____________ hawaasa sanaaf faayidaa heddu qaba.

B. Barsiisaan keessan barreeffamicha irra deebi'ee siif dubbisa. Ati ammoo cal'isaan dhaggeeffachaa, gaaffiiwwan itti aanan “dhugaa” yookiin “soba” jechuun sababa isaa wajjin ibsi.

1. Aadaan uumamaan waan argamuudha.
2. Hawaasni kamiyyuu aadaa walfakkaataa qaba.
3. Haala waliigalaatti aadaa jechuun haala gareen hawaasa tokko keessa jiraatu jechuudha.
4. Aadaan mallattoo maalummaa hawaasa tokkooti.

5. Aadaa tokko guutumaa guutuutti beekuuf dirqama aadaa sana keessatti dhalachuu yookaan guddachuu hinbarbaachisu. Namni aadaa hawaasa sanaan ala ta'e tokko barumsaan aadaa sana guutumaa guututti beekuu waandanda'uuf.

### Gilgaala 3: Shaakala Dhaggeeffachuun Boodaa

Dubbisa dhaggeeffattan muuxannoo keessan wajjin walqabsiisun gaaffiiwwan armaan gadii irratti gareen mari'adhaa.

1. Yaadni yookaan ergaan dubbisa mata duree 'Aadaa' jedhu irratti dhaggeeffatte maali?
2. Barreeffamni aadaa irratti barsiisaan kee siidubbisan ilaalcha ati aadaa irratti kanaan dura qabdu wajjin hangam walsiisimeera? Gara biroon, hubannoon ati aadaa irratti kanaan dura qabdu hangam siicimseera? Hangam sijalaa faallesseera? Barreeffamicharraa waan haaraa maal fa'i hubadheera jettee yaadda?
3. Waa'ee aadaa barattoota daree keetii akka barsiistuuf carraan osoo siif kennamee dhimmoota aadaa kam fa'i irratti xiyyeeffachuun barsiista?

## Barannoo 2: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 4: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti dhiyaate osoo hindubbisiin dura gaaffiiwwan armaan gadiirratti gareedhaan mariyaadhaa.

1. Aadaa Oromoo keessaa maal fa'i beektu?
2. Waa'ee Sirna Gadaa maal beektu?
3. Hawaasni Oromoo naannoo keetii akkamitti walbulcha? Sirna bulchiisa aadaa irratti hundaa'e qabaa?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuu hinseeniin dura, hiika isaanii tilmaami.

1. laayyoo   2. yaa'ii   3. luboota

## Gilgaala 5: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseeniin dura, dubbisii qalbeeffadhu; sana booda, saffisaan dubbisaa gaaffiiwwan deebisi.

1. Gadaa jechuun maal jechuudha?
2. Sadarkaa Sirna Gadaa Booranaa ibsi.
3. Adeemsa Sirna Gadaa Oromoo ibsi.
4. Ayyaanni "Dagaagaa" eenyuun qophaa'a? Maaliif qophaa'as?
5. Mariin seera haaraarratti godhamu dargaggootaaf tajaajila maalii qaba?



## Sirna Gadaa

Ummanni Oromoo aadaa bal'aafi dagaagaa ta'e heddu qaba. Kanneen keessaa aadaan Sirna Gadaa isa tokko. Gadaan sirna ittiin bulmaata ummata Oromooti. Sirni kunis bakka adda addaatti haala adda addaa qabaachuu nimala. Ta'uyyuu garaagarummaa irra tokkummaa isaatu caalee mullata. Fakkeenyaaf, kan gara Booranaa yoo fudhanne, sadarkaa ja'aafi sanaa ol qaba. Isaanis Kuuchuu, Raaba, Dabballee, Doorii, Lubaafi Gadaa jedhamanii beekamau. Gara Shawaatti ammoo Ittigala, Dabballee, Foolleefi Luba jedhamanii beekamu. Kun kan nutti agarsiisu sadarkaas ta'ee, haalli Sirni Gadaa itti geggeeffamu garaagarummaa laayyoo qabaachuu isaati. Karaa biraatiin ammoo sirni guguddaan haaluma tokkoon kan adeemsifamu nijira.

Sirni Gadaa adeemsa mataa isaa qaba. Fakkeenyaaf yaa'ii Oromoonni odaa jalatti godhatan keessaatti  Abbaan Bokkuu karaa mirgaa yoo taa'u, qondaaltonni kaan karaa bitaa akka hangafummaa lammiifi umrii isaaniitti walitti aanuudhaan taa'u. Mariinis yammuu adeemsifamu, kan dubbatan hangafaafi quxisuu umriin waleeganiiti. Namoonni yaa'ii kanarratti argaman hunduu yaada kennuufis ta'e murtii dabarsuuf ilaalcha isaanii ibsuuf mirga guutuu qabu. Garuu murtiin “garee taayitaa gubbaa jiruun” tokkicha darbinaan hojiirra oolchuun garee hawaasa sanaati. Egaa yeroo Abbaan Bokkuu haaraan filatamu akkanumatti geggeeffama. Filannoon yaa'ii sanaan geggeeffamu Abbootii Bokkuu darban keessaa isa umriin hangafa ta'een yammuu ta'u, kennaa sagalee gaafa sanaa kan too'atan luboota taayitaa gad lakkisuuf qophii irra jiran. Namoonni tokko tokko lammii irraa filatamanii akkuma baayyina ummatichaatti bakka bu'uudhaan ergamu.

Haala adeemsa filannoo kanaan luboonni mo'atan guyyaa shanaffaatti taayitaa luboota darban irraa fudhachuun sadarkaa Abbaa Bokkuutti darbuuf ayyaana “Dagaagaa” jedhamu qopheessu. Ayyaanni kun kan dhangaan itti nyaatamee dhugamu, akkasumas waan mo'ataniif kan itti gammadamu. Odaa jalatti walgahiin godhamee aangoon Abbaa Gadaa haaraatti dabarfama. Barri haaraan nijalqabama. Abbaan Gadaa inni darbee Bokkuu (Baallii) Abbaa

Gadaa haaraatti kenna. Geeddarri aangoofi mootummaa walharkaa fuudhuu Bokkuutiin erga xumurame booda, mootummaaniifi qondaaltonni haaraan yaa'ii caffee sanaa irratti "seeraa haaraa" waggaa saddeettan dhufan ittiin biyya bulchan tumu.

Mariin seera tumuu osoo hin jalqabiin, Abbaan Gadaa inni haaraan buttaa qalee baala jiidha muka magariisaa irraa cabe dhiiga korma qalame keessa cuubee yaa'icha gidduu dhaaba. Aarsaan dhiiga sanaa ummanni Oromoo dhiigaafi hiddaan tokko ta'uu isaa ibsa. Baalli jiidhaan nageenya, dureessummaafi walhoruu ummata Oromoo ibsa. Marii kana irratti miseensonni hundi akka hangafummaa isaaniitti waleeganii yaada isaanii kennu. Yaanni gumaa qabu yoo dubbatame, alangaa quwaasuudhaan yaada bayeessa dubbachuu isaa calaqqisiisu. Namni hojiidhuma kanaaf ramadame jira.

Adeemsa marii seera haaraa irratti godhamu kun dargaggootaaf bakka itti dubbii dhaggeeffachuu baratan ta'ee tajaajila. Mammaaksa, hidda dhalootaafi seenaa isaanii wayitii dubbatamu dhaggeeffachuudhaan, dooyaa itti baratan taasifatu. Xumura dubbii irratti namni hunduu yaada isaa guduunfuuf qabxiilee irra darbe yookiin irraanfate yaadatee akka ibsu yeroon nikennamaaf. Caffichi seera irratti marii isaa yeroo xumuru, Abbaan Gadaa haaraan sun garee isaa wajjin ummatas bakka bu'uudhaan waaqa kadhatee, eebbisee, keessummoota dhufan geggeessa.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun "Dhugaa" yookiin "Soba" jechuun sababa wajjin deebii kenni.

1. Sirni Gadaa bakka adda addaatti haala walfakkaatu qaba.
2. Mariin Sirna Gadaa odaa jalatti yeroo adeemsifamu hirmaattota gidduutti garaagarummaan bakka taa'umsaafi tartiibaan dubbachuun hinjiru.
3. Namoonni yaa'ii Sirna Gadaa irratti argaman hunduu yaada kennuufis ta'e murtii dabarsuuf ilaalcha isaanii ibsuuf mirga guutuu qabu.
4. Mariin seera tumuu eega jalqabee booda, Abbaan Gadaa inni haaraan buttaa qalee baala jiidhaa muka magariisaa irraa cabe dhiiga korma qalame keessa cuubee yaa'icha gidduu dhaaba.

C. Gaaffiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteerratti hundaa'uun deebii kee barreeffamaan kenni.

1. Sirni Gadaa bakka adda addaatti haala adda addaa haaqabaatu malee, garaagarummaa isaa caalaa tokkummaa isaatu cimee mul'ata. Kun maaliif ta'e jettee yaadda?
2. Marii Sirna Gadaa irratti maaliif hangafniifi quxisuun waleeganii dubbatu?
3. Marii seera tumuu keessatti hojiiwwan Abbaa Gadaa isa haaraa maal fa'i?
4. Marii seera tumuu keessatti alangaa quwaasuun maal agarsiisa? Eenyutu quwaasa?

D. Jechoota kanaan gadiif akka galumsa jaraatti hiika sirriidha jettu filadhu. Jechoonni tokko tokko osoo hiika isaanii hingeeddariin bifa geeddarataniiru.

1. dagaagaa( keeyyata 1)

   A. gabaabaa B. bal'aa C. laafaa D. dhiyoo

2. adeemsa(keeyyata 2)

   A. jireenya. B seenaa C. akkaataa D. bakka

3. taayitaa( keeyyata 3)

   A. aangoo B. bittaa C. cimina D. qabeenya

4. tumuu(keeyyata 4)

   A. reebuu B. baasuu C. cabsuu D. fudhachuu

5. dubbii( keeyyata 5)

   A. lola B. waldiddaa C. haasaa D. beekumsa

### Gilgaala 6: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dubbisteefi muuxannoo kee wajjin walitti fiduun deebii kee barreeffamaan kenni.

1. Yaada dubbisa armaan olitti dubbiste bu'uureffachuun, yaada Sirna Gadaa irratti qabdu barattoota daree keetiif dhiyeessi.
2. Manguddoota naannoo keetii gaafachuun, waa'ee Sirna Gadaa irratti bareeffama tokko barreessuun daree keetiif dubbisi.
3. Adeemsa Sirna Gadaa keessatti namoonni tokko tokko lammii irraa filatamanii akkuma baayyina ummatichaatti bakka bu'uun ergamu. Adeemsi filannoo Sirna Gadaa kun, adeemsa dimokraasii hammayyaa wajjin maaltu wal isa fakkeessa?

## Barannoo 3: Caasluga

### Gilgaala 7: Shaakala Walqabsiistotaa

A. Walqabsiistota kanaan gaditti kennaman gosa gosa isaaniin adda baasuun barreessi.

| | |
|---|---|
| haata'u malee | hoo |
| akkuma | kanarraan kan ka'een |
| yookaan | kanaafiyyuu |
| osoo | garuu |
| dabalees | malee |
| waan akka | tahulle |
| kanaafuu | ta'us |
| yookaanis | karaa biraan |
| silaayyuu | ta'uyyuu |
| haaluma kanaan | ammoo |
| yookaan ammoo | akkasumas |
| haa ta'u | kanaa achi |
| kana malees | |

B. Walqabsiisota kanaan gadiitti kennaman irratti himoota mataa keetii ijaari.

| | | |
|---|---|---|
| 1. haaluma kanaan | 2. yookaan | 3. haata'u malee |
| 4. osoo | 5. kanaafuu | 6. kanaa achi |
| 7. karaa biraan | 8. akkasumas | |

## Gilgaala 8: Shaakala Caasaa Himaa

A. Himoota kanaan gadiitti kennaman keessaa mathima addaan baasuun barreessi.

1. Leenci hoolaa nyaate.
2. Inni barataadha.
3. Caaltuun kophee bitatte.
4. Gammadaan mana ijaare.
5. Tolaan waraabessa ajjeese.

B. Himoota kanaan gadiitti kennaman keessaa gochima addaan baasuun barreessi.

1. Mucaan laaqana nyaate.
2. Abbaan koo mana bal'aa ijaare.
3. Obboleettiin isaa mana barumsaa deemte.
4. Ishiin qalama naaf kennite.
5. Jarri kubbaa bitatan.

C. Himoota kanaan gaditti kennaman keessaa aantima addaan baasuun barreessi.

1. Inni kitaaba dubbise.
2. Ishiin huccuu miiccaa jirti.
3. Barattoonni mooraa mana barumsa isaanii qulqulleessan.
4. Obboleessi koo qarshii naaf liqeesse.
5. Jarri biqiltuu dhaaban.

## Gilgaala 9: Shaakala Gochibsaafi Gosoota Isaa

A. Gochibsa himoota kanaan gadii kessatti argaman addaan baasii barreessi. Gosa gochibsa kam akka ta'es agarsiisi.

1. Mucaan saffisaan deema.
2. Inni barnoota fedhiin barachaa jira.
3. Ishiin bor dhufti.
4. Nuti booda dubbanna.
5. Yoo nadhabde bakka kanaa ka'ii deemi.
6. Obboleessi koo waggaa waggaan dhufee nugaafata.
7. Barnoota Afaan Oromoo guyyaa guyyaan baranna.
8. Inni firaan biyya alaa dhaqe.
9. Barattoonni baayyinaan moraa mana barumsa isaanii qulqulleessuu irratti hirmaatan.
10. Ani maaliif akkan waamame naaf hingalle?

B. Gochibsa kanaan gadiirratti himoota mataa keetii ijaari. Gosa gochibsaa hima irratti ijaartes maddiitti barreessi.

1. amma
2. harra
3. darbee darbee
4. guutummatti
5. bal'inaan
6. eessatti
7. gaddaan
8. sodaan

**Yaadannoo**

Gochibsi hima keessatti gocha ibsuuf tajaajila. Haaluma kanaan, gosoota gochibsaa hedduutu argamu. Kanneen keessaa: Gochibsa akkaataa, gochibsa yeroo, gochibsa bakkaa, gochibsa irra deddeebii, gochibsa gaaffii, gochibsa sadarkaafi gochibsa firoomsituu gosoota ibsa gochimaa warreen gurguddoo ta'uun beekamu.

# Boqonnaa 10: Guddifachaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- aadaa Oromoo keessatti guddifachaan maal akka ta'e dubbisa dubbisuun hubatta.
- jechootaaf hiika sirrii kennita.
- keeyyata keessatti himoota callaa, himoota ijoofi hima goolabaa addaan baasuun hubatta.
- gumee qopheessuun keeyyata barreessita.
- itti fayyadama sirna tuqaalee irratti hubannoo gabbifatta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura, gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Naannoo keessanitti maatiin ijoollee maatiiwwan biraa fudhatanii guddisan jiruu? Akkam godhanii guddisu?
2. Osoo maatiin biraa maatii kee irraa sifudheen siguddisa jedhee akkam godhee maatiin sifudhate sun osoo siguddisee jaallatta?
3. Waa'ee guddifachaa maal beektu? Aadaa Oromoo keessatti guddifachaan bakka maalii qaba jettanii yaaddu?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

A. dungoo B. elellaa C. raaguu

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiin/saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Guddifachaa jechuun maal jechuudha?
2. Adeemsi guddifachaa maal fakkaata?
3. Gaheen jaarsaa adeemsa guddifachaa keessatti maali? Maal fa'i raawwata?
4. Mucaan guddifachaadhaaf fudhatame, maaliif maqaan isaa akka jijjiiramu godhama?
5. Erga mucaan guddifachaadhaaf fudhatame booda maaltu raawwatama?

### Guddifachaa

Kabajniifi jaalalli ijoolleen saba Oromoo keessatti qaban baayyee guddaadha. Sabni Oromoo yeroo ijoollee guddisu akka isaan bashannananii yaaddoo tokko malee guddatan hanga danda'ametti niyaala. Nyaata illee yeroo nyaatu ijoolleen dungoo qabanii hindhaabbatanu, wajjin nyaatu malee. Kanaan ol, Oromoon yoo ilma dhabe kan nama biraa fudhatee akka kan isaatti guddisa. Kun guddifachaa jedhama.

Guddifachaan adeemsa mataa isaa qaba. Kunis warri ijoollee dhaban warra ijoollee qaban haalli ittin ijoollee isaanii guddifachuuf gaafatan seera mataa isaa qaba. Adeemsa isaas warri mucaa dhaban warra ijoollee lama, sadii yookiin afur qaban biratti nama iccitii eegu tokko erganii warra ijoollee kanaa ilaalchisu. Kanaan booda abbaan abaluufi haati abaluu ijoollee keessan keessaa abalun guddifachuu waan barbaadaniif warra mucaa dhaban kanaaf yoo laattan maal ta'a? jedhee jaarsi dhaqee gaafata. Deebi'aniis, yaada warra mucaa warra guddisuu barbaadutti himu.

Deebii jaarsi warra mucaa qabanii irraa argatanitti aanuun wantoonni raawwataman nijiru. Isaanis, yeroo deebii gaarii argatan, warri guddifachuu

barbaadan waan mucaan uffatu qopheessu. Haati warraa warra mucaa guddisanii elellaafi caaccuu keewwattee jaarsa dubbii beekuufi ijoollee ol adeemaa ta'e kadhatee baayyatanii gara mana warra mucaa dhaqu. Achi gahanii warri mucaa barbaadan akka isaan guddisan yoo eeyyama kennan abbaafi haadhaaf uffata uwwisanii namoota wajjin mucaa fudhatanii gaara mana isaaniitti galu. Mucaan erga mana ga'ee booda maqaa gaarii ta'e haaraa baasuuf. Maqaa isaa isa duraa nidhiisu. Sababni isaas mucaa haaraa akka godhatanitti lakkaa'anii maqaa ofii isaanii moggaasuufi.

Kana booda, mucaa guddifachaa kanaaf, kunuunsi gaariin nitaasifamaaf. Umriin mucaa guddaa yoo ta'e illee, haati (ishiin guddiftu) baattee akka mucaa ishiitti urursiti, harma ishiis nihoosifti. Itti aansuun biqila(farsoo), booka(daadhii), buddeenaafi aannan dhiyeessanii abbaan warraafi haati warraa (warri guddisan) waan dhiyaate kana wal-duraa duubaan unachiisanii eebbisu. Marqaan tolfamee nyaatama. Mucichas akkas jedhanii eebbisu: "Quufaan raagi, bookaan raagi, biqilaan raagi, aannaniin raagi!" jedhu. Erga eebbisanii booda, namoota waamanii fuulduratti qabeenyaan keenya kan isaati. Mannis, kan manaa qabnus, kan alaa qabnus hundinuu kan mucaa keenyaati jedhu. Akkasumas qomoo isaanii jedhama.

Walumaagalatti, guddifachaan kun aadaa Oromoo irraa fudhatamee yeroo ammaa akka seera jabanaatti seerumaan ittiin hojjetamaa jira. Kanaafuu, guddifachaan saboota adda addaa keessatti jaalala, tokkummaa, walitti dhufeenya, wal mararsiifannaafi wal-wajjin jiraachuudhaan tokkummaa uumuu nidanda'a.

B. Dubbisa armaaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii "dhugaa" yookaan "soba" jechuun sababa isaanii wajjin deebisi.

1. Sabni Oromoo yeroo ijoollee guddisu akka isaan bashannananii yaaddoo tokko malee guddatan hanga danda'ametti niyaala.
2. Ijoolleen guddifachaaf fudhataman yeroo maatiin isaan guddifate nyaata nyaatan dungoo qabanii dhaabbatu.
3. Mucaan guddiffachaaf fudhatame maqaa lama qabaatee guddata:

maqaa isa haaraaf isa durii.

4. Umriin mucaa guddifachaaf fudhatame guddaa yoo ta'e illee, haati (ishiin guddiftu) baattee akka mucaa ishiitti urursitee guddisti.
5. Guddifachaan yeroo ammaa aadaa Oromoo irraa fudhatamuun akka seera jabanaatti seerummaadhaan ittiin hojjetamaa jira.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee waliitti fiduun deebisi.

1. Aadaa Oromoo keessatti guddifachaan faayidaa maalii qaba jettee yaadda?
2. Naannoo keetti aadaan guddifachaa maal fakkaata?
3. Maatiin kee mucaa maatii biraa guddifachuuf yoo barbaade, maatii kee maal gorsita? Akkam godhee mucaa guddifachaaf fudhate akka guddisu barbaadda?
4. Naannoo keetti maatii mucaa maatii biraa fudhachuun guddisaa jiru tokko bira deemuun akkam godhanii mucicha akka guddisaa jiranu irratti barreeffama tokko qopheessi. Barreeffama kees daree keetiif dubbisuun irratti mari'adhaa. Barreeffama kee keessatti maqaa maatiif maqaa mucaa ibsuun sihinbarbaachisu.

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoonni kanaan gadii dubbisa armaan olitti dubbiste keessaa kan bahan. Akka galuumsa isaaniitti hiika isaanii barreessi. Itti aansuun hiika kenniteef ifa gochuuf himoota mataa keetii irratti ijaari.

| | | |
|---|---|---|
| 1. kabaja | 2. fuudhee | 3. iccitii |
| 4. qondaaltota | 5. urursiti | |

B. Jechoota kanaan gaditti kennamaniif hiika sirrii ta'e tokko filadhu.

1. hirrina
   A. rakkina B. mudaa C. guutuu D. muraa
2. mirqaansuu
   A. qummaaduu B. burraaquu C. jaallachuu D. gammachuu
3. jibbamuu
   A. jaallatamuu B. masifamuu C. balfamuu D. dhiitamuu
4. miliquu
   A. darbuu B. dhokachuu C. sokkuu D. deemuu
5. faaluu
   A. dibuu B. safaruu C. qooduu D. yaaluu

## Gilgaala 5: Shaakala Sirna Tuqaalee

Himoota kanaan gadii keessatti bakka barbaachisaa ta'e hundatti sirna tuqalee sirrii galchuun irra deebi'ii barreessi.

1. Kaayyoon Tolaa waan sadii barnoota beekamummaafi mana ijaaruu.
2. Haati koo waan afur bittee dhufte dabtara qalama kopheefi uffata.
3. Sirna Gadaa keessatti ilmaan kormaa sadarkaa torba keessa darbu Dabballummaa Gaammoma Dagaggooma Kuusama Raaboma Gadoomafi Yubooma.
4. Mata duree kanaan gadii irratti mariyaadhaa.
5. Naannoo keenyatti lubbu qabeeyyii hedduutu argamu.

# Barannoo 3: Barreessuu

## Gilgaala 6: Shaakala Keeyyata Barreessuu

A. Keeyyata kanaan gadii keessaa himoota ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasuun gabatee kenname kessatti barreessi.

Sirni Gadaa bu'uura dimookiraasiifi sirna siyaasaa ummata Oromoo ta'ee hojjeta. Sirnichi aadeemsi siyaasaa ummata Oromoo bifa maalii qabaatee deemuu akka qabu illee niagarsiisa. Akka Sirna Gadaatti aangoon dhimma saba sanaa hunda bulchuufi seera tumuun kan ummataati. Kana jechuun warri biyya bulchan ummataan filatamu. Ilmi dhiiraa kan waggaafi gogeessi Gadaan kan isaa ta'e, filuufi filatamuuf mirga guutuu qaba. Walga'ii ummataa irratti, hirmaattonni hundi sodaa tokko malee yaada ibsachuuf mirga qabu. Walumaagalatti, sirni Gadaa sirna dimokiraasiiti jechuu nidanda'ama.

| Hima Ijoo | Himoota Callaa | Hima Goolabaa |
|---|---|---|
| | | |

B. Matadureewwan kanaan gaditti kennaman keessaa tokko filachuun keeyyata irratti barreessi. Keeyyata kee keessaas himoota ijoo, hima callaafi hima goolabaa addaan baasuun barreessi.

1. Qilleensa naannooo
2. Aadaa fuudhaafi heerumaa
3. Faayidaa nageenyaa
4. Adeemsa baruufi barsiisuu
5. Teeknooloojii ammayyaa

## Gilgaala 7: Shaakala Gumeefi Barreeffama Qopheessuu

Fakkeenya kanaan gadiitti dhiyaate sirriitti hubadhu. Itti aansuun matadureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessiterrattis barreeffama tokko barreessi.

Fakkeenya

Gumee

1. Afaan akkamiin jalqabame
    - 1.1 Amantaa
    - 1.2 Sagalee naannoo
    - 1.3 Sochii qaamolee namaa
    - 1.4 Sammuu namaa
2. Faayidaa afaanii
    - 2.1 Walqunnamtii
    - 2.2 Aadaa
    - 2.3 Eenyummaa

Barreeffamni kanaan gadii gumee armaan olitti dhiyaate irratti hundaa'uun qophaa'e.

Dhimmoota deebii quubsaa hinarganne keessaa tokko jalqabiinsa afaaniiti. Afaan yoom, eessattiifi akkamiin akka jalqabame afaan guutanii dubbachuun rakkisaadha. Haata'u malee, hayyuuleen afaanii adda addaa jalqabiinsa afaanii ilaalchisanii yaada-rimee adda addaa kennu. Yaad-rimeen inni jalqabaa jalqabiinsa afaaniifi amantaa waliiti fida. Akka yaad-rimee kanaatti uumaan afaan uume tokko jira kan jedhu. Yaad-rimeen inni lammaffaa ammoo madda afaanii sagalee naannoo keenya keessatti dhageenyu wajjin walqabsiisa. Hayyuuleen yaada-rimee kana deeggaran, maddi jechoota afaan tokkoo sagaleewwan naannoorraa dhagaa'amu jedhu. Inni sadaffaan, madda afaanii sochii qaamolee keenyaatiin walitti fida. Akka yaad-rimee kanaatti namoonni jalqaba sochii qaamolee isaanitiin walqunnamu turan. Adeemsa keessa sochii

qaamolee kanneenii jechootaan bakka buusan jedha. Yaad-rimeen inni afraffaa madda afaanii sammuu namaatiin walitti hidha.

Kanas ta'ee san, afaan ilmaan namaaf faayidaa hedduu qaba. Kanneen keessaa tokko walqunnamtiidha. Namoonni walqunnamtii akka adeemsisanu gargaaruu keessatti afaan meeshaa isa guddaadha. Kana jechuun qunnamtii uumamu hundi afaan qofaan jechuu miti. Afaan aadaa ummata tokkoo guddisuuf dabarsuu keessatti faayidaa guddaa qaba. Kana malees afaan eenyummaafi maalummaa ofii ibsuu keessatti iddoo guddaa qaba.

Matadureewwan kennaman keessaa tokko filachuun gumee qopheessi. Gumee qopheessiterrattis barreeffama tokko barreessi.

1. Dhibee HIV/AIDSii
2. Baay'ina Ummataafi Misoomaa
3. Faayidaa Aadaa

# Boqonnaa 11: Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- ergaa dubbisa maturee "Kunuunsa Qabeenya Uumamaa" jalatti dhiyaate hubatta.
- hiika jechootaa himaan walsimsiisuu dandeessa.
- durduubee hima keessatti itti tajaajilamta.
- himaafi gosoota himaa hubatta.
- hubannoo mammaaksaa gabbifatta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiwwan dhi¬yaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Waa'ee qabeenya uumamaa maal beektu? Waa'ee kunuunsa qabeenya uumamaahoo?
2. Wantoota qabeenya uumamaa naannoo keessanitti argaman keessaa muraasa ibsi. Naannoon keessan qabeenya uumamaa kam fa'iin caalaa beekama? Dhimmoonni qabeenya uumamaa kana kunuunsuuf raawwatamaa jiran maal fakkaatu?
3. Qabeenya uumamaa akkam godhanii kunuunsuun danda'ama jettee yaadda?
4. Qabeenya uumamaa naannoo keetii kunuunsuuf maal fa'i rawwattee beekta?

B. Jechoota armaan gadii osoo dubbisuu hineegaliin dura hiika isaanii tilmaami.

A. wantoota B.barbadaa'uu C. caamsaa D. tumsa

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiin/saffisaan dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Qabeenya uumamaa jechuun maal jechuudha?
2. Wantoota qabeenya uumamaa tahan kunuunsuu jechuun maal jechuudha?
3. Barbada'iinsi bosonaa madaallii qabeenyaa uumamaa irratti dhiibbaa akkamii geessisuu danda'a?
4. Kunuunsa qabeenya uumamaa ilaalchisee sadarkaa ummataatti maaltu raawwatamuu qaba?



### Kunuunsa Qabeenya Uumamaa

Ilmaan namaa adeemsa jireenya isaanii keessatti qabeenyaa uumamaa hedduu wajjin walitti dhufeenya qabu. Qabeenya uumamaa jechuun lafa irra jiraannuufi wantoota lafa irra jiran hunda jechuudha. Isaanis biyyee, qilleensa, bosona, laggeen, haroowwan, albuudaafi walumaagalatti wantoota lubbuu qabaniifi lubbuu hinqabne. Wantoonni uumamaan lafa kana irratti argaman hundi ilmaan namaaf baayyee barbaachisaadha.

Faayidaan ilmaan namaaf qaban guddaa waan ta'eef, wantoota qabeenya uumamaa tahan kana kunuunsuun dirqama taha. Kun ammoo akka isaan hinbarbadoofne godhanii fayyadamuun dhaloota dhufuuf dabarsuu of keessatti hammata. Kana malees, akka madaalliin uumamaa hinjijjiiramnetti eegumsi naannoof godhamu xiyyeeffannoo ol'aanaa argachuu qaba. Kun ta'uu baannaan qabeenyi uumamaa nibarbadaa'a. Fakkeenyaaf barbadaa'insi bosonaa dhiibbaa hedduu uumama naannoofi jireenya ilmaan namaa irratti fiduu danda'a. Biyyeen akka salphaatti lolaa roobaan akka dhiqamu yookaan bubbeen haramu gochuu danda'a. Dabalataanis, haalli qilleensaa jijjiiramee caamsaan akka bu'u gochuudhaan beelli akka dhufus nigodha.

Biyyi keenya qabeenya uumamaa hedduu qabdi. Laggeen gurguddoo, albuuda adda addaa, haala qilleensa garaa garaa, bosona hedduufi kana kana fakkaatan mara badhaatee jirti. Haata'u malee, hanga ammaatti qabeenyaawwan kanneen irratti qo'annaan guutuu ta'e godhamee hangi isaanii kan beekamu hinfakkaatu. Isaanuma jiru jedhamanii amanamaniif illee tooftaan eegumsaafi malli fayyadama isaanii haala quubsaadhaan hojiirra hinoolle. Sababni guddaan tokko hubannoo kunuunsa qabeenya uumamaa irratti namoonni hedduun qaban. Namoonni hedduun wantoota qabeenya kana bifa itti fakkaateen fayyadamuun ala akkam godhanii dhaloota dhufuuf bifa itti fufiinsa qabuun akka fayyadaman irratti hubannoo xiqqaa ta'e qabu. Kanaan kan ka'e, naannoo keenya irratti jijjiiramni madaallii uumamaa guddaan mullachaa jira.

Jijjiiramni madaallii uumamaas akka gammoojjiin baballachaa adeemu tumsa. Wantoonni jireenyaaf barbaachisan akka hanqachaa adeemanu godha. Adeemsi akkasiimmoo ummanni jireenya gadadoo akka jiraatufi beelatti akka harka kennu godha. Kana malees, faalamni adda addaa waan baayyatuuf, ummanni rakkoofi dhibee adda addaatif saaxila ba'a. Madaallii uumamaa kana hanga deebisanii sirreesssanitti yeroo waan fudhatuuf, badii guddaan nama irra ga'uu danda'a.

Walumaagalatti qabeenya uumamaaf kunuunsa gochuu dhiisuun jireenya

ilmaan namaa irratti dhiibbaa hammana hinjedhamne qaqqabsiisa. Kanaafuu, kunuunsa qabeenya uumamaa ilaalchisee hubannoofi beekumsa ummanni qabu cimsuun dirqama taha. Hojiin jijjiiramaa hubannoofi beekumsa ummata keessatti fiduun ammoo kan hunda keenyaa ta'uu qaba. Hundaan dura garuu, qabeenya uumamaa kunuunsuufi haala gaariin itti fayyadamuun jireenya keenya hubachuufi balaarraa ittisuu ta'u isaa sirriitti beekuu qabna.

B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii "dhugaa" yookaan "soba" jechuun sababa isaanii wajjin deebisi.

1. Lafni qabeenya uumamaa keessatti hinramadamu.
2. Tooftaawwan kunuunsa qabeenyaa uumamaa keessaa tokko wantoota qabeenya uumamaa tahan guutumaa guutuutti fayyadamuu dhiisuudha.
3. Qabeenya uumamaa biyyi keenya qabdu hangi isaanii qorannoon guutumaa guutuutti bira ga'ameera.
4. Madaallii qabeenya uumamaa deebisanii sirreessuun yeroo dheeraa fudhachuu danda'a.
5. Qabeenya uumamaa kunuunsuufi haala gaariin itti fayyadamuun jireenya keenya hubachuufi balaarraa ittisuu ta'u isaa sirriitti beekuu qabna.

C. Jechoota kanaan gadii keessaa filachuun himoota wajjin walsimsiisi.

| | | |
|---|---|---|
| kunuunsa | qabeenya | barbadeessuun |
| dhiibbaa | dhaloota | gadadoo |
| balaa | madaallii | hubannoo |

1. Ummanni Oromoo ____________uumamaa kan akka biyyee, qilleensa, bosona, laga , haroofii albuuda adda addaa qaba.
2. Qabeenya uumamaa_________ dhufuuf dabarsuun dirqama lammii hundaati.
3. Ilaalcha dogongoraa fayyadama qabeenya uumamaa irratti ummanni qabu jijjiiruuf carraaquun adeemsa _________qabenyaa uumamaa keessatti isa tokko.
4. Jijjiiramni madaallii qilleensaa ummanni jireenya ________akka jiraatufi

beelatti akka harka kennu godha.

5. Qabeenya uumamaa__________ ilmaan namaa irratti miidhaa dhalootaa gara dhalootaatti darbuu geessisuu nidanda’a.

**Gilgaala 3:** Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee waliitti fiduun deebisi.

1. Yaada dubbisa armaan olitti dubbiste cuunfuun keeyyata tokko barreessi.
2. Naannoo keetti kunuunsi qabeenya uumamaa maal akka fakkaatu hojjettoota qonnaa naannoo keetti argaman gaafachuun barreeffama tokko barreessi.
3. Akka yaada keetti qabeenya uumamaa dhaloota dhufuuf dabarsuuf maaltu haata’u jetta? Yaada barreeffama kanaan olitti dubbisteef muuxannoo kee bu’uureeffachuun barreeffama tokko qopheessi. Barreeffama kees daree keetiif dubbisuun irratti mari’adhaa.

## Barannoo 2: Caasluga

### Yaadannoo Durduubee

Durduubeen maqaa dura yookiin boodaratti galuun tajaajila gochibsaa kan akka iddoo, yeroo, sababaafi haala ibsuu danda’a. Kana malees, jechoota hundee yookaan bu’uura horteerratti dabalamuun adeemsa jechoota haaraa uumuu keessatti iddoo guddaa qabu. Dabalataanis, dhamjechoota seerluga agarsiisan kan akka lakkoofsaafi ramaddii saalaa wajjin galuu danda’u.

**Fakkeenya:**

Inni akka fardaa fiiga.

Ishiin gara mana barumsaa deemte.

Itti dabalii barreessi.

Tolaan obboleessa saatiif dabtara bite.

## Gilgaala 4: Shaakala Fayyadama Durduubee

Durduubee kanaan gadii irratti himoota mataa keetii ijaari.

1. irra 2. waan 3. waliin 4. waa'ee 5. erga

### Yaadannoo

Hima jechuun jechoonni walitti dhufuun yaada guutuu, fudhatamaafi qindaa'aa ta'ee kan dabarsuufi sirna tuqaaleetiin kan xumuramu jechuudha.

Fkn

1. Ani as
2. Ishiin kaleessa } Yaada hir'uudha

1. Ani waggaa dhufu hindhalanne
2. Bishaan namaa wajjin dubbata } Fudhatama hinqabu

1. Biddeen ishiin nyaatte ciree ishii
2. Barataa ani cimaa kudhaniiti kutaa } Qindaa'ina hinqabu

1. Jarri maatii isaanii gargaaru.
2. Naannoo keenya haaqulqulleessinu. } Fudhatama qaba

## Gilgaala 5: Shaakala Himaafi Gosoota Himaa

A. Jechoota kanaan gaditti dhiyaatan irratti himoota fudhatama qabanu mataa keetii ijaari.

1. deeme 2. dhiisi 3. dhufte 4. fiigan 5. ajaja

### Yaadannoo

Afaan Oromoo keessatti gosoota himoota adda addaatu jiru. Kanneen keessaa: hima himaamsa, hima gaaffii, hima ajajaafi hima raajjeffannoo nicaqasamu.

Himni himaamsa hima mallattoo tuqaan xumurama.

Fkn: 1. Inni dabtara bitate. 2. Adurreen hantuuta nyaatte.

Himni gaaffii hima mallattoo gaaffiin xumurama.

Fkn: 1. Maqaan kee eenyu? 2. Eessa deemaa jirta?

Himni ajajaa ergaa ajajaa dabarsuurratti kan bu’uureeffatuudha.

Fkn: 1. Tapha kana dhaabi.

2. Gara mana barumsaa deemi.

Himni raajeffannoo hima waan tokko raajeffachuuf ykn dinqisiifachuuf gargaaru.

Fkn: 1. Nan bade! 2. Akkam bareeddi!

B. Gosa hima kanaan gadii barreessi.

1. Akkam fiigdi!
2. Bakka kanaa hindeemiin.
3. Yoom dhuftee nagargaarta?
4. Bokkaan roobe.
5. Ani torban dhufu biyyan gala.
6. Ishiin essa deemte?
7. Lammata mana keenya akka hindhufne!
8. Baay’ee ulfaata

C. Gosa himaa gabatee kanaan gadii keessatti kennaman jalatti himoota mataa keetii shan shan barreessi.

| Gosa Himaa | | | | |
|---|---|---|---|---|
| Lakk. | Hima himaamsa | Hima gaaffii | Hima ajajaa | Hima raajeffannoo |
| 1 | | | | |
| 2 | | | | |
| 3 | | | | |
| 4 | | | | |
| 5 | | | | |

# Barannoo 3: Mammaaksa

## Gilgaala 6: Shaakala Mammaaksaa

A. Mammaaksota armaan gadiif xumura sirrii ta'e filadhu.

1. Bittaa wallaalanii_______________.
   - A. gabaa jibbu
   - B. gabaa baqatu
   - C. gabaa abaaru
   - D. gabaa jeequ
2. Ollaan bultee beeka, akka itti bule_________________.
   - A. waaqatu beeka
   - B. abbaatu beeka
   - C. firatu beeka
   - D. garaatu beeka
3. Kan sangaan iyyuu malu______________
   - A. saani iyyiti
   - B. tiksen iyyiti
   - C. qacceen iyyiti
   - D. ijoolleen iyyiti
4. Halagaafi dukkana_________________
   - A. itti hindallanan
   - B. itti hindeeman
   - C. hindhaanan
   - D. sodaan wajjin jiraatan
5. Harki kennaa barte________________
   - A. kennaa hindhiistu
   - B. murquutu socho'a
   - C. fudhachuu hindadhabu
   - D. galata argatti
6. Qalbii malee_______________
   - A. sammuun hinhubatu
   - B. harki hinsochootu
   - C. ijji hinagartu
   - D. karaan hindeemamu
7. Ibiddi abbaa _______________________
   - A. irra taa'e ho'isa
   - B. irra taa'e guba
   - C. gubuu qaba
   - D. qabe guba

B. Mammaaksa naannoo keetti argamu sassaabuun dareef dhiyeessi.

# Boqonnaa 12: Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa


**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa mataduree “Jireenya Baadiyaafi Magaalaa” jalatti dhiyaate. dubbisuun yaada ijoo isaa hubatta.
- jechootaafi hiika kallattiif hiika faallaa barreessita.
- akkaataa keeyyanni itti ijaaramu gabbifatta.
- seera eegdee falmii gaggeessuu dandeessa.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Fakkiiwwan armaan gadiirratti gareen mariyachuun hubannoo keessan dareef dhiyeessaa.





B. Dubbisa armaan gaditti isiniif dhiyaate dubbisuun dura gaaffiiwwan dhiyaatan gareen irratti mari'achuun dareef afaaniin gabaasaa.

1. Garaagarummaan jireenya baadiyyaafi magaalaa maali?
2. Walitti dhufeenyi jiraattota baadiyyaafi magaalaa maal fakkaata jettee yaadda? Jiraattoonni bakka lammanuu walirraa maal barbaadu? Jiraattonni baadiyyaa jiraattota magaalaa malee yookaan jiraattonni magaalaa jiraattota baadiyyaa malee jiraachuu nidanda'u jettee yaaddaa? Maaliif?
3. Namoonni hedduun jireenya baadiyyaa moo jireenya magaalaa caalaa filatu jettee yaadda? Maaliif?
4. Ati jireenya isa kam caalaa filatta? Maaliif?

**Gilgaala 2:** Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitiin dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Akka barreeffama kanaa gaditti garaagarummaan jireenya baadiyyaafi magaalaa maali?
2. Jiraattoonni magaalaa jiraattoota baadiyaa irraa maal argatu?
3. Magaalaa jechuun maal jechuudha?
4. Seenaa adduunyaa keessatti magaalonni jalqabaa kan hundeeffaman waggoota meeqaan dura?
5. Rakkooleen jireenya magaala wajjin walqabatanii jiran maal fa'i?

### Jireenya Baadiyyaafi Magaalaa

Bakki jireenyi namootaa sababa adda addaarraa kan ka'e baadiyyaa yookaan magaalaa ta'uu danda'a. Baadiyyaafi magaalaan dhimmoota walisaan fakkaachisaniifi addaan isaan baasan hedduu qabu. Baadiyyaan yeroo hedduu bakka namoonni hojii qonnaafi hojii horii horsiisuu raawwachaa jireenya isaanii

gaggeessan jedhamee yaadama. Magaalaan ammoo lafa namoonni hojii adda addaa kan akka hojii daldalaa, waajjiraafi warshaa harka caalmaan hojjechuun jireenya isaanii geggeessan jechuudha.

Oomisha nyaataa, dhugaatiifi warshaa adda addaaf kan oolu harka caalmaatti kan oomishamanus baadiyyaatti. Gara biroon, oomisha adda addaa namoonni magaalaa barbaadan kan argamanu baadiyyaa keessaatti. Jireenyi baadiyyaa jireenya magaalaaf bu’uura jedhaamee kan yeroo mara dubbatamus kanarraa ka’uuni. Jireenya namoota magaalaa keessatti namoonni baadiyyaa iddoo guddaa qabu jechuu nidada’ama. Kun ammoo jireenya biyyoota guddataniifi biyyoota guddachaa jiranu hunda keessatti waan mullatu.

Waa’een jireenya baadiyyaafi magaalaa yeroo ka’u dhimmoota nama rakkisan keessaa hiika “baadiyyaa”fi “magaalaa” sirriitti addaan baasanii hubachuudha. Magaalaa jechuun bakka namoonni qubannaa qindaa’aa ta’een walga’anii baayyinaan jiraatan jechuudha. Hiikni kun biyyaa biyyatti garaa gara ta’uu danda’a. Seenaa addunyaa keessatti magaalonni jalqabaa kan hundeeffaman waggoota kuma shaniin dura akka ture seenaan niibsa. Waggoota dhibba lamaa as garuu guddina warshaarraa kan ka’e, lakkoofsiifi ballinni magaalota addunyaa hedduu dabaleera. Namoonni hedduun jireenya magaalaa haahawwani malee, magaalaan bakka rakkoon adda addaa itti mullatu ta’ee argama. Kanneen keessaa dhiphina iddoo, yakka adda addaa, hiyyummaafi faalama ibsuun nidanda’ama. Karaa biraan, magaalaan lafa namoonni adda addaa walitti dhufanii jiraatan waan ta’eef bakka burqaa yaada garaagaraafi argannoo saaynisii godhamee ilaalama.

Bakka jireenyaa filachuun kan abbaa haata’u malee, jireenyi baadiyyaa bakka qilleensa qulqulluufi bakka jireenyaaf mijaa’aa godhamee ilaalama. Kanaafis sababa heddutu jira. Tokkoffaan, baadiyyaan bakka biqiltoonni hedduu itti argaman waan ta’eef. Biqiltoonni ammoo qilleensa gaarii uumuuf bu’uura.

Lammaffaan, qilleensi baadiyyaa akka qileensa magaalaa dhimmoota adda addaan baayyee hinmiidhamne. Fakkeenyaaf, qilleensi gubataan warshaafi konkolaataa keessaa ba'u harka caalaatti jireenya magaalaa miidhaa jira.

Kana malees, walitti dhufeenyi hawaasummaa jiraattota baadiyyaa gidduutti jiru baayyee cimaadha. Namoonni baadiyyaa harka calmaan jireenya walwajjiniif iddoo guddaa kennu. Kun ammoo kan madde haala jireenya baadiyyaa irraa kan ka'e. Haalli jireenyi baadiyyaa yeroo rakkinaa, yeroo gammachuufi yeroo hojii walwajjin namoonni akka ta'an baayyee jajjabeessa. Haata'u malee, yeroo hedduu namoonni tajaajila fayyaa, daandiifi teeknooloojii qunnamtiif kan kana fakkaatan argachuuf jecha gara baadiyaarraa magaalatti dhufu. Kana malees, carraa hojii adda addaa argachuuf jecha magaalaa filatu. Kanarraa kan ka'e, magaalaan bakka namoonni hedduun walga'anii jiraatan ta'ee argama. Haalli kun, jireenyi magaalaa baayyee walxaxaafi walitti dhufeenyi hawaassummaa dadhabaa akka ta'u godheera. Karaa biraan ammo, jireenya baadiyyaa hawwuun magaalaarraa gara baadiyyaa kan dhaqanis hedduutu jiru. Walumaagalatti jireenyi baadiyyaafi jireenyi magaalaa dhimmoota walisaanfakkaachisuufi addaan isaan baasu hedduu qabu.

B. Dubbisa armaan olitti dubbiste irratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii keessaa yaada sirrii ta'e "dhugaa" kan sirrii hintaane ammoo "soba" jechuun sababa isaanii wajjin deebisi.

1. Baadiyyaan bakka namoonni hojii adda addaa kan akka hojii daldalaa, waajjiraafi warshaa harka caalmaan hojjechuun jireenya isaanii geggeessan jechuudha.
2. Jireenya biyyoota guddataniifi biyyoota guddachaa jiran hunda keessatti jireenya namoota magaalaa keessatti namoonni baadiyyaa iddoo guddaa qabu.
3. Jireenyi magaalaa bakka qileensa qulqulluufi bakka jireenyaaf mijaa'aa godhamee ilaalama.

4. Yeroo hedduu namoonni tajaajila fayyaa, daandiifi teeknooloojii qunnamtiif kan kana fakkaatan jireenya isaanii keessatti argachuuf jecha magaalaarraa gara baadiyyaatti deemu.
5. Jireenyi magaalaa baayyee walxaxaafi walitti dhufeenyi hawaasummaa dadhabaadha.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee waliitti fiduun deebisi.

1. Dubbisa armaan olitti dhiyaateefi muuxannoo kee irratti hundaa'uun tokkummaafi garaagarummaa jireenya baadiyyaafi magaalaa gidduu jiru gabatee kanaan gadii keessatti barreessi.

| Jireenya baadiyyaafi magaalaa | |
|---|---|
| Tokkummaa | Garaagarummaa |
| 1. ____________________ | 1. ____________________ |
| 2. ____________________ | 2. ____________________ |
| 3. ____________________ | 3. ____________________ |
| 4. ____________________ | 4. ____________________ |
| 5. ____________________ | 5. ____________________ |

2. Jireenya baadiyyaafi jireenya magaalaa akkam godhamee fooyyessuun akka danda'amurratti gareen mari'adhaa.
3. Jireenyi naannoo ati jiraattuu maal akka fakkaatu kan ibsu barreeffama tokko qopheessi. Barreeffama kees barattoota daree keetiif dubbisi.
4. Afoola jireenya baadiyyaafi magaalaa irratti xiyyeeffatu kitaaba adda addaa keessaa yookaan maatii keessan gaafachuun erga sassaabdanii booda ergaa isaa qindeessaa. Ergaa qindeessitan irrattis gareen mari'adhaa.

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Hiika Jechoota

A. Jechoota kanaan gadiif hiika kallatti kenni. Itti aansuun hiika kenname ifa kan godhu hima mataa keetii irratti barreessi.

1. simboo: ___________ 
2. maalaluu: ___________
3. diina: ___________ 
4. xaqanaa: ___________
5. shakkii: ___________ 
6. dhoksuu : ___________

B. Jechoota kanaan gadiif hiika faallaa kenni. Itti aansuun hiika kenname ifa kan godhu hima mataa keetii irratti barreessi.

1. raada: ___________ 
2. diida: ___________
3. hidhe : ___________ 
4. halagaa: ___________
5. muguu: ___________ 
6. barii : ___________

## Barannoo 3: Keeyyata Barreessuu

**Yaadannoo**

Keeyyanni hima yookaan himoota ergaa tokko qaban walitti qindeessuun kan ijaaramu. Keeyyata barreessuun dura akkaataa keeyyanni itti ijaaramu hubachuun barbaachisaadha. Keeyyanni tokko hima ijoofi himoota callaa qaba. Keeyyata keessatti himni ijoo hima yaada keeyyatichaa walitti cuunfee qabee kan jiru. Himoonni callaan hima ijoo ibsuuf gargaaru.

Keeyyanni tokko hima callaa tokko yookaan tokkoo ol qabaachuu danda'a. Himni ijoo keeyyata tokkoo keeyyaticha keessatti bakka adda addaa galuu danda'a: jalqaba keeyyatichaarratti, dhuma keeyyatichaarratti, jalqabaafi

dhuma keeyyatichaa irratti yookaan ammoo walakkeessa keeyyatichaa irratti. Kana jechuunis, keeyyanni tokko hima ijoorraa gara himoota callaatti ijaaramuu yookaan himoota callaa irraa gara hima ijootti ijaaramuu nidanda'a. Kana malees, keeyyanni hima callaa irraa gara hima ijootti achumaanis gara himoota callaatti ijaaramuu nidanda'a.

Dabalataanis, tokkummaa, walta'umsa, xiyyeeffannoofi tartiiba yaadaa eeguun amaloota keeyyataa godhamanii fudhatamu.

## Gilgaala 5: Shaakala Keeyyata Barreessuu

Yaada kee qindeessuun, waa'ee jireenya baadiyyaafi jireenya magaalaa kan ilaallatan keeyyata lama barreessi. Keeyyani tokko magaalaa irratti inni biraa ammoo baadiyyaa irratti haata'u. Odeeffannoo gabatee kanaan gadii keessatti kenname akka ka'umsaatti fayyadami.

| Baadiyyaa | Magaalaa |
|---|---|
| walitti dhufeenyi hawaasummaa cimaadha | walitti dhufeenyi hawaasummaa dadhabaadha |
| qilleensa qulqulluu | hojii daldalaa, hojii warshaa, hojii dhaabbataa |
| hojii qonnaa, hojii horii horsiisuu | gamoo gurguddaa, konkolaattota hedduu |
| bosona ballaa, bineensota adda addaa | namoota hedduu bakka tokkotti walga'uun jiraatu |
| oomisha qonnaa namoota magaalaaf | yakka, hattummaa adda addaa |

# Barannoo 4: Falmii Geggeessuu

## Gilgaala 6: Shaakala Falmii Gaggeessuu

Seera falmii geggeessuu eeguun mataduree "Jireenya Baadiyyaa moo Jireenya Magaalaa Wayya?" jedhu irratti falmii gaggeessaa. Adeemsa falmii:

1. Jalqaba sadi sadii ta'uun garee uumaa.
2. Itti aansuun, mataduree falmiif dhiyaate irratti kallattii falmii keessanii murteessaa.
   Kallattii 'A': Jireenyi Baadiyyaa Jireenya Magaalaa Caalaa Gaariidha.
   Kallattii 'B': Jireenyi Magaalaa Jireenya Baadiyyaa Caalaa Gaariidha.
3. Kallattii falmii keessanii erga murteeffatanii booda, yaada falmiif nu gargaara jettanii yaaddan hunda sassaabbadhaa. Itti aansuun yaada keessanis falmiif akka mijaa'u gochuun qindeessaa.
4. Dhumarratti garee yaada kallatti faallaa keessanii qabatee jiru wajjin fuuldura daree keessaniitti ba'uun falmii keessan adeemsisaa.
   Hubachiisa: Adeemsi falmii gaggeessuu keessatti tartiiba eeganii dubbachuun, yeroo eeyyamame qofaatti fayyadamuuniifi yaada qofa irratti xiyyeeffachuun barbaachisaadha.

# Boqonnaa 13: Sheek Bakrii Saaphaloo

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- dubbisa dubbisuun seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti namoota gumaacha godhan hubatta.
- hiika jechootaafi faallaa jechootaa kennita.
- hubannoo mammaaksa barnoota irratti mammaakaman cimsatta.
- waa'ee namoota Afaan Oromoo guddisuuf carraaqan irratti keeyyata barreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaatti hince'in dura, gareen irratti mari'adhaa.

1. Afaan tokko maal yoo ta'e, guddata jettanii yaaddu?
2. Namoota Afaan Oromoo afaan barumsaafi barreeffamaa akka ta'u carraaqan keessaa eenyuun beektu? Namoonni kun yoom, essattiifi akkamitti afaan kana guddisuu yaalan?
3. Gabatee armaan gadii keessatti maqaa namoota Afaan Oromootiin kitaaba barreessanii, maqaa kitaabota isaaniifi qabiyyee kitaabota kanneenii guutaa.

| Lakk. | Maqaa Barreessituu/ Barreessaa | Mata duree Kitaabaa | Qabiyyee Kitaabaa |
|---|---|---|---|
| 1 | | | |
| 2 | | | |
| 3 | | | |
| . | | | |
| . | | | |

4. Sheek Bakrii Saaphaloo beektuu? Waa'ee isaanii maal dhageessanii yookaan dubbistanii beektu?

B. Jechoota armaan gadii osoo gara dubbisuutti hinseenin dura hiika isaanii tilmaamaa.

A. masoo B. saaxila C. sabboonummaa

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Dubbisa armaan gadii ariitin dubbisuun gaaffiiwwan armaan gadii barreeffamaan deebisi.

1. Sheek Abubakar Usmaan jechuun hafee maaliif Sheekbakrii Saphaloo jedhamanii waamaman?
2. Sheek Bakrii akka ummata isaanii biratti beekamanu maaltu taasiseen?
3. Maaltu akka Sheek Bakriin qubee Afaan Oromoo qopheessan dirqisiiseen?
4. Naannoo bara 1968 maqaan kitaaba qubee haarawaan Sheek Bakrii barreessan maal jedhama? Qabiyyeen kitaabichaa maal irratti xiyyeeffata?
5. Qubee Afaan Oromoo haaraa uumuusaanirraa kan ka'e Sheek Bakrii Saaphaloo rakkoo maaliitu mudateen?

### Sheek Bakrii Saaphaloo

Maqaan isaanii inni dhugaa Sheek Abubakar Usmaan Odaati. Haati isaanii Kadijjaa jedhamu. Kan dhalatan Oromiyaa Bahaa Oborraa keessatti bakka Saaphaloo jedhamutti, Onkololeessa bara 1895 A.L.A. Namoonni baay'een kan ittiin isaan beekan abbaa isaaniitiin osoo hinta'in lafa dhalootaa isaanii kanaani. Kanaaf Sheek Abubakar Usmaan jechuun hafee Sheek Bakrii Saaphaloo jedhamanii kan waamaman. Bakriin maqaa masooti.

Sheek Bakrii barumsa isaanii kan dura itti jalqaban bakka Waybar jedhamutti. Bakkeen kun Oborraa keessatti argama. Erga barumsa sadarkaa duraa

Waybariitti xumuranii booda, barumsa isaanii caalaatti barachuuf barsiisaa beekamaa barumsa Islaamummaa, Sheek Umar Aliyyee Balbaleetii, biratti barachuuf Carcar dhaqan. Sanaan booda gara naannoo Harar deemanii barsiisaa beekamaa biraa, Sheek Yusuuf Adam, biratti baratan. Sheek Bakriin barsiisota lamaan kanniin guddisanii waan jaalataniif, booda seenaa jireenya isaanii barreesanii jiru.

Barumsa isaanii waggoota digdamaaf baratanii erga xumuranii booda, jalqaba Saaphalootti barsiisuu eegalan. Saaphalootti aansanii bakka baay'eetti barsiisan. Beekumsi Sheek Bakrii barnootaafi falaasama amantii qofa osoo hin taane beekumsa seenaa, herregaa, ji'oograafii, Afaan Arabaa, waa'ee urjiifi Afaan Oromootiin barreessuu dabalata. Sheek Bakrii barsiisaa qofa osoo hin taane barreessaadhas. Kan barreessan keessaa garri irra caalu Afaan Arabaatiin haata'u malee, Afaan Oromootiinis barreessanii jiru. Kan saba isaanii biratti isaan beeksise garuu Afaan Arabaatiin barreessuu isaanii osoo hintaane, wanta biraa lamatu jira. Inni duraa, walaloo gaggabaabaa Afaan Oromootiin barreessuudha. Afaan Oromootiin barreeffamuuniifi gaggabaabaa ta'uun walaloota kanaa akka namoonni laayyootti qabatan taasise.

Inni lammaffaan, kan Sheek Bakrii saba isaanii biratti jaalatamaa taasise qubee Afaan Oromootiif ta'u qopheessuu isaaniiti. Akka isaan jedhanitti qubeewwan afaanota biraafiif qophaawan Afaan Oromoo guutuumaa guutuutti ibsuu hindanda'an. Rakkoo kana hiikuuf jecha bara 1956 A.L.A. gara ganda Haajii Coomee, Oborraa, deebi'anii qubeewwan haarawaa Afaan Oromootiif ta'an qopheessan. Naannoo dhaloota isaaniitti kan deebi'aniif dalagaa isaanii kana qondaaltota mootummaa jalaa dhoksuufi. Dalagaa isaanii kana dhoksuu kan barbaadaniif mootummaan yeroo sanaa Afaan Oromoo qubee haarawaan dhiisii qubee Saabaatiinuu akka barreeffamu waan hinfeeneefi.

Sheek Bakriin akka qubee Afaan Oromoo qopheessanii barsiisan kan dirqisiise sabboonummaa isaaniiti. "Sabni akka Oromoo, kan aadaafi seenaa dureessaa

akkasumas hawaasa dimookraatawaa ta'e qabu, waan ittiin barreessu waan hinqabneef jecha dukkana keessatti dhokatee akka jiraatu ta'ee jira," jedhan. Kun kan agarsiisu jaalala biyyaafi afaan isaaniitiif qaban. Haa xinnaatu malee fedhii isaanii kana hojiirra oolchanii jiru.

Oduun qophii qubee haarawaa hatattamaan biyya keessa faca'e. Jaallatamni Sheek Bakriifi qubee isaanii mootummaa Hayila Sillaasee wareerse. Oromoon qubee kanatti fayyadamee afaan isaa barreessuun tokkummaa biyyaa balaarra buusa jedhame. Kan kanarraa ka'een Sheekichi dalagaa mootummaarratti saba kakaasuutiin yakkamani. Kanaafuu, bara 1965 A.L.A. eegalee akka Dirree Dhawaa keessaa hinbaane ittifaman.

Bara 1968 A.L.A. jalqabee garuu torbanitti guyyaa lama yookiin sadi akka Addalle dhaqanii ilaalan ayyamameef. Waggoota itti aanan kurnan haaluma kanaan turan. Kitaaaba xinnoo fuula diigdamaa "Shalda" jedhamtu, kan qubee haarawaan barreessan yeroo kana. Kitaabni kun kan amantii haafakkaatu malee cunqursaa yeroo sana ture balaaleffata. Shaldin barreeffamoota guguddoo qubee haarawwan barreeffamaniif isa duraafi dhumaati.

Barri 1978 A.L.A. hunda caalaa Oromoo Bahaaaf hamaa ture. Keessattuu beektonni Oromoo Goolii Diimaaf saaxila bahan. Waan kana ta'eef Sheek Bakriifi haati warraa isaanii gara Sumaaleetti baqatan. Gara Moqaadishoo darbuu waan dhorkamaniif qubsuma baqaa Hirmaa galan. Hawwiin hojii isaanii itti fufuus hindanda'amne.

Yeroo kana umriin isaanii saddeettamii sadii ture. Rakkinni bakka itti qubatan keessa ture nama umrii hanga isaanii kana qabu dhiisii nama kaaniifuu ulfaatadha. Kanumarraan kan ka'e, fayyaan isaanii guyyuma guyyaatti gadi deemaa buluu jalqabe. Dhumarratti Sheek Bakrii Saaphaloo erga yeroo dheeraaf dhukkubsatanii manatti hafanii booda, Ebla 5, 1980 A.L.A, dhalatanii waggaa saddeettamii shanitti boqotan.

B. Dubbisa armaan olitti dubbisterratti hundaa'uun gaaffiiwwan kanaan gadii "dhugaa" yokaan "soba" jechuun sababa isaanii waliin deebisi.

1. Maqaan isaanii inni Sheek Bakrii Saaphalooti. Saaphaaloon maqaa masooti.
2. Sheek Bakrii Saaphaloon erga barumsa sadarkaa duraa xumuranii booda, barumsa isaanii caalaatti barachuuf barsiisaa beekamaa barumsa Islaamummaa barachuuf Carcar dhaqan.
3. Mootummaan yeroo Sheek Bakrii Saaphaaloo ture Afaan Oromoo qubee Saabaatiin akka barreeffamu eyyamaa ture.
4. Qubee Afaan Oromoo haaraa qopheessuu isaanirraa kan ka'e Sheek Bakrii rakkoo hedduutu mudateen.
5. Kitaabni maqaa 'Shalda' jedhamuun Sheek Bakriin barreeffame xiyyeeffannan isaa amantaa qofa.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argatteefi muuxannoo kee waliitti fiduun deebisi.

1. Dubbisa armaan olitti dubbiste irraa maal hubatte? Yaada kee barattoota daree keetti himi.
2. Gumaachi Sheek Bakrii Saaphaloo guddina Afaan Oromoof raawwatan hangam jettee yaadda? Seenaa isaanii irraa maal baratte?
3. Yaada dubbisa armaan olii bu'uureeffachuun namoota Afaan Oromoo guddisuuf gumaacha godhan keessaa tokko irratti keeyyata barreessi. Keeyyata kees barattoota daree keetiif dubbisi

## Barannoo 2: Caasluga

**Gilgaala 4:** Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoota kanaan gadiif hiika sirriidha jettu filadhu.

1. Jabeenya
   A. naassuu B. hammeenya C. firooma D. qabeenya
2. gammachuu
   A. mirqaansuu B. jaallachuu C. burraaquu D. dallanuu
3. arjoomuu
   A. dhowwachuu B. kennuu C. dhoksuu D. hirachuu
4. qoree
   A. mijeesse B. suphee C. hincinnii D. qaramaa
5. maruu
   A. gabaabsuu B. dhoksuu C. keewwachuu D.raruu

B. Jechoota kanaan gadiif hiika faallaa filadhu.

1. dhara
   A. hamii B. hamilee C. dhugaa D. dhaqa
2. abaare
   A. tufe B.eebbise C. tuffate D. jajjabeesse
3. gidduu
   A. maddii B. qarqara C. fiixee D. duubee
4. lataa
   A. dagaagaa B. maseena C. biqila D.hundee
5. moofaa
   A. xuraawaa B. haaraa C. seenaa D. dulloomaa

## Barannoo 3: Mammaaksa

**Gilgaala 5:** Shaakala Mammaaksaa

A. Mammaaksa kanaa gadiif xumura sirrii ta'e filadhu.

1. Bokkaafi abbaa fardaa_____________.

   A. itti dhaqu
   B. nibaqatu
   C. jalaa goru
   D. baratu madaqsa

2. Waraabessi guyyaan yuuse ______________.

   A. halkan ciisee hinbulu
   B. waraabessa hinjedhamu
   C. halkan hinsodachisu
   D. rabbi namarraa haaqabu

3. Hiriyaa malee dhaqxee__________________.

   A. geggeessaa malee galte
   B. Kophaa raata'aa oolte
   C. geggeessaa argattee galte
   D. leeyyoo dabalatte

4. Fayyaa tapha seetee ________________.

   A. mucaan gattee badde
   B. qayyaan laga ceete
   C. heerumuuf maraatte
   D. halkan boo'aa bulte

5. Gowwaa kolfisiisanii _______________.

   A. itti gammadaa oolu
   B. ofii gammadu
   C. ilkaan isaa lakkaa'u
   D. mukuu ofii ba'u

B. Mammaaksa waa'ee barnootaa irratti dubbataman kitaaba keessaa yookaan namoota gaafachuun hiika isaanii wajjiin barreessi.

# Barannoo 4: Seenaa Jireenyaa Barreessuu

## Gilgaala 6: Shaakala Seenaa Jireenyaa Barreessuu

Seenaa guddina Afaan Oromoo keessatti nama gumaacha guddaa qaba/qabdi jettu tokko irratti xiyyeeffachuun seenaa isaa/ishii barreessi. Barreeffama kees barattoota daree keetiif dubbisi.

### Seenaa Jireenyaa

Seenaa jireenyaa kan jedhamu seenaa mataa ofii yookaan seenaa namoota biraa ta'u danda'a. Seenaan jireenyaa dirqama kan namootaa qofa jechuu miti. Seenaa jireenyaa wantoota adda addaa kan akka mana barumsaa, dhaabbataafi hawaasaa barreessuun nidanda'ama.

Seenaan jireenya namaa kan dhuunfaa yookaan kan nama biraa ta'uu nimala.

- Seenaa jireenya dhuunfaa: Namni tokko waa'ee mataa isaa eenyurraa, eessatti, yoom akka dhalate haala kamiin akka guddateefi amma haala akkamiirra akka jiru namoonni biraa dubbisanii akka hubatan gochuuf kan barreeffamudha.
- Seenaa jireenya kan nama biroo ammoo namni tokko waa'ee seenaa jireenya nama biraa eenyurraa, eessatti, yoom akka dhalate, haala kamiin akka guddateefi ammas haala maaliirra akka jiru namoonni biraa dubbisanii akka hubatan gochuuf kan barreeffamudha.

# Boqonnaa 14: Afoola Oromoo

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- maalummaa, faayidaafi gosoota afoolaa himta.
- jechootaaf hiika kallattii kennita.
- faayidaa jechamootaa addaan baasta.
- walaloofi amaloota walaloo barreessita.
- ciigoo keessaa soorgoofi sookoo addaan baasta.
- walaloo mataa keetii nibarreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbachuu

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'achuuun yaada keessan dareef gabaasaa.

1. Yeroo daa'imummaa keetii tapha taphachaa guddatte kan yaadattu maqaa dhahi.
2. Maatiin kee yeroo ijoollummaa keetii maalfaa sigorsaa turan kan yaadattu himi.
3. Erga umriin kee waggaa kudha shan ta'ee as sirba sirbitee beektaa? Eessatti?
4. Afoola Oromoo keessaa kan beektu maqaa dhahi. Tokkoo tokkoo isaaf ammoo, fakkeenya kenni.

### Gilgaala 2: Shaakala Dubbisuun Duraa

Gaaffiiwwaan armaan gadii osoo faaruu itti aanuu hindubbisiin gareen irratti mari'adhaa.

1. Faaruu jaalalaa kophaas ta'ee, gareen weeddistee beektaa? Mee sagaleen dhageessisi.
2. Sirba jaalalaa beektu tokko mee hiriyoota keetti himi.
3. Weedduun jaalallee ofii ittiin faarfatan naannoo keetti baramaadhaa? Kan dhageesse ykn beektu tokko himi.

A. **Weedduu Jaalalaa**

Gaachanni gaachana hincaaluu
Caalekaa gaachanni booyyee
Jaalalli jaalala hincaaluu
Caalekaa jaalalli ijoollee.

Yaa baddeessaa laga soolee
Gowwaan mukaa dhoqonuudhaa
Barbaacha keen laga oolee
Akka kormaa bosonuudhaa.

Handoodeen kutaa ‘hin addeessuu
Lakkii kutaa sana miicii
Naan ooddee silaa ‘indandeessuu
Lakkii mucaa sana dhiisii.

Baddeessa soofte malee
Qilxuu sooftee ‘ingarree.
Qancaraaf boosse malee
Kichuu ijoollee ingarree.

Waaqayyoo roobaa bulee
Baddaan fixeensa hinqabu
Maal yoon sii jedhee du’ee
Garaan hiyyeessa hin qabu.

## Gilgaala 3: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii weedduu dubbiste kana irratti hundaa'uun gareen irratti mari'adhaa.

1. Weedduun kun buufata /buusaan/ meeqaa qaba?
2. "Akka kormaa bosonuudhaa" yoo jedhu maal jechuu isaati?
3. Sararri /buusaan /4ffaan weedduu kanaa ergaa maal dabarsa?
4. "Garaan hiyyeessa hin qabu," yoo jedhu maal jechuusaati?
5. Yaada dimshaashaa weedduu kanaa ibsi.
6. Filannoo jechaa weedduu kana akkamitti ilaalta?

B. **<u>Sirba Gaa'elaa</u>**

Qalloo too yaa leensaa, koo bahi singeggeessa

Ganda keenya duubaa, burqaan xalaliitee

Koottu bahi yaa qalloo, baay'ee qananiitee.

Karaan Jimma buusuu, diriiraa karaati.

Jechi haadha ormaa, ciniinnaa garaati.

Jechi haadha ofii, dhidhiibbaa garaati.

Haarrittaa yaa kichuu too, qalloo yaa michuutoo

Michoomni keenyas oolee, michoomni keenyas oole

Hoggaa karraa baatu, garaan saa jabaatuu

Hoggaa laga ceetu, miinjeen kee si yaabaatu.

Summoo dimbilaala, summoo dinbilaala.

Hinbooyiin yaa qalloo, dhufeen si ilaalaa.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii weedduu kanarratti hundaa'uun dalagi.

1. Sirbi gaa'elaa kun mana eenyutti sirbama ?
2. Sirbi cidhaa kun mucayyoo nigorsa jettee yaaddaa ? Akkamitti ?
3. 'Hoggaa karra baatu garaan siyaa jabaatu? Yoo jedhu maal jechuu isaati?
4. Ergaan waliigalaa walaloo kanaa maali?

C. Jechoota 'A' jala jira kanneen 'B' jala jiran wajjin hiika kallattii isaaniitiin walitti firoomsi.

| A | | B | |
|---|---|---|---|
| 1. | ooduu | A. | Gaamareessa |
| 2. | gaachana | B. | Halagaa |
| 3. | qancara | C. | kan hingeenye |
| 4. | orma | D. | Badhaadhina |
| 5. | diriiraa | E. | Lafa buleessa |
| 6. | qananii | F. | Dubbisuu dhiisuu |
| 7. | kichuu | G. | miidhagina |
| | | H. | Qajeelaa |

### Gilgaala 4: Shaakala dubbisuun boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii weedduu jaalalaafi sirba gaayilaa armaan oliirratti hundaa'uun deebisi.

1. Weedduun jaalalaafi sirbi cidhaa kun safara qabu?
2. Weedduu kun unata buufataa qabaa?
3. Sararri walaloo sirbaa cidhaa kun meeqa?
4. Walaloowwan kun irra deddeebii sagalee qabuu?
5. Weedduuwwan kanneen irraa maal hubatta?

## Yaadannoo

## Amaloota Walaloo

Walaloon mala ittiin walqunnamtii, holooloofi dubbii guyyaa guyyaan haasawamu irraa amaloota adda isa godhan qaba. Isaanis:

A. Qabatamummaa.

Walaloon qabatamaadha yeroo jedhamu addunyaan dhugarratti hundaa'ee waloon ilaalchaafi yaada isaa kan ittiin ibsatu ta'ullee, dhimma qabatee ka'e sana dubbisaaf kan dhiyeessu wantoota qabatamoo ta'aniitti fayyadamuudhaani.

B. Fakkii uumuu

Walaloon fakkii uumuu yoo jedhamu jechi ittiin dhiyaate sammuu dubbisaa keessatti fakkii uumuu danda'uu isaa jechuudha.

Fkn. Ijji ishii bakkalcha barii fakkaata.

Ilkaan isaa aannaan fakkaata.

C. Qusannaa jechaafi walitti qabama yaadaa

Walaloon filannoo jechaafi yaadaati gaafata. Jechoota babbareedaafi yaada haala gaariin dabarsuuf kan humna qabaniitti fayyadama. Qusannoon kan maddu yaanni iddoo tokkotti cuunfamee dhiyaachuu isaati.

D. Sirna yeedalloo qabaachuu


Walaloon uumumti isaatuu gurraan kan dhagahamuu waan ta'eef yeedalloo qaba. Miira keenya hunda irraa gurratti dhiyeenya qaba. Yeedalloon dhagahamu kun kan nama gammachisu, gaddisiisuu, kakaasuufi dhiphisiisuu ta'uu danda'a.


# Barannoo 2: Afoola


## Gilgaala 5: Shaakala Dubbisuun Duraa


Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hin seeniin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Fakkii armaan olii kanarraa ka'uun dubbisni itti aanu waa'ee maalii sitti fakkaata?
2. Bineeladoota adamoo deeman kana duraan beektaa? Eenyufaadha?
3. Mootiin bineeyyii maali? Maaliif?









## Oduu Durii /Sheekkoo /

1. Dur dur leenca, qeerreensa, Warabeessaafi harreetu waliin adamoo deemaa ture. Guyyaa sadiif walitti aansee homaa dhabanii qoonqoon isaanitti taphatte. “Akkamitti akkana ta’a nu keessaa namni cubbuu hojjete tokko jira ta’a malee akkamitti guyyaa sadiif adamsaa oollee waa tokko dhabna? Rakkootu jira malee waaqni akkamitti nutti garaa jabaata“jechaa gumgumuu jalqaban. Kanumaan tokko ol utaalee cubbuu keenyaaf jalaa ka’ii gaafachuu qabna jedhe. Kan biraas “Eeyyee, sirrii jette,” jedhee jalaa qabe. Hundinuu yaada kanarratti walii galan.

2. Dursee leenci faxuulaatti cubbuu kanaan dura godhe himaachuutti ka’e. Natu cubbuu godhe. Gaaf tokko Jabbi xiqqoo tokko ganda keessatti argadheen kiyyeessee qabadhee nyaadhee. Ergasiisii oggaan beela’e ari’ee qabannaan hinumaan nyaadha, “Jedhee Jarri kuun fuula leencaa laalanii ija keessa walis ilaalaa, mataa raasaa, “miti, kunimmaa cubbuu miti “jedhan.

3. Achumaan qeerransi quqqufa’ee waan godhe himachuutti ka’e. “Jireenya koo keessatti cubbuu suukaneessan godhe nan qaba, gaaf tokko sulula keessatti Re’ee kophaatti baate tokko argadheen qabaadhee nyaadhe, “jedhe. Jarri kuunis qeerransa ija keessaa laalaa moccorsaa isaa san yaadachaa ija keessaa wal ilaalati. “Miti kunis, cubbuu hin qabu “ jedhan.

4. Sadaffaarratti waraabeessi jalqabe. “Eeyyee, anis cubbuu godhee tokko jira, guyyaa tokko mana namaa dhaqeen hindaqqoo namaa qabadhee fudhee deemee nyaadhe,” jedhe. Jarri kuun, “Kunis cubbuu miti “jedhan ajaa’ibsifachaa.

5. Dhumarratti, dabareen harree ga’ee harreenis cubbuu ishee himachuu kaate, “yeroo tokko namni baa’aa qanqallaa tokko ta’u natti fe’ee karaarra na oofaa jiru namaan walitti dhufee dhaabbate haasa’aa jalqabnaan amma inni dhufutti karaarra goree marga bubbutadhee achumataan fe’iinsi sun natti ulfaannaan ittiin ciise; jireenya koo keessatti balleessaa akkasii gochuu koo naan yaadadha” jette.

6. Amma marri isaaniyyuu usanii harree laaluutti ka'an. Hidhiifi gurra ishee buustee waan isaan jedhan dhaggeeffachuutti kaate. Achumaan hundi isaaniituu akkuma nama aaree mataa dalga raasaa, "kana cubbuun, cubbuu hamaa! Sababni rakkina keenyaa sii jechuudha," jedhanii hundi isaanituu, "Harreerratti yaa'anii kukkutanii ishee nyaatan" jedhama.

## Gilgaala 6: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwaan arman gadii dubbisarraatti hundaa'uun filannoo kennaman keessaa kan caalaatti sirriidha jettu filadhu.

1. Kanneen armaan gadii keessaa qooddataa barreeffamichaa kan hin taane kami?
   - A. Qeerrensa
   - B. Harree
   - C. Saree
   - D. Leenca
2. Duulli bineeyyii kanaa milkaa'ee jiraa?
   - A. Eeyyee
   - B. Lakkii
   - C. Hinbeekamne
   - D.milkaawaadha
3. Xiyyeeffannoon keeyyata 6ffaa.
   - A. Harree mararfatanii ija keessa ilaaluu isaanii
   - B. Harreen murtee jaraa sodaachuu ishee
   - C. Bineeyyiin kun harree nyaachuuf murteessuu isaanii
   - D. Hunduu sirriidha.
4. Osoo akka cubbuutii kan nyaatamuu qabu,
   - A. Qeerrensa
   - B. Waraabessa
   - C. Harree
   - D. Harree malee hunduu
5. Yaada armaan gadii keessaa kamtu sirriidha?
   - A. Qeerransi cubbuu godhus akka itti hinmurtessiine qeensaa isaa gadi baasee agarsiisuun ofirraa ittiise.
   - B. Harreen cubbuu gooteef natti murteessu jettee sodaattee turte.
   - C. Leenci cubbuu raawwateef natti murteessu jedhee sodaatee ture.
   - D. Hundinuu sirriidha.

6. Xiyyeeffannaan keeyyata 1ffaa
   A. Adamoon isaanii milkaa’uu dhabuu isaa
   B. Sababa adamoon milkaa’uu dhabeef
   C. Bineensonni adamoof ka’an beela’uu isaanii
   D. qeerreensi, waraabessiifi harreen waliin adamoo deemuu isaanii.
7. Harreen kan nyaatamteef
   A. Cubbuun goote kan warra kaanii waan caaluuf
   B. Foon ishee kan warraa kaanirraa waan mi’aahuuf
   C. Leencatti waan murteessiteef
   D. Hunduu sirrii miti.
8. Mammaaksi dhaamsa waliigalaa dubbisa kanaa sirriitti bakka bu’uu danda’uu kami?
   A. Abbaan biyyaa hanga biyyaa gaha.
   B. Harreen quufte warabeessaa wajjin taphatti.
   C. Kan mootu dhaani jennaan gowwaan galee niitii dhaane.
   D. Silmiin bakka laaftu ciniinti.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii jechootaa ykn gaaleewwan dubbisa keessaa bahan kana tajaajila sirrii ta’e kan kennu filadhuu deebisi.

1. Qoonqoon itti taphatee ( keey. 1 ) jechuun
   A. Beela’aan  C. Cittaa’an
   B. Dhukkubsatan  D. rakkatan.
2. “Akkamiitti akkana ta’e (keey.1 sarara 3) keessatti
   A. Akkamiitti nukeessaa namni cubbuu godhe argama
   B. Akkamiitti qoonqon nutti taphatee.

C. Akkamiitti guyyaa sadi guutuu deemnee waa dhabna.

D. Akkam waaqni garaa nutti jabaata.

3. 'Gumgumuu '( keey. 1, sarara 6ffaa )

A. Dheekkamuu
B. sagalee gadi qabanii dubbachuu
C. Nyaachuu
D. waan hintaane dubbachuu

4. 'Cubbuu keenyaaf jalaa ka'ii gaafachuu qabna. (keey. 1, sarara 6ffaa }

A. dhiifama
C. jalaa nubaasii
B. safuu
D. laguu

5. 'Faxuulaatti '(keey.2. sarara1ffaa)

A. boonaati
C baacatti
B. of jajaatti
D. bashannanaatti.

6. 'Kiyyeessee (keey. 2.sarara 3ffaa)

A. rakkisee
C. boochisee
B. hacuucee
D. Suukanneessee.

7. 'Sululaa '( keey.3, sarara 2ffaa)

A . boolla
C. booyii
C. laga
D. goda

8. 'bubbutadhee ' ( keey. 5. sarara 4ffaa)

A. Dheede
C. kukkutadhe.
B. alaanfadhe
D. hate.

9. 'marri ' ( keey. 6, sarara 1ffaa )

A. hundii
C. tokko tokko
B. muraasni
D. guutuun

10. Hidhiifi gurra buustee (keey. 6 sarara 1ffaa)

A. gadditee
C. mararsiifachuu
B. daba murtee
D. tuffachaa

**Gilgaala 7:** Shaakala dubbisuun boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii haaluma gaafatamteen gareen irratti mari'chuun dareef gabaasaa.

1. Afoola maali?
2. Gosoonni afoola maal faadha?
3. Amaloota walaloo tarreessi.
4. Garaa garummaafi tokkummaan walaloofi oduu durii(sheekkoo) maali?
5. Filannoo jechaa afoola keessatti gosa kam irratti hedduummaata? Maaliif?

## Barannoo 3: Gosoota Afoola

**Gilgaala 8:** Shaakala Ciigoo

A. Ciigoowwan armaan gadii soorgoofi sookoo isaanii baasuun agarsiisi.

1. Erga bokkaan roobee caamee
   Namni loolaan dhume.
2. Kan akkas bariidhaan kaate
   Mucaan sun simbira taatee.
3. Bara baraan kan dhageenyu sirbumasaa
   Nimiidhagaa afaan isaa
4. Aadaa osoo beektuu fuullee namaa kaatti
   Kaleessa hinhafnee har'as kunoo nidhufti

B. Ciigoo afur soorgoofi sookoo isaanii wajjin dareef dhiyeessi.

1. Ciigoo ___________________________
   Soorgoo ___________________________
   Sookoo ___________________________

2. Ciigoo ______________________________
   Soorgoo ______________________________
   Sookoo ______________________________
3. Ciigoo ______________________________
   Soorgoo ______________________________
   Sookoo ______________________________
4. Ciigoo ______________________________
   Soorgoo ______________________________
   Sookoo ______________________________

## Gilgaala 9: Shaakala Hibboo

A. Hiibbboowwan armaan gadiif deebii sirrii filadhu.

1. Obbolaan afur; afranu bolla tokkotti fincaa'u
   - A. Quba harkaafi okolee
   - B. Mucha sa'aafi okolee
   - C. Gurra sa'aafi okolee
   - D. Sa'aafi waatii.
2. Kan shantamni dhaabe shantamni hinbuqqisu.
   - A. Kora
   - B. Muka
   - C. Mana
   - D. Awwaala
3. Ayyaas hin fakkaatu aabbas hinfakkaatu.
   - A. Harree
   - B. Gangee
   - C. Farda
   - D. Re'ee
4. Shaa! Jedhu hindhangala'u.
   - A. Aanan
   - B. Baala
   - C. eegee fardaa
   - D. cirracha
5. Amma majii geessi biyya waliin geessi.
   - A. Miila
   - B. Gaaddiidduu
   - C. yaada
   - D. beekumsa

B. Hibboowwan armaan gadiif deebii sirrii barreessi.

1. Loon hinqabdu ni elmatti
2. Du'a booyicha hin qabne
3. Faaya manatti hin suuqamne
4. Arii'anii hinqaban, taa'anii hindhaban.
5. Ija wajjin dhalateef osoo hinilaaliin duuti

## Gilgaala 10: Shaakala Jechamaa

**A. Jechamoota armaan gadiitti kennamaan ibsuu kan danda'u filadhu.**

1. Afaan ishee damma
   - A. Hamtuudha
   - B. Jaalatamtuudha
   - C. Nama hinquqxu
   - D. Obsituudha.
2. Funyaan bira.
   - A. Handaaraa
   - B. Qarree
   - C. goodaa
   - D. dhiyoo
3. Guduruudha
   - A. Beekaadha
   - B. Daa'ima
   - C. Gurraacha
   - D. hunduu sirriidha.
4. Ibiddi baayeef
   - A. Carraa argatte
   - B. Deessee
   - C. Mirga argatte
   - D. Heerumte
5. Madaa jaldeessaa ta'e
   - A. Dafee fayyuu dide
   - B. Baay'ee diimate
   - C. dafee fayyee
   - D. Olole

**B. Jechamoota armaan gadiitti kennaman hiika isaanii barreessi.**

1. Dhadhaa abidda bu'e
2. Fixeensa ganamaa
3. Gara laafeetti
4. Huuruu dhiibee
5. Qeeransa madaaye
6. Ijaafi adaamii
7. Madaa mogolee
8. Sbbata hiikkatte
9. Bineensa ganamaa
10. Gurra namurte

C. Jechamoota shan barreessi dareef hiika isaanii wajjin dhiyeessi.

a. ___________________________ d . ___________________________

b. ___________________________ e. ___________________________

c ______________________________

## Barannoo 4: Barreessuu

**Gilgaala 11:** Shaakala Barreessuu

Gaaffiiwwan armaan gadii barreeffamaan deebii kenni.

1. Oduu durii tokko barreessii dareef dhiyeessi
2. Sirba cidhaa tokko barreessii dareef afaaniin dhiyeessi.
3. Sirba jaalalaa tokko barreessii hiryoota keetiif dubbisi.

# Boqonnaa 15: Durba Morma Lamaa

**Kaayyoon: Barnootaa boqonnaa kanaatiin booda:**

- maalummaafi faayidaa sheekkoo ibsita.
- jechootaaf hiika kallattii kennita.
- jechamootaatti fayyadamuun ciigoo ijaarta.
- hiibboofi akkaataa seera tapha hiibboo himta.
- sheekkoofi gosootaa sheekkoo addaan baafatta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseeniin gareen irratti mari'adhaa.

1. Gosoota afoola Oromoo kan beektu maqaa dha'i.
2. Gosoota afoolaa kanneen bifa holoolootiin dhalootaa dhalootatti darbaa turaniifi jiran kam faadha?
3. Sheekkoon yeroo baay'ee kan himamu eenyu?
4. Mee sheekkoo beektu tokko dareef dhiyeessi.

B. Gara dubbisuutti osoo hin seeniin dura jechootaa /gaaleewwan armaan gadii hiika isaanii tilmaami.

1. seequu 2. bira kute 3. finna

## Durba Morma Lamaa

1. Dur dur namichi tokko ilma tokko qaba ture. Innis, ilmi isaa kun akka fuudhee ijoollee horatu hawwii waan qabuuf, itti fuudhu barbaada. Maarree gaaf kaan gurbaa isaa kanaan intalan sitti fuudhuu barbaada maal jetta jedhee gaafata. Gurbaanis, battaluma sanatti fuudhuuf fedhii waan hin qabaanneef, abbaadhaan tole maarre ni ta'a garuu, intala morma lamaa naaf kadhu jedheen. Abbaanis tole siif haa jedhu ilmoo too, kanuma ati jetteen siif kadha jedheen.

2. Gaaf kaan oolee bulee intala morma lamaa naannoodhaa barbaadee dhabnaan, galaa qopheeffatee barbaachaa ka'e. Osuma deemuu laga ce'ee tabba yommuu qabatu namicha kophaa deemu tokkoon walitti dhufan, nagaa erga walgaafatan booda waliin karaa isaanii qajeelan. Osuma deemanuu loon fura keessaa dheedaniitti dhufan. Loon sun jiboota keessaa hinqaban ture. Namichis loon ilaalee mataa isaa raasuun, "Loon kun baay'ee xiqqoodha! " Yemmuu jedhu yaanni isaa abbaa gurbaatti bitaacha'ee, garaa isaatti namichi kun maraatuudha? Loon hanga kana baay'atan xinnoodha jedhaa ofiin jechaa deemsa isaanii itti fufan.

3. Loon bira erga darban booda mana guddaa dallaa hinqabne tokkotti dhufan. Namichi Kun ammas manicha ilaalee, " Maal fakkaatti manni yartuun kun? " jedhee yoo dubbatu. Akka duratti ofiin haasa'ee cal'isuu waan hin dandeenyeef. Loon baay'een xiqqoo jetta ! Mana guddaan xiiqqaa jetta! Sammuun kee nagaa hin qabuu ?" jedheen.

4. Namichis itti seeqee, " Nama tokko tokkoof dubbiin cinaan itti himuu dhiisii cinaachaayyuu yoo dhahan hingaluuf," jedhee nagaan turi jedhee biraa kute. Abbaan gurbaas osuma kophaa deemuu aduun itti dhiitee mana tokkotti gore. " Yaa warrana aduutu natti dhihee na bulchaa?" jedhee warra manichaa gaafate. Achumaan seenaa jechaa mucayyoo geechuun takka

gadi itti baate. Mee na bulchaa jedhe ammas bulaa “ manni kan Waaqaati “ jetteen.

“ warri kee eessa dhaqan ?” jedheen. Warra du’aa dhaqanii nidhufu. Isin garuu garamii deemtu? jetteen . “ Ilma koottu intala morma lamaa fuudhu malee jennaanaan barbaacha deemaa jira “ jedheen . “mee yaa ilmoo too bishaan naaf kenni, namicha tokkotu afaan na gogsaa oolee?” jedheen, isheenis ‘Maal godhee isin gogsaa oole ?” jettee gaafatte.

5. Namichi maraatuu haata’uu ani hinbeeku erga ganamaa jalqabee, loon hedduu Jiboonni keessa hinjirreen, xinnoo, mana guddaa dallaa hin qabneen xinnoo jechaa naan mormee afaan na gogsaa oole jedhee itti hime. Isheenis si’aayinaan caqqastee kolfitee “Maal natti kofalta finna koo? “jedheen. Isheenis isinitti miti yaanni namichaa isinii galere aabboo jetteen? Innis “naaf hin galle “jedheen. Ittuma fuftee “Intalli morma lamaa hoo ishee kami?” jettee gaaffii dhiyeessiteef.” Kanuma morma lama qabdu kaa ilmoo too “jedheen. Isheenis, “durba morma lamaa jechuun kan durbummaa ishee hin ganne jechuudha“jetteen. Loon baay’eetanii jiboonni keessa hinjirre walhoruu waan hin dandeenyeef xinnoodha” jechuu isaati. “Manni guddaan dallaa hinqabne ammoo abbuma argetu itti gora waan ta’ee ulfina hin qabu” jechuu isaati.” jetteen.

6. Abbaan gurbaas yaada isheefi hiika ishee itti gammadee, yaa ilmoo koo siifuu safuu, yoo atuu durba morma lamaa taate osoo ilma koof si kadhee maal jettaree? jedhee gaafate. Mucaayyoonis tole jettee abbaan mucaas milkaay’ee “ Mucayyoo mucaaf akkuma seera fuudhaafi heerumaa aayyaafi abbootti itti kadhate, ittiis fuudhe. Mucayyoonis, durba morma lamaa taatee mul’atte, maatii mucaafi kan ishees gammachiifte jedhama.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisa dhiyaatee saffisan/ariitiin dubbisaa deebisi.

1. Yaanni “maal fakkaatti manni yartuun kun? “jedhuu keeyyata meeqaffaarratti “ argama ?
2. Sheekoo kana keessatti namoonni qooda fudhatan eenyu faadha?
3. Mucayyoon durba morma lamaa ta’uun ishee keeyyata kam keessatti ibsame?
4. Yaanni dimshaashaa oduu durii kanaa maali?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisichaa irra deebi’uun suuta dubbisaa deebisi.

1. Yaanni namichaa abbaa gurbaatti kan bitaachaa’eef maaliif?
2. “ Bulaa manni kan waaqati “ kan jedheen eenyu ?
3. ”Innis” keeyyata 5ffaa keessatti maal ibsa?
4. Akkuma fuudhaafi heeruma aayyaafi aabbaa yoo jedhu maal jechuu isaati.
5. Loon hedduu jiboonni keessa hinjirre maali?

C. Gaaffiiwwan armaan gadii jechootaa hiika isaanii guutuu taasisuu danda’u filachuun guuti.

| | | | |
|---|---|---|---|
| horachuu | dallaa | si’aayinaan | hawwii |
| geessuu | horsiisuu | galaa | gogsuun |
| ulfina | milkii | | |

1. Ummata Oromoo biratti namni kaadhimachuuf manaa bahu __________________ ilaalchuun baramaadha.
2. Namoonni yeroo haasawa godhan__________________ dhaggeeffaachuun gaariidha.

3. Loon foonaa malee, manni _______________________malee hin miidhagu
4. Ummanni Oromoo looniif _____________guddaa qaba.
5. Biqilaan lukkuu _______________jaalata
6. Ummanni Oromoo baay'een isaanii guddina Oromiyaatiif _________ qabu.
7. Hormaata looniif malkaa ____________________ gaarii miti
8. Shamarri ______________ kophaa bosona keessa deemuu hin qabduu
9. Namni karaa deemu __________qopheeffachuu qaba.
10. Dandeettii dubbisuu ______________ f dubbisuun furtuu guddaadha.



## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

Gaaffiiwwan armaan gadii akkaatuma gaafatamteen deebisi.

1. Oduu durii kanarraa maal hubatta?
2. Oduu durii beektu tokko mee dareef afaniin himi.
3. Haasawa namoota karaatti walitti dhufanii kana irraa maal hubatta.
4. Faayidaan sheekkoo/ oduu durii maali?

## Barannoo 2: Afoola

### Gilgaala 4: Shaakala Jechamootaa

A. Jechamoota roga A' jalatti kan roga 'B' jalaa wajjin waliitti firoomsi.

| | 'A' | | 'B' |
|---|---|---|---|
| 1. | Lafa seene | A. | ofiin mari'ate |
| 2. | Saree roobaa | B. | galuufuu dide |
| 3. | Leelloo qabu | C. | gadduu |
| 4. | Itti bitaacha'e | D. | dhoksaa |
| 5. | Ofiin haasa'e | E, | dadhabsiise |
| 6. | Mataa raasuu | F. | naasise |
| 7. | Cinaan itti himii | G. | hiyyoome |
| 8. | Afaan gogse | H. | jibbamtuu |
| 9. | Bishaan taasise | I. | qaana'e |
| 10. | Itti qaawwa'e | J. | waljaalatu. |

B. Jechamoota armaan gadii hiika isaanii barbaadii barreessi.

1. Ibidda suuqe
2. Gurraa baasee
3. Mooyyee hammate
4. Itti roobe
5. Xiiche

### Gilgaala 5: Shaakala Sheekkoo

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irraitti mari'adhaa.

1. Sheekkoon faayidaa maali qaba?
2. Sheekkoo namoonni maal irratti hundaa'anii himu?
3. Sheekkoo/Oduu-duriifi asoosaama jidduu tokkummaafi garaagarummaan jiru maali?

## Leencaafi Re'ee

Bara durii leencaafi re'een waliin duuluuf, waliin deemuuf mari'atan. Re'eenis waan kana shakkitee, "Ani hoo si hinamanuu, akkamiin siwajjin duula? " jetteen. Leencis deebisee "Si hinyaadhu "jedhee kakateef. Kakuun kunis, "Yoon si nyaadhee dhalakoof haa ta'u jechuun erga kakatee booda waliin deeman.

Itti fufanii osuma deemanii re'een gammoojjii keessa baala funaannachaa deemti. Leenci garuu waan nyaatu tokkollee hin qabu ture. Osuma deemaa jiranii laga guddaa tokko biraa ga'an. Laga kanas, re'een salphumatti utaaltee yeroo ceetu leenci garuu, annisa ittiin utaalee sana ce'e waan dhabeef dadhabe. Lagarra maraa oolee achumaan re'ee kana nyaachuun qaba jedhee yaade. Kana booda re'ee sana waamee "yoonan kakuu sana diige maalan ta'aa? jedhee gaafate.

Re'eenis deebistee "lakkii obboo guddaa dhala keef hintolu "jetteen. Innis deebisee, dhala koof jedheen ani amma du'uun qabaa, jedhee laga gamatti utalee ishee nyaachuuf yoo jedhu, bishaan keessatti lafa dhahe. Osuma du'uuf wixxirfatuu "raajii na goote dhala keef malee si hingahu naan hin jennee?" jedheen. Isheenis, "Abbaan kee waan oole maal itti beekta ?" jetteen jedham.

B. Gaaffiiwwan armaan gadii sheekkoo dubbiste kanarratti hundaa'uun deebisi.

1. Ergaan waliigala sheekkoo kanaa maali?
2. Namafakkiin sheekkoo kana keessatti mul'atan eenyu faadha?
3. Leenca moo re'eetu balleessaa qaba? Maaliif?
4. "Dhala keetiif hin tolu", yoo jettu maal jechuu isheeti?
5. "Raajii nagoote," yoo jedhu maal jechuu isaati.
6. Sheekkoo kana mammaaksa tokkoon ergaa isaa dabarsuun ni danda'amaa?
7. Yoomessa sheekkoo kanaa baasi mul'isi.

8. Amala sheekkoon kun qabu tarreessi.
9. Kan abbaan kee oolee maal itti beekta yoo jettuun maal jechuu isheeti.
10. Oduu durii /sheekkoo naannoo keetti dubbatamu lama barreessi dareef dhiyeessi.

### Yaadannoo

Sheekkoon damee ogafaan keessaa tokko ta'ee duudhaa, amantaa, muuxannoo, ilaalchaafi falaasama ummata tokkoo dhalootaa dhalootatti kan dabarsuudha. Sheekkoon bifa dubbii fakkiin jireenyi hawwaasaa kaleessaa maal akka ture har'a maal akka fakkaatu' fuulduratti maal akka ta'u nu hubachiisa.

### Faayidaa sheekkoo

Sheekkoon faayidaa hedduu qaba. Isaanis:

- Seenaafi aadaa hawaasaa dhaloota qaabsiisuuf
- Jaalalaafi jibba hawaasa keessa jiru mul'isuuf,
- Ilaalcha namoonni addunyaa kanaaf qaban deebisuuf yaala.
- Adeemsa dubbii, bilchiina sammuu gabbisuuf gargaara.
- Iitti fayyadama yeroo barsiisuufi bashannansiisuu.
- Dandeettii dubbachuufi dhaggeeffachuu cimsa.

Sheekkoon bu'aa inni hawaasaa keessatti qabu irratti hundaa'uun bakka afuritti qoodama. Isaanis:

1. Sheekkoo Bineensotaa
2. Sheekkoo Durdurii
3. Sheekkoo Ibsaa
4. Sheekkoo Seenessaa.

1. Sheekkoo Bineensootaa; sheekkoon kun horiifi bineensota qooddattootaa godhachuun dubbatama. Fakkeenyaaf, namoonni wanta ifa baasanii

dubbachuudhaaf sodaa qaban karaan ittiin dabarfatan karaa kana.

2. Sheekkoo Durdurii; Sheekkoon kun "durduri" jedhetu eegala. Seeneffama gootummaa of keessaa qaban irratti kan xiyyeeffateedha. Akkaasumas bara dheeraa wanta ture karaa ittiin himamuudha.

3. Sheekkoo Ibsaa, Sheekkoon kun ka'umsa aadaa, amantii, haala jireenyaa uummata sanaa ibsuudhaaf kana itti fayyadamnuudha.

4. Sheekkoo Seenessaa; Waa'ee namootaafi gochoota beekkamoo ta'an yeroo seenessu ykn odeessuu nimul'ata. Namichi seenessu wanta keessatti qooda fudhate hima.

## Gilgaala 6: Shaakala Hiibboo

A. Hiibboowwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Gosoota afoolaa keessaa hiibboo maaltu adda godhe?
2. Faayidaan hiibboo maali?

B. Hiibboowwan armaan gadiif deebii sirrii filadhu.

1. Kophaa deemtu  hinsodaattu

   A. aduu   B. gaaddidduu   C. daa'ima   D. bubbee

2. Haati nama ilaalti ilmoon nama nyaatti.

   A. sa'a   B. qawwee   C. farda   D. leenca

3. Haati ni arraabdi ilmoon ni ciniinti.

   A. qottoo   B. ilkaan   C. jabbii   D. kophee.

4. Shaa jedhuus shanbaa  jedhuus hin dhangala'u.

   A. Eegee fardaa   B. Eegee sa'aa
   C. Mucha sa'aa   D. aanan

5. Galgala facaaseen ganama dhabe.

   A. fixeensa   B. urjii   C. karaa   D. xalayaa

C. Hiibboowwan armaan gadiif deebii sirrii ta’e barreessi.

1. Qaalluu hin qabdu, irreessa hindhabdu
2. Aanan ishee ni dhugu foon ishee hin nyaatan
3. Waan sadii waa sadii baata.
4. Aabbaa fakkaataa baala nyaata.
5. Osoo boossuu kofalti, osoo hootuu mar’atti

**Yaadannoo**

**Hiibboo**

Hiibboon gosootaa afoolaa keessaa tokko ta’ee dhalootaa dhalootatti afaaniin darbaa kan tureefi kan jiruudha. Yeroo baay’ee daa’immaniin kan taphatamuudha.

Faayidaa hiibboo

Yeroo durii akka yeroo ammaa barnoonni ammayyaa osoo hin babal’atiin dura karaan ummanni daa’imman isaa barsiisu, gorsu, sonaafi aadaa isaa ittiin dabarfatu keessaa tokko hiibboodha.

Faayidaan hiibboo isaan gurguddaan:

- aadaafi falasama sabaa dabarsuuf
- yaada tokko gadi faggeenyaan qorachuuf gargaara.
- cimina sammuutiif
- obsa akka horatan gargaara.
- walitti dhufeenyi akka cimu godha.
- naannoo ofii ittiin barsiisuuf gargaara.
- dandeettii dhaggeeffachuu cimsa

# Boqonnaa 16: Gaabbii

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- asoosama dubbisuun yaada isaa niqaaccessita.
- hiika jechamootaa nibarreessita
- faayidaa asoosamaafi caacculee asoosamaa adda baasta.
- malleen dubbii hima keessatti adda baastee agarsiista.

## Barannoo 1: Dubbisuufi dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii osoo gara dubbisaa hinseenin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Gosoota barreeffamaa hanga yoonatti dubbistee tarreessi.
2. Asoosamoota hanga yoonatti dubbisteyaadatta? Maqaa dhayi.
3. Kitaabbilee barnootaa moo asoosama dubbiisuutu irra namatti tola? Maaliif?
4. Garaagarummaan asoosamaafi oduu durii jidduu jiru maali? Ibsaa.

B. Jechoota armaan gadii kana gara dubbisuutti osoo hin seeniin hiika isaa tilmaami.

1. bowwoo
2. dharraa
3. mooji

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Dubbisa armaan gadii ariitiidhaan /saffisaan dubbisuudhaan gaaffiiwwan armaan gadii deebisi,

1. “Akka baran miti akka baraa bulu “jedhu keeyyata meeqaffaa keessatti ibsame?
2. Yaanni dimshaashaa asoosamaa kanaa maali?
3. Yaanni “osoo dhiira taatee! “jedhu keeyyata meeqaffaarratti ibsame?
4. Badhaaneen waggaa meeqa ture?
5. Mammaaksi “gaabbifi eegeen booda jirti “ jedhu keeyyata meeqaffaarratti ibsame.
6. Badhaaneefi Leelloon waggaa meeqaan walcaalu?

### Gaabbii

1. Qalbeessaan ganama barii edda cinaachi isaa lafa gadhiisee eegalee, hanga aduun dhiyutti boqonnaa hin beeku. Inni guddaanis, inni xiqqaanis akkuma isa dhamaasetti oola. Obboleessatti hirkatee, inni akkuma isaa sooromuuf yaadee qe’ee guutuu gatee isaaf jecha biyyaa baanaan, obbolessi inni abdate sun duraa du’e.

2. Eddasii asi, “Mormi mataa abbaa hin baanne haa citu,” jedhee jireenya isaa fooyyeffachuu jalqabe. Waan hojii jedhame argannaan of duubatti hin jedhu. Isa meeshaa bituuf ni baata. Isa mana ijaaruuf dhakaa guura. Dhoqqees nidhita. “ Akka baran miti akka baraa bulu, jedhama miti.” Jedha.

3. Hojii hojjetee qarshii ni argata. Beela’ees, daarees hinbeeku. Akka dur yaadu sana garuu qarshiin magaalaa lafaa hinhammaarramu. Ishiin argamtuus walhinqabattu. Wanti hunduu qarshii malee hindhufu.

Kanaafuu, garaafi daara bira dabartee hinbeektu. Haala isaa kanaan quufee haa bulu malee, edda biyyaa bahee gammadee hinbeeku. “Fuulli kee yoom ifaa?” jedhuun hiriyoonni isaa. Dhibee isaa namni hinarguuf, innis baasee hindubbatu. Waan hundaa garaatti fixa. “Garaa madaala, afaan qadaada godhatanii namaa wajjin bulu,” waan jedhe fakkaata.”Ihi” jetti Biiftuun abidda bira teessee. “ Har’ammoo itti ka’eera, silaa gaafa itti ka’e qofa dubbachiisaan. Amma yoomitti?” jette ammas. “Haadhe maal taate?” jedhe ilmi. Isa haati itti jirtu inni hindhageenye. Ijoolleen walfalmuu jalqaban. Haati Beekaa jalaa diddi. Yeroo maraa isaan gaaffii itti kaasnaan, deebii kennuufi hindandeenye tokko baqatti. Gaaffiin sun mataa bowwuu ishii yeroo hundaati. Garaatti gubatti malee afaanii baastee hindubbattu.

4. Jaalalli Biftuun ijoollee ishiitiif qabdu adda, “ Osoo abbaa qaban abbaa dhaban ,” jetti. Akka hindaaqqoo bobaa jalatti osoo hammattee nijaalatti. Ijoollee ishii yeroodhaan mana barumsaatti galfatteetti. Hamma humna ishii ninyaachifti. Niuwwiftis. Isaanis sirriitti baratuuf. “ Isinii jedheen saree ta’e,”jetti. Simbirran ishii kun, Badhaneefi Leelloon ilaalamanii hinquufaman. Waggaa lamaan walcaalu. Haata’u malee, isaanis osoo nyaatanuu waan beela’an qabu. Dharraa isaanii namni hinbeekuuf. Beekuus hinguutuuf. Inni guutuufi danda’u immoo jalaa dideera.

5. Durillee abdii hinkutannee, amma garuu homaa eeggattee dadhabnaan dhiira biraa baraa jirti. Inni haarawa kunis darbee darbee malee itti hingalle. Jireenyi Biiftuudhaaf sirriitti barumsa kenneeraaf. Sangaan camadattee qottu dhibee yaaddoo itti fidee haadhorkuunii mooji malee, isaafis waan boodatti deebitu hinfakkaatu. Lafti ishii agabuu bulee hinbeeku. Yeroo hedduu garaafi kiraa nama qotuufi dandeesse galfatti. Yoo dhabdees horii ishii dabaree kennitee ooyruu ishii qochisiifatti. Loon ishiis tikseetti kennitee namich hojjatuuf waa yaaddi. Namoonni tokko tokko, “ osoo dhiira taatee!”

jedhu. Warri kaan ammoo “Ishiin leenca” jedhuun. Biiftuun isaanii gadi hinjiraattu. Dubartummaan homaa ishii dhabsiisee hinbeeku.

6. Qalbeessan amma akka durii dhiisee “ Mataa ofii moo’achuun moo’annaa hunda caala,” jechuu baruu qofa osoo hinta’iin ofitti fudhateera. Inni har’as namoota wajjin dhoqqee dhoobaa oola. Miiltoon isaa geerarsa hingalchu. Kutee gadi itti lakkisaa jira:

“ Buddeena furdaa kutachuu,
Aannan gaarii unachuu
Tuffadheen mana bahe
Nagaroon isaan na kaachisaa
Harka warraa na ilaalchisa;
Akka nama cubbamee,
Kunoo nan adabamee,” jedhe.

Geerarsi kun qalbii isaa fudhatee sokke. Innis yemmuu biyyaabahu,

Surree jilbarraan cittee
Abbaatuu waraannataa
Deega ijoollummaan dhuftee,
Abbaatu tattaafataa.” Jedhee geeraree manaa bahe.

7. Isa of harkaa qabu tuffatee isa fagoo abdachuutti game. Bara sana haati manaa isaa boossee kadhannaan, loltees himannaan, dide bahe. Qonnaan buluu jibbee adeeme. “Jireenyi baadiyyaa guddinnaaf hintaatu; hamma yoommittin biyyoo haadha? As teenyee wajjin rakkachuu manna ani magaalatti galeen horadhee ol si fudhadha,” jedhee bahe. Isheenis immoo yaada kana jibbitee wallolani.

8. Amma garuu edda biyyaa bahee tureera. Hortee lafa hinqabu. Kuufatees, harkaa hinqabu. Deebi’ee yaade. Isa dhiisee baheefi isa dhufee itti bahe walbirratti madaale. Dadhabbii malee homaa hindabalamne. Dur biyyoo dhiibu jibbee bahus ammas biyyoo dhiituu bira hindabarre. Maal keessa akka jiru ilaaluu yaale.

9. Ijoolleen inni yeroo sana manatti gatee bahe ammas ija isaa dura deemu. Yaanni akka daawwiitii mana isaa durii itti mul’ise. Badhaaneen waggaa afur ture. Leelloon silaa reefuu afaan hiikkatti. Tapha nijalqabsiisee malee hinquufsiine. Kun martii ija dura dhufe. Dhibeen hanga har’aatti gammachuu isa dhorke, qalbii isaatiif kutatee waan isatti ka’e itti fakkaate. Yaaddoon camadeetu isaan qotachuu eegale. Akka nama sammuun dhukkubsatee mataan itti naanna’e. Hojii dhiisee qa’eetti deebi’e. “ Na dhukkuba,” jedhee ciise.

10. Cinaachi Qalbeessaa lafa qabe malee silaa hirribni ija isaatti hindhufne. Qalbiin isaa nagaas qabbanas dhabdeetti. Mammaaksa abbaan isaa dur obboleessa isaatiif mammaakan yaadeete. “ Namni biyyaa bahe deebi’uu lagatu waan lama rakkata: Inni tokko sooramee bakka keessaa bahe tuffata, inni kaan ammo deegee ija namaa baqataa jedhu jaarsi,” jedhe. Isa geeraree biyyaa baheefi isa asitti isa muudate ilaale. Deebisee, “ Dhamaatuun dhama raastee ro’oon na dide jetti,” jedhe. Ganamaan ka’ee biyyatti galuuf kutate. Gaabbiifi eegeen booddee dhufti. Biiftuunis,” Adaraa Waaqaa, adaraa ijoollee kanaa sitti haa ta’u, walitti deebinee daa’imman keenya wajjin haagudifnuu,” ittiin jedhee kadhachuufi araaraaf jaarsa ergachuuf murteesse.

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii hubannoo dubbisarraa argateerratti hundaa'uun deebisi.

1. "Akka baran miti akka baraa bulu," yoo jedhu maal jechuu isaati.
2. "Isinii jedheen saree ta'e," yoo jettu maal jechuu isheeti ?
3. "Lafti Biiftuu agabuu bulee hin beeku," yoo jedhu maal jechuu isaati.
4. "Mataa ofii moo'achuun moo'annaa hunda caalu," yoo jedhu maal jechuu isaati.
5. Ergaan geerarsa dubbisichaa keessaa maali ?
6. "Dhamaatun dhama raastee ro'oon na dide jetti," yoo jedhu maal jechuu isaati ?
7. "Gaabbiifi eegeen booda dhufti," yoo jedhu maal jechuu isaati ?
8. Qalbeessaan maal yaadee biyyaa bahe ?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii asoosama gabaabaa dubbistee kanarratti hundaa'uun deebisi.

1. Qooddattoonni asoosama kana keessaa jiran meeqa ? maqaa isaanii barreessi
2. Waldiddaan asoosama kana keessatti ni jiraa ?
3. Waldiddaan asoosama kanaa eenyuufi eenyu jidduutti ? Akkamitti?
4. Waldiddaa bu'urri asoosama kanaaf ta'e isa kami?
5. Yoomessaa asoosamaa kana ibsi.
6. Filannoon jechootaa asoosama kanaa keessatti maal fakkaata?
7. Ijaarsa gochaa asoosama kana fakkeenyaan agarsiisi.
8. Asoosama keessatti ogafaan fayyaadamuun maaf barbaachise?
9. Ergaan waliigalaa asoosama kanaa maali?

C. Gaaffiiwwan armaan gadii muuxannoo keefi wantootaa baratte irriatti hundaa'uun deebisi.

1. Mammaaksota asoosamicha keessatti barreessaan fayyadame baasuun qaacceessi.
2. Jireenya kee keessatti waan kana dura itti gammadee, yookiin gaddite dareef seenessi. Haalli kun asoosama keessatti maal jedhama.
3. Akka yaada keetiitti, jaarsota araaraaf Qalbeessan erguuf, Biiftuun yoo tole jette, araarri waan bu'u sitti fakkaataa? Waliigalanii haa araraman moo gargar haa bahan jetta? Maaliif?
4. Jechamoota mataa keetii kudhaan hiika isaanii wajjin barreessi.
5. Asoosama gabaabduu tokko barreessuun dareef dhiyeessi.

## Barannoo 3: Afoola

Gilgaala 4: Shaakala Jechamoota

A. Jechamoonni armaan gadii asoosama armaan oliitti dubbistee keessaa bahaniif hiika isaanii barbaadi.

1. Cinaachi isaa lafa gadhiise
2. Waan hunda garaatti fixa
3. Lafaa hin hammaramu
4. Biyyee haadha
5. Of duuba hin jedhu
6. Walhinqabattuu
7. Mataan itti naanna'e
8. Ija dura deemuu
9. Hirriibni ija isaatti hin dhufne
10. Cinaachi lafa qabe.

B. Jechamoota gilgaala 4ffaa jalatti hiika itti kennite kanneeniin hima ijaari.

## Gilgaala 5: Shaakala Malleen Dubbii

A. Himoota armaan gadii keessatti gaaleewwan jala sararaman maal ibsuuf akka gargaaran gareen irratti mari'adhaa.

1. Yaanni akka daawwitii mana isaa durii itti mul'ise
2. Simbirran ishii kun ilaalamanii hin nuffaman
3. Akka nama sammuun dhukkubsatee mataan isaa naanna'e.
4. " Biiftuun leenca " jedhuun
5. Akka handaaqqoo bobaa jalatti osoo hammaattee ni jaalatti.
6. Yaaddoon camadee isaan qotachuu eegale.
7. Jireenyi, Biiftuudhaaf, sirriitti barumsa kenneeraaf.

B. Himoota 'A' jalatti kennaman kanneen garee armaan gadii jalatti sababa isaa wajjiin ramadi.

1. Mala dubbii akkasaa
2. Mala dubbii iddeessaa
3. Mala dubbii  nameessaa

C. Himoota akka bifa 'A' jalatti barreeffamanii kana shan gosoota malleen dubbii isaanii wajjin asoosamicha keessaa baasuun agarsiisi.

1. ______________________
2. ______________________
3. ______________________
4. ______________________
5. ______________________

# Boqonnaa 17: Xalayaa

**Kaayyoo: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- maalummaa xalayaa ni ibsita.
- akkaataa xalayaan itti barreeffamu ni himta.
- hiika jechootaa haala galumsaatiin ni barreessita.
- xalayaa hojiifi dhuunfaa nibarreessita.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Barreessuu

### Gilgaala 1: Shaakala Dubbisuun Dura.

Gaaffiiwwan armaan gadii gareen irratti mari'adhaa.

1. Teessoo xalayaa barreessitee haala kamiin barreessite?
2. Gosootaa xalayaa beektuu himi?
3. Xalayoota kanneen keessaa kam barreessitee beekta?
4. Xalayaa hiriyaa keef ykn hojiif barreessitee beektaa?

**1. Xalayaa Hiriyaaf Barreeffame**

**Guyyaa Bitooteessaa 25, 2003**

**Jaallatamaa, hiriyaa koo Bokkuu Galgaloof**

Bokkuu, jirtaa? Ani nagaadha. Xalayaa yeroo darbe naaf barreessite keessatti guyyaan eebba keetii Waxabajjii 10, 2003 akka tahe naa ibsitee turte. Guyyaa eebba keetii kana kabajuuf yeroo qophooftu kanatti waggootaa darban caalaatti gammachuufi qananiitti deemaa jirta jechuu nan danda'a. Guyyaan

eebbaa keetii kun tattaaffii ati Yuuniversitiitti galuuf mana barumsaa sadarkaa 2ffaatti bu'aa bahii Yuunivarsitii keessaa dabartee sirriitti si yaadachiisa. Egaa dadhabbiin kee lafatti hinhafnee, gargaarsa Rabbiitin sadarkaa kanarraa geesse jirta.

Guyyaa eebba keetii qaqqabuu keetiif gammachuu natti dhagahame ibsuuf jecha kennaa xinnoo tokko karaa mana poostaatiin siif eergeera. Akka mallattoo wanta gaarii tokkootti akka ana hiriyaa kee ittiin ilaaltu nan abdadha. Yerooo ammaa qorumsa fudhadhee qayyabachuurraa boqonnaa argadhee qarshii bara dhufu daaraafi baasii mana barumsaaf naaf ta'uu argachuuf hojii biroorratti bobbayee waanan jiruuf Adaamaa dhufee eebba keerratti hirmaachuu hin danda'u. Garuu baga geessan jedha.

Hiriyaa kee

Roobaa Duumessaa

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

Xalayaa dhuunfaa isa armaan oliitti dubbisterratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii deebisi.

1. Yaanni waliigala xalayaa kanaa maali?
2. Xalayichi qaama meeqa qaba?
3. Akkaataan xalayichi itti barreeffame maal fakkaataa? Gama sirna tuqaalee, qub-guddeessaafi kkf tutin?
4. Duraa duubni yaadaa, xalayicha keessatti eegameeraa?
5. Xalayichi dogongora qabaa? Yoo qabaate ibsi.

2. Xalayaa Hojii

Dhimmi: Qacarrii ilaallata

Guyyaa, 20-01-2003

Ibsaa Waaqoo

Waajjira Barnootaa

Aanaa Gidhiir

L.S.P 29

Gidhiir

Biiroo Barnootaa Oromiyaa

L.S.P 1187

Finfinnee

Gaazexaan Bariisaa kan Adoleessaa 17, 2003 bahe irratti hundaa'uun bakka duwwaa kanatti qacaramuun barbaadheera.

Ani nama umriin waggaa 37 yoon ta'u aanarratti kutaa qorumsaa kan Waajjira Barnootaa hogganuun muuxannoo waggaa 11 qaba.

Gama sadarkaa barnootaa kootiin Yuunivarsitii Jimmaarraa Ogummaa Buclhiinsa Mana Barumsaatiin digirii jalqabaan eebbifameera.

Kana malees leenjiiwwan gaggabaaboo yeroo addaa addaa dhimma hojii koo ilaalturratti kennaman hordofeera. Ragaalee barumsaa kootii hundaafi waraqaa seena jireenyaa kootii ibsu iyyata kana wajjin gama keessaniitti ergeen j ira.

Nagaa wajjin

**Ibsaa Waaqoo**

**Gilgaala 3:** Shaakala dubbisuun boodaa

A. Xalayaa hojii armaan olii kanarratti hundaa'uun gaaffiiwwan armaan gadii dalagi.

1. Qabxiiwwan Ibsaan irratti xiyyeeffate baasi agarsiisi.
2. Xalayaan kun qaama meeqa qaba ? maal faadha ?
3. Xalayaan kun hanqinna qabaa ? Yoo qabaate ibsi
4. Osoo itti gaafatamaa kutaa qorumsaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa taate deebii akkamii Ibsaaf deebista ?

B. Gaaffiiwwan armaan gadii muuxannoo keeti wanta baratte irratti hunda'uun barreeffamaan gabaasi.

1. Akka nama kutaa kudhaan fixee hojii barbaaduutti waajjira tokkoof xalayaa barreessi.
2. Michuu kee/tee kan fagoo jiru/tu tokkoof xalayaa dhuunfaa barreessi.
3. Faayidaa xalayaa ati akkaamitti ilaalta?
   Namoonni biroo hoo?
4. Poostaan teessoo meeqa qaba? Maal faadha? Eessatti barreeffamu?
5. Yemmuu xalayaa barreessitu dhimma ifa taasisuuf wantoonni hordofuu qabdu maal faadha? Fakkeeny kennuun ibsi.

## Barannoo 2: Hiika Jechootaa

**Gilgaala 4:** Shaakala Hiika Jechootaa

A. Jechoonni armaan gadii xalayoota lamaan armaan olitti dubbiste keessaa bahan hiika isaanii akka golumsaatti barbaadi.

1. Badhaatuun <u>ragaa</u> waan hin qabneef mana murtiitti mo'amte
2. Kennaan <u>xinnoo</u> hin qabu.
3. Tolaan haadha isaa <u>daara baase</u>.
4. Abbaafi haadha ofii kabajuun <u>dansaadha.</u>
5. Qalbeessaan ergaa hojii ergatee <u>qananii'ee</u> buluu jalqabe.

B. Jechoota raga ‘A’ jalatti kennaman faallaa isaanii kanneen roga ‘B’ jalaa filadhu.

| ‘A’ | | ‘B’ | |
|---|---|---|---|
| 1. | ariifattuu | A. | jibicha |
| 2. | wallaaluu | B. | beekuu |
| 3. | raada | C. | gamana |
| 4. | dhara | D. | dhugaa |
| 5. | gamas | E. | suutumee |
| | | F. | kijibuu |

**Yaadannoo**

**Xalayaa Barreessuu**

Xalayaan meeshaalee qunnamtii barreeffama (dhaamsa yaada, ajaja, dabarsuuf) keessaa isa tokko.

**Gosoota xalayaa**

A. Xalayaa hiriyaa /dhuunfaa/

B. Xalayaa hojii

C. Xalayaa daldalaa

D. Xalayaa gaddaa /gammachuufi kkf.

Kanneen keessaa mee xalayaa dhunfaafi kan hojii haa ilaallu.

**A. Xalayaa Dhuunfaa**

Firaaf ykn hiriyaaf barreeffama

Fkn. Odeeffannoo kennuuf

Fayyaafi nagaa dhaamuuf, kan nama biraa gaaffachuuf, affeeruuf barreeffama.

**B. Xalayaa Hojii**

Mana hojii mootummaa ykn dhuunfaaf barreeffama

Fkn: Iyyannoofi himoota adda addaa Qajeelfamaafi ajaja adda addaa gaaffiifi yaada maxxansiistootaa.

**I. Keessa Xalayaa**

1. Teessoon xalayaan irraa ergamu walakkaarraa gara mirgaatti barreeffama.
2. Teessoon gara xalayaan dhaqu,walakkaarraa gara bitaatti barreeffama.
3. Nagaa gaafachuu xalayaa dhuunfaaf
4. Jechoota kabajaa mul'isan xalayaa hojiif
5. Qabiyyee xalayaa. Iddoo itti yaanni tartiibaan ibsamu.
6. Xumura xalayaa. Yaada hawwii gaarii dhaamuu. Mallattoo barreessaa kaahuufi maqaa barreessuu.

**II. Dugda Poostaa**

1. Teessoon namicha erguu gara bitaatti
2. Teessoon gara xalayaan dhaqu gara jalaa ta'ee gara mirgaatti.

| | |
|---|---|
| 1 | |
| | 2 |

**III. Qajeelfama xalayaa ilaaluu**

1. Qulqulliina barreeffamaa
2. Qabiyyee ifa taasisuu
3. Gulaaluu

# Boqonnaa 18: Barreeffama Odeeffannoo (Wabiitti) Fayyadamuu

**Kaayyoon: Barnoota boqonnaa kanaatiin booda:**

- maalummaa barreeffama wabii  nihimta.
- akkaataa itti fayyadama kitaabilee wabii  niagarsiista.
- jechoonni maal akka bakka bu'an nihimta.

## Barannoo 1: Dubbisuufi Dubbachuu

**Gilgaala 1:** Shaakala Dubbisuun Duraa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii gara dubbisuu osoo hin seenin dura gareen irratti mari'adhaa.

1. Kitaaba barnootaaf kutaatti siif kennamuun ala kitaaboota dubbiste beektaa? Maqaa dhahi?
2. Kitaabilee dubbistee kanneen qabiyyee isaanii ibsi.
3. Mana kitaabaa seentee dubbistee beektaa? Tooftaa kamiin kitaabilee barbaaddu argatta?

B. Jechoota armaan gadii gara dubbisaa osoo hin seeniin hiika isaanii tilmaami.

1. funaanuu 2. madda 3. wabii

**Barreeffama wabiitti fayyadamuu**

1. Barataan kamiiyyuu sadarkaa 2ffaa irraa jalqabee beekumsa isaa cimsachuuf kitaabilee dareetti dubbisuun ala kitaabilee biroo mana kitaabaa seenee dubbisuu qaba.
2. Kanaaf ammoo, haala itti fayyadama barreeffama wabii fayyadamuu danda'uu qaba. Namoonni qorannoofi qu'annoo gaggeessuuf ka'an duraan dursee barreeffamoota isaa gargaaran funaannachuu qaba. Kitaabbileen

kunniin ammoo, yeroo baay'ee kan argaman mana kitaabatti. Mana kitaabaa keessas kan taa'an haala seera qabeessa ta'eenii Tooftaa kitaaba seeraan kaa'uuf namatti tolan keessaa tokko kaataaloogiidha. Kaataaloogii jechuun kitaabilee akka duraa duubummaa qubee isaaniitti kaahuudha. Kaataalogii gosa lamatu jira. Isaanis: Kaataloogii maqaa barreessaa, fi maqaa mata dureeti. Maqaa barreessaa ykn maqaa kitaabaa yoo beekte isa tokkoon dhaqxee haala tartiiba qubee isaatiin argachuun ni danda'ama.

3. Odeeffannoo barbaannu argachuudhaaf, Kitaaba tokko jalqabaa kaasnee hanga dhumaatti dubbisuun barbaachisaa miti. Isa kanaaf, wanta lamatti gargaaramuu dandeenya. Inni tokko baafata kitaabichaa ilaallee, achi keessaa wanta barbaannu filachuu. Inni lamaffaan dabaleetti fayyadamuu. Dabaleen kan argamu dhuma kitaabarratti. Dabalee keessatti mataa duree gurguddooniif jechoonni barbaachisaa ta'an fuula kam irratti akka argaman ni kennamu.

4. Kitaabilee fi mata dureewwan dhimma barbaanuuf nu gargaaran erga filannee booda, warra filannoon keessaa warra dhiyootti maxxanfaman filachuun odeeffannoo yeroo dhiyoorratti hundoofnee hojii keenya akka miidhaguuf nu gargaara. Kitaabilee keessatti yaanni karaa lamaan calaqqisuu mala innis maddi jalqabaa, yaada barreessa isuma yaada san, burqisiise yoo ta'u, inni lammaffaan ammoo, isa yaada barreessaa jalqabaa waabeffachuun barreeffame ta'uu danda'a. Kanneen madda jalqabaa ta'aniitti fayyadamuun daraan barbaachisaadha.

5. Hojiin itti aanu erga dhimmoota kanneen keessaa baanee, yaadannoo fudhachuudha. Kunis haala lamaan ta'uu danda'a. Inni tokko yaada mataa ofiitiin gabaabsanii fudhachuu. Inni biroo yaada barreessaa akkuma jiruutti fudhachuudha. Kun karaa lamaan ta'uu danda'u. Barreeffaamni fudhannu yoo sarara afur kan hin caalle ta'e, akkuma jiruutti mallattoo waraabbii keessaa kaahuu. Barreeffamichi ammoo sarara afur kan caalu yoo ta'e, barreeffama kee tirraa gara jidduutti butte barreessita. Lamaan isaaniitiifuu maqaa barreessaafi bara kitaabichi ittii maxxanfame ni barreessita.

6. Yaadannoon haala kanaan barreeffamaa kan qindaa'e ta'uu qaba. Wanti irraanfatamuu hinqabne garuu, yoo barreeffama keessatti itti fayyadamta ta'e madda isaa tuquu hinirranfatin. Kunis kan ibsamu barreeffama qopheessite keessattiifi wabii keessatti. Wabiin barreeffama keessatti haala adda addaatiin waan taa'uuf kan misha jettu tokko filadhuu fayyadami. Dhumarratti barreeffama kee haalaan keessa deebitee gulaaluu hin irraanfatin.

## Gilgaala 2: Shaakala Yeroo Dubbisuu

A. Gaaffiiwwan armaan gadii dubbisichaarratti hundaa'uun dhugaa ykn soba jechuun deebisi.

1. Qorannoo tokko erga xumurree booda wanta barreessine irra deebi'uun yeroo fixa waan ta'eef hin barbaachisu.
2. Yaada kitaabarraa kan fudhannu karaa lamaan qofa.
3. Yaanni nuti kitaabarraa fudhannu sarara afurii gadi yoo ta'e jidduutti bunnee barreessuu qabna.
4. Barreeffama ragaaf walitti funannachuuf wanti mijatu mana kitaabaati.
5. Yaada tokko akkuma jiruun yoo fudhanne malee, fudhachuu keenya ibsuun hin barbaachisu.

B. Jechoonni armaan gadii barreeffama keessatti maal akka agarsiisan gareen irratti mari'adhaa.

1. " Isaanis' …. " keeyyata 2"
2. 'Inni' … . " keeyyata 3"
3. 'kanneen' … " keeyyata 4"
4. 'Kunis' …. " keeyyata 5"
5. 'Kunis' …. " keeyyata 6"

C. Jechoota armaan gadii hiika isaanii kenniif.

| | |
|---|---|
| 1. wabii | 2. kallattii |
| 3. xiyyeeffachuu | 4. maxxanfamuu |
| 5. dimshaasha | 6. qu'annoo |
| 7. qormaata | 8. calaqqisiisuu |
| 9. odeeffannoo | 10. seera. |

## Gilgaala 3: Shaakala Dubbisuun Boodaa

A. Gaaffiiwwan armaan gadii wanta dubbisteefi muuxannoo keerratti hundaa'uun deebisi.

1. Dhimma dubbisuuf kaate tokkorratti kitaabni tokko bara 1990 inni tokko 2005 osoo barreeffame isa kam filatta? Maaliif?
2. Faayidaan dabalee maali?
3. Mana kitaaba keessatti kitaabilee seeraan kaahuun maaliif barbaachise?
4. Kitaabni wabii jalqabaa hanga dhumaa dubbisuun hin barbaachisu. Maaliif?
5. Kaataaloogiin maali? Gosa meeqa qaba? Garaagarummaan isaanii hoo?

B. Gaaffii armaan gadii gareen hojjedhaa.

Garee gareen mana kitaabaa deemaatii kitaaba kudhan filadhaa. Qaamolee gurguddoo kitaabichaa (mata duree, barreessaa, bara itti maxxanfame fi eessatti akka maxxanfame) hubachuun gabaasa dhiyeessaa.

# JIBSOO

| | |
|---|---|
| **Bamaqa (pronoun)** | bakka maqaa bu'uudhaan tajaajila maqaa kan kennu. |
| **Dandeettii** | shaakala walirraa hincinneen osoo hintaane irraa caalaa kennaa uumamaatiin kan argamudha. |
| **Fufii (affix)** | akaakuu dhamjecha hirkataa ta'ee garee jechaa kan jijjiiru ykn tajaajila caaslugaa kan agarsiisudha. |
| **Gaalee (phrase)** | wal-hammannaa jechootaa kan hojii tokkoof dhaabatanidha. |
| **Gochibsa (adverb)** | Afaan Oromoo keessatti gochima dura galuudhaan gochima, maqibsafi gochibsa biroo kan ibsudha. |
| **Gochima (verb)** | jecha haala ykn gocha raawwatame ykn raawwatamu tokko agarsiisudha. |
| **Hennaa (tense)** | tajaajila caaslugaa kan yeroo raawwii tokkoo agarsiisudha. |
| **Hennaa Ammennaa (simple present tense)** | ammennaan gocha amma raawwatamaa jiru yookiin yeroo maraa dhugaa ta'e kan agarsiisu, yookiin gara fuula duraa raawwatamuuf jedhu mul'isa. |
| **Hennaa Amsiqaa (present continuous tense)** | amsiqaan gocha hin raawwatamne yookiin yeroo gabaabaafis ta'e yeroo dheeraadhaaf raawwatamaa jiran mul'isa. |
| **Hennaa Murannaa (simple future tense)** | gocha gara fuul-duraa raawwatamuun isaa hinoolle, garuu yeroon itti raawwatamu kan adda bahee hinbeekkamiin, ibsa. |
| **Hennaan Murannaala (indefinite future tense)** | murannaalaa garuu, gocha gara fuul-duraa raawwatamuu malu ibsa. Gochi muraannalaan ibsamu |

kun gara-fuulduraa raawwatamuu ykn raawwatamuu dhabuus nidanda'a.

| | |
|---|---|
| **Jecha diigala /tishoo/ (compound word)** | jechoonni lamaafi isaa ol walitti dhufuudhaan akka jecha tokkootti dhaabatanii hiika duraan qabanrraa hiika addaa tokko yammuu argatanidha. |
| **Maqibsa (adjective)** | Afaan Oromoo keessatti maqaa booda dufuudhaan waa'ee maqaa sanaa odeeffannnoo dabalataa kan kennudha. |
| **Ogummaa** | shaakala walirraa hincinneen (akkuma bishaan daakuufi farda gulufsiisuu) kan gonfatamudha. |